# Maxxansa Qorannoowwan Bara 2010

Mudde 2011

© Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

**Gulaalaa Maxxansichaa**

*Milkii Makuriyaa*

**Gulaaltota Qorannoowwan Maxxanfamanii**

Habtee W/Sanbat
Sulxaan Abdoo
Habtaamuu Bultii
Milkii Makuriyaa
Addunyaa Ahmad
Alamaayyoo Massalaa
Bisoo Baqqalaa
Kadir Qerrantii
Tafarii Baqqalaa

**Gulaaltuu Barreeffamaa fi Dizzaayinii**

*Naahilii Xaafaa*

*@2011*

## Gabaajee

| | |
|---|---|
| MMWO | Mana Murtii Waliigala Oromiyaa |
| AAWO | Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa |
| ILOQHQSO | Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa |
| SHH | Seera Hariiroo Hawaasaa |
| SDFY | Seera Deemsa Falmii Yakkaa |
| SDFHH | Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa |
| RDFI | Rippabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa |
| KTAS | Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa |
| JBAH | Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii |
| IMX | Industirii Maayikiroo Xixiqqaa |
| TQO | Teeknoloojii Qunnamtii Odeeffannoo |

## Kottoonfataa

| | |
|---|---|
| Lab | Labsii |
| Lak | Lakkoofsa |
| Kwt | Keewwata |
| W/ra | Waajjira |

**Baafata**

Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Seeraa fi Raawwii ---------- 1
*Abdii Tasfaa fi Milkii Makuriyaa*

Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa ---------- 43
*Abdii Asaffaa*

Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rakkoowwan Seeraa fi Hojmaata Mul'atan----------81
*Habtaamuu Bultii*

Sakatta'a Bu'aa Qorannoowwan Inistiityuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa----------141
*Shaambal Hordofaa fa'a N-7*

**Seensa Waliigalaa**

Danbii Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hundeessuuf bahe, danbii lakk. 77/99 keewwata 7(3) jalatti Inistiiyuutichi hojimaata qaamolee haqaa walfakkeenya (uniformity) hin qabne hambisuun kenniinsi tajaajila haqaa sadarkaa isaa eeggate bakka hundaatti akka dhugoomu qorannoo fi qo'annoo gaggeessuudhaan yaada murtii akka burqisiisu kaa'a.

Bu'uuruma kanaan Instiitiyuutichi hojimaata sirna haqaa naannichaa hammayyeessuuf hojiiwwan qorannoo fi qo'annoo seeraa gaggeessuu irratti argama. Inistiitiyuutichi hojii kana kan raawwatu akka hojii ijoo tokkootti Daariktoreetii Qorannoo fi Qo'annoo caasaa jedhu jalatti gurmeessuuni dha. Qorannoon Daariktoreetii kanaan gaggeeffamu kamiyyuu fedhii qorannoo maamiltootaa fi dhimmamtoota irraa dhufu bu'uureffachuuni dha. Instiitiyuutichi erga hundeeffamee qorannoowwan 55 ol gaggeessee jira.

Qorannoowwan gaggeeffaman kanneen keessaa kanneen bifa gara garaatiin hojiirra oolan ni jiru. Qorannoowwan tokko tokko seerota akka naannoo keenyaatti bahan keessatti galtee ta'aniiru. Qorannoowwan murtii qaamoleen mootummaa caasaalee gara garaa hundeessuuf yookin hojimaata diriirsuuf fudhatan keessatti akka madda odeeffannootti gargaaranis ni jiru. Kaan isaanii immoo leenjiiwwan hojiirraa Instiitiyuutichi ogeessota qaamolee haqaatiif qopheessu keessatti akka galteetti gargaaraniiru.

Maxxansi qorannoowwanii kunis argannoowwan qorannoo Inistiitiyuutichaa qaamolee haqaa keenyaaf dhaqqabamaa akka ta'anii fi rakkoo sirna haqaa hiikuu keessatti gumaacha akka taasisan yaadamee kan qophaa'e dha. Bara bajata 2010 keessaa Inistiitiyuutichi qorannoowwan 6 kan gaggeesse yoo ta'u, maxxansa kana keessatti kan haammataman qorannoo 4 qofaa dha.

Qorannoowwan lamaan hafan Joornaalii Seeraa Oromiyaa Jiildii 8ffaa irratti kan maxxanfaman ta’u.

Qabiyyeen qorannoo maxxansa kana keessatti haammatame gabaabbatee kan dhiyaate yoo ta’u, guutummaan barreeffama qorannoo kanneenii weebsaaytii Inistiitiyuutichaa www.ilqso.gov.et irratti argama.

Inistiitiyuutiin keenya hirmaattota qorannichaa afgaaffii deebisuun, bargaaffii guutuun, marii garee irratti hirmaachuun, bifa gara garaatiin daataa qorannoof galtee ta’an kennuun deeggarsa taasisan ni galateeffata.

# MIRGA SHAKKAMAA FI HIMATAMAA KABACHIISUU KEESSATTI GAHEE ABBAAN ALANGAA QABU: SEERAA FI RAAWWII

Abdii Tasfaa♣

Milkii Makuriyaa♣♣

## 1. Seensa Qorannichaa

### 1.1. Dugda-duuba Qorannoo

Abbaan alangaa sirna haqa yakkaa cimaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qaba. Kana irraa kan ka'e seerotni dirqama hojii abbaa alangummaa bitan lammiilee yakka irraa tiksuuf kan kaayyeeffatan qofa osoo hin taane, bulchiinsa haqa yakkaa haqa-qabeessa (equitable) ta'e mirkaneessuuf kan dandeessisan ta'uu qabu.[1]

Dirqama abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaatti, akka ardii fi biyyaatti sanadootnii fi seerotni gara garaa bahaa turaniiru. Haa ta'u malee seerotni ykn sanadootni dhimmicha ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaatti qophaa'an humna dirqisiisaa kan hin qabne dha[2]. Kanneen keessaa: *''the Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors''* kan jedhu isa tokko dha. Sanadni kunis bara 1999 ALA'tti Waldaa Abbootii Alangaa Idil-Addunyaatiin kan qophaa'e dha. Sanadni inni

---

♣LL.B (Yunivarsiistii Baahirdaar), Kaadhimamaa LL.M (Yunivarsiitii Arsii), Qorataa Seeraa, ILOQHQSO.

♣♣LL.B (Yuunivarsiitii Haramayaa), MA (Human Rights, Yuunivarsiitii Addis Ababaa), ILOQHQSO.

[1] Guidelines on the Role of Prosecutors, Adopted by the Eighth United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders, Havana, Cuba, 27 August to 7 September 1990, Preamble.

[2] James Hamilton, Director of Public Prosecutions, Ireland, the role of public prosecutors in upholding the rule of law, 2006:1

biraa sadarkaa idil-addunyaatti bahe *''Guidelines on the Role of Prosecutors''* [3] kan jedhu yoo ta'u innis dhaabbata mootummoota gamtoomaniitiin bara 1990 ALA kan qophaa'e dha.

Sadarkaa Ardiileettis sanadootni garagaraa dhimma kana bitan qophaa'anii hojiirra jiru. Sanadoota kanneen keessaa tokko *'the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System''* kan jedhu dha. Sanadni kun yaada gorsaa gamtaa Awurooppaatiin bara 2000 ALI'tti bahe dha.[4] Qabiyyee sanadoota kanaa akka waliigalaatti yoo ilaallu abbaan alangaa dirqama hojii isaanii haqa qabeessummaan, si'oominaa fi haala mirga namoomaa lammiilee kabachiisuu danda'uun bahachuu akka qaban kan teechisani dha. Kaayyoon hojii abbaa alangaa nama yakka raawwate adabsiisuu qofa osoo hin taane haqa barbaaduu ta'u qaba.

Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessattis gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuuf qabu kan tumu seerri addatti qophaa'e yoo jiraachuu baates, gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu seerotaa fi sanadoota gara garaa keessatti teechifameera.[5] Qabiyyee seerotaa fi sanadoota kanneeniis akka waliigalaatti yeroo ilaallu mirgi namoota yakkaan shakkamanii fi himatamanii akka hin sarbamne

---

[3] *The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by the International association of Prosecutors, 1999.* Available at the website of the association: www.iap-association.org , accessed on 07/06/18

[4] The Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System, Recommendation Rec (2000)19, Adopted by the Committee of Ministers of the Council of Europe on 6 October 2000.

[5] Imaammatni Sirna Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa, Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa, Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Labsiin Hundeeffama Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa 943/2008, Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Federaalaa lakk. 44/91, Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf bahe, Qajeelfamni dambii lak.161/2005 hojiirra oolchuuf bahe qajeelfama lak. 8/2006, Maanuuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa (2008) fi Sanada JBAH Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006) kanneen adda duraan caqasamani dha.

eegumsi taasifamuufi akka qabu akkasumas shakkamtoota to'annaa jala jiran ilaalchisee haala qabiinsa isaanii fi kara seera-qabeessa ta'een to'annaa jalaa akka bahan deeggarsa taasisuu kan dabalatu dha.Ta'us, qabiyyeen seerota kanneeniin qabatamaan hammam hojiitti hiikkamaa jira inni jedhu dhimma xiyyeeffannaa argatee karoorfamee irratti hojjetamaa ture miti. Rakkoolee gama kanaan jiran adda baasuu fi furmaata akeekuuf qorannoon armaan dura gaggeeffames hin jiru. Kanaaf, qorannoon kun rakkoo seeraa fi hojimaataa gama kanaan mul'atan sakatta'uun kallattii furmaata teechisuun barbaachisaadha ka'uumsa jedhuun kan gaggeeffame dha.

## 1.2. Gaaffilee Qorannoo

- Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii kennuuf kan gaggeeffame dha.
- Abbaan alangaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa haala guutuu ta'een akka kabajuufi kabachisiisu sirni dirqiisuu fi eegumsa kennuuf ni jiraa?
- Yeroo qorannaan yakkaa gaggeeffamu, yeroo falmiin yakkaa taasifamuu fi kenniinsa murtii adabbii keessatti mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamu abbootiin alangaa gahee isaan irraa eegamu hagam bahatu?
- Rakkoolee kabajamuu mirga namoomaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa waliin wal qabatee abbaan alangaa gahee isaa bahaachuu dhabuuf furmaata akkamiitu barbaachisa?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee gooroo fi gooree armaan gadii qaba. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka

kabajamuuf abbaan alangaa qixa sanadoota idil-addunyaa, seerota biyyaa fi naannoo keenyaatiin isarraa eegamu hangam bahachaa akka jiru sakatta'uu fi hanqinaalee seeraa fi hojimaataa jiran adda baasuun kallattii furmaataa kaa'uu dha. Kaayyoowwan gooree qorannoon kun qabatee ka'e kanneen armaan gadii ti:

- Sadarkaa qorannoo yakkaatti, himannaa hundeessuu fi falmii gaggeessuutti sababa gahee ofii bahachuu dhabuu abbaa alangaatiin mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa haalli itti sarbamu yoo jiraate adda baasuu;

- Abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuuf akka hin dandeenye sababootni taasisan yoo jiraatan sakatta'uu;

- Mirgi namoomaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa yeroo sarbametti gama abbaa alangaatiin tarkaanfiin fudhatamaa jiru maal akka fakkaatu adda baasuu;

- Qajeelfamni ykn istaandardiiwwan hojii abbaa alangaa ittiin gaggeeffamu mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamu taassisuuf hangam akka gargaaran madaaluu;

- Hojiin mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu hooggansa sadarkaa sadarkaan jiruun hangam xiyyeeffannoo argatee akka hoogganamaa jiru adda baasuu;

- Sababa gara garaatiin mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa yoo sarbame tarkaanfiin seeraan ykn hojimaataan fudhatamu maal akka ta'e adda baasuu; kanneen jedhani dha.

## 1.4. Daangaa Qorannichaa

Qorannichi godinaalee naannoo Oromiyaa filataman irratti kan daanga'u ta'a. Hojii fi itti gaafatamummaa abbaa alangummaa kallattii kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatin jiru irratti qofa kan xiyyeeffate dha. Kana jechuun qorannichi mirga himataan yakkaa murtii dhumaa erga argate booda qabu hin sakattaane. Qorannoon kun mirga namoota murtii dhumaa argatanii kan dabalate miti. Kana malees, qorannichi gahee abbaa alangaa idilee malee kan abbaa alangaa Biiroo Galiiwwanii yookin Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa kan uwwisu miti. Kana malees, qorannichi labsii yeroo ariifachiisaatiin walqabatee raawwii abbaa alangaa ture hin sakattaane.

## 1.5. Mala Qorannoo

Gaaffilee qorannichi qabatee ka'e deebisuuf malli qorannoo akkamtaa fi hammamtaa waliin hojiirra oolfameera. Hirmaattotni bar-gaaffii guutan abbootii alangaa, abbootii seeraa fi qorattoota poolisii sadarkaa aanaa hanga naannoo jirani dha. Daataan bargaaffi kan guutame abbootii alangaa 70'n, abbootii seeraa 56 fi qorattoota poolisii 61'ni dha. Waliigalatti hirmaattotni 187 bar-gaaffii guutaniiru. Af-gaaffiin hooggantoota qaamolee haqaa fi abukaattota dhuunfaa fi mootummaa waliigalatti hirmaattota 76 waliin kan gaggeeffame yoo ta'u, mariin garee immoo sirreeffamtoota seeraa waliin kan gaggeeffame dha. Hirmaattotni marii garee sirreeffamtoota mara keessaa eddattoo akka feeteedhaan (random sampling) kan filataman yoo ta'u godinaalee torban keessattuu mariin garee tokko tokko waliigalatti mariin garee 7 gaggeeffameera. Galmeewwan daawwatamanis waliigalatti 70 yoo ta'an, galmeelee idilee murtii argatanii cufaman, galmeelee mirgi wabiifi yeroon beellamaa irratti gaafatame, fi kkf dha. Hog-barruulee fi sanadootni sadarkaa idil addunyaa fi seerotni keenya dhimma qorannichaa waliin kallattiin walqabatanis xiinxalamanii jiru. Gabaasa raawwii fi karoora hojiis

ilaaluuf yaalameera. hanqina seerota akka naannoo keenyatti raawwatiinsa qaban keessa jiru agarsiisuu fi yaadota furmaataa qorannichi teechisuu qabuufis yaadota galtee ta'an agarsiiseera.

Qaamoleen daataan irraa funaanames akka naannootti Mana Murtii Waliigalaa, W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa (Yeroo qorannichi gaggeeffamutti "Biiroo Haqaa Oromiyaa" jedhamee kan waamamu), Komishinii Poolisii Oromiyaa fi Komishinii Manneen Sirreessaa kan dabalate dha. Godinaalee Oromiyaa torbaa[6] fi aanota isaan jala jiran 14 filataman irraa daataan funaanameera. Godinaalee fi aanaaleen kunneen kallattiiwwan mara (giddu-galeessa, baha, lixa, kaabaa fi kibba) irraa haala naannicha bakka bu'uu danda'aniin kan filatamani dha.

## 1.6. CAASEFFAMA QORANNICHAA

Qorannichi kutaa afuritti kan qoodame dha. Kutaa tokkoffaan seensa qorannichaa olitti ilaalame yoo ta'u, kutaan lammaffaan sakatta'a hogbarruu fi seerotaati. Kutaa sadaffaan xiinxala daataa haala qabatamaa naannoo keenyaa agarsiisu dha. Kutaa afraffaa fi inni dhumaa argannoowwan gurguddoon qorannichaa akka yaada guduunfaatti bakka itti dhiyaatanii fi furmaatawwan akeekaman kan agarsiisu dha.

[6] Godinoota Shawaa Lixaa, Wallagga Lixaa, Jimma, Go/A/O/N/Finfinnee, Harargee Lixaa, Arsii Lixaa fi Shawaa Bahaa.

## 2. Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Sakatta'iinsa Sanadoota Idil-Addunyaa Fi Seerota Biyya Keessaa

### 2.1. Sakatta'iinsa Sanadoota Idil-Addunyaa

#### a. Yaadota Waliigalaa

Gaheen hojii abbaa alangummaa biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qabu dha. Sanadootni sadarkaa idil-addunyaa fi akka ardiileetti jiran ga'ee hojii abbaa alangaa bifa garagaraatiin teechisaniiru. Sanadni Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaa gaheen abbaa alangaa adeemsa himannaa yakkaa fi foyya'iinsa haqa yakkaa bulchuu irratti kan xiyyeeffatu akka ta'uu qabu kaa'a[7]. Sanadni kun dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu qofa akka hin taane ifatti teechiseera[8]. Kana malees abbaan alangaa dantaa dhuunfaa ykn siyaasaa argamu giddu galeessa godhatee himannaa hundeessuu hin qabu jechuun ni kaa'a.[9]

Sanadni gamtaa Awurooppaatiin gahee abbaa alangaa teechisuuf qophaa'e immoo abbaan alangaa qaama mootummaa dantaa uummataa bakka bu'uun namootni seera cabsan akka itti gaafataman taasisu akka ta'e teechiseera. Gahee isaa kanas yoo bahatu kabajamuu mirga shakkamaa ykn himatamaa yakkaa fi bu'a qabeessummaa sirna haqa yakkaa haala mirkaneessuuf ta'uu akka qabu sanadni kun teechiseera[10]. Ulaagaa shakkamaa ni fayyadaa yookiin hin fayyadu jedhu xiyyeeffannaa keessa osoo hin galchiin adeemsa qorannaa

---

[7] Prosecution Function, Criminal Justice Section Standards; ABA, available at: https://www.americanbar.org/publications/criminal_justice_section_archive/crimjust_standards_pfun_blkold.html, gaafa 18/01/2010 kan ilaalame, standard 3- 1.2

[8] ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, Standard 3- 1.2 /c/

[9] ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, Standard 3- 3.9 :(d)

[10] EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, Paragraph. 1.

fi himannaa yakkaa keessatti taateewwaan raawwii yakkaa waliin wal qabatan kamiyyuu adda baafachuuf abbaan alangaa itti adeemuu qaba[11].

Kana malees, dirqama hojii isaa yeroo bahatutti seerotni bu'uuraa fi adeemsaa haqa kan jallisan ykn haqa argamsiisuuf gahaa kan hin taane yoo ta'an tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu gaafachuuf abbaan alangaa itti gaafatamummaa akka qabu sanadootni teechisanis ni jiru.[12]

Biyyoota sirna seeraa *siivilii* fi *koomanii* hordofan gidduuttis gaheen hojii abbaa alangummaa garaagarummaa kan qabu dha. Sirna seeraa *siiviilii* keessatti himatamaa adabsiisuun akka dirqama abbaa alangaatti kan ilaalamu miti. Kanarraa kan ka'e ragaa himatamaa fayyadu yoo arge himatamaaf ykn abukatoo himatamaf ifa gochuun irraa eegama. Gama biraatiin, sirna seeraa *koomanii* keessatti abbaan alangaa dirqama bifa kanaa hin qabu.[13]

Gaheen hojii abbaa alangaa biyyaa biyyatti garaagarummaa yoo qabaate illee mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti ga'een qabaatan akka waliigalaatti olaanaa akka ta'e hubachuun barbaachisaa dha. Abbaan alangaa mirgi namoomaa lammiilee qaama biraatiin akka hin sarbamne qaama waardiyyaa dhaabatu dha. Kunis abbaan alangaa dantaa hawaasa bal'aatiif qofa kan dhaabatu osoo hin taane shakkamtoota yakkaa dabalatee kabajamuu mirga nama dhuunfaatiifis dirqama akka qabu kan agarsiisuu dha[14]. Sanadoota idil-addunyaa fi sadarkaa aardiileetti gahee abbaa alangaa ilaalichisee bahan keessaa isaan gurguddoo akka armaan gadiitti ilaalla.

---

[11] EU Recommendation, Kanuma olii, paragraph. 26
[12] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standards 3-1.2/d/
[13] Chandrasekharan Pillai, Journal of Indian law Institute, Vol 50: 631.
[14] EU Convention on Human Rights, art. 5 and 6.

Sanadoota sadarkaa idil-addunyaatti jiran keessaa tokko kan Waldaa Abbootii Alangaa Idil-Addunyaatiin Qophaa'e dha. Sanadni kun *"The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors"* jedhamee kan beekamu yoo ta'u, bara 1999 ALA'tti Waldaa Abbootii Alangaa Idil-Addunyaatiin (International Association of Prosecutors) kan qophaa'e dha. Sanadni kun tajaajilli abbaa alangummaa bifa kamiin gaggeeffamuu akka qabu sadarkaa addunyaatti muuxannoo gaarii ta'uuf, biyyootnis sanadoota haala raawwii abbaa alangaa isaanii yeroo baafatan jajjabeessuuf akkasumas abbaan alangaa dhuunfaan akka qajeelfama hojii isaatti akka gargaaramuu danda'u yaadamee sanada qophaa'e dha. Sanadichi abbaan alangaa hojii isaa yeroo raawwatu ogummaa isaatiif kabaja qabaachuu akka qabu, hojii isaa akka ogeessaatti (professionally) raawwachuu akka qabu, mirga haqa argachuu himatamaatiif eegumsa gochuu akka qabu ni teechisa. Kana malees, dhimmoota abbaa alangaatiif murtiif dhiifaman (prosecutorial descretion) keessatti abbaan alangaa qaama alaa yookin siyaasaa kamiyyuu irraa bilisummaa qabaachuu akka qabu ni teechisa. Dabalataanis, abbootiin alangaa hojii isaanii yeroo raawwatan allogummaan qajeelfamuu akka qaban kan ibsu yoo ta'u, kana keessattis abbaan alangaa yeroo mara dhugaa baasuuf, manni murtiis dhugaa akka argatu deeggaruu akka qabu sanadni kun ni kaa'a.[15] Sanadichi gahee abbaan alangaa adeemsa falmii yakkaa keessatti taphachuu qabu yeroo agarsiisus, abbaan alangaa yeroo qorannaa yakkaa gaggeessu poolisii ogummaan hoogganuu akka qabuu fi qajeeltoowwan mirga namoomaa akka kabajaman hojjechuu qaba jedha. Abbaan alangaa hojii isaa sodaa kamirraayyuu bilisa ta'ee akka raawwatu

[15] The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by the International association of Prosecutors, 1999. Available: www.iap-association.org/getattachment/Resources-Documentation/IAP-Standards-(1)/English.pdf. Kwt 3.

eegumsi gahaan taasifamuufi akka qabuu fi kanaan walqabatees dirqama ogummaa isaa sababa bahateen itti-gaafatamummaa bulchiinsaa, hariiroo hawaasaa fi yakkaatiif saaxilamuu akka hin qabne akkasumas himannaan naamusaa yeroo irratti dhiyaatu mirgi dhagahamuu fi murtii haqa-qabeessa argachuu isaa akka kabajamuu qabu kaa'eera.[16]

Sanadni sadarkaa idil-addunyaatti jiru inni biraa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin kan qophaa'e dha. Sanadni kun *''Guidelines on the Role of Prosecutors''* kan jedhamu yoo ta'u innis Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin bara 1990 ALA'tti kan qophaa'e dha. Sanadichi sirni calallii abbaa alangaa gahuumsa qofa malee ilaalcha siyaasaa fi ulaagaawwan loogii-qabeessa biroo bu'uureffachuu akka hin qabnee fi abbaan alangaa erga qacaramees gahee isaa irratti hubannoo gahaa akka qabaatu leenjiiwwaniin deeggaramuu akka qabu ni kaa'a. Kana malees, sanadichi eegumsa abbaa alangaa fi maatii isaatiif taasifamuu qabuu fi bilisummaa yaada ofii ibsachuu fi waldaan gurmaa'uuf abbaan alangaa mirga akka qabu ni ibsa.[17] Abbaan alanga akka qaama dantaa uummataa bakka bu'uutti qorannoo yakkaa fi raawwii murtii adabbii mana murtiin kennamu olaantummaan hoogganuu akka qabu, loogii bifa kamiiyyuu raawwachuu irraa of-qusachuu akka qabuu fi iccitii eeggamuu qabu eeguuf dirqama akka qabu sanadichi kaa'eera. Kana malees, abbaan alangaa yeroo barbaachisaa ta'etti, himannaa addaan kutuuf, dhimmicha mala aadaatiin akka ilaalamu taasisuuf hayyamuu akka qabu, tarkaanfiin naamusaa abbaa alangaa irratti fudhatamu qaama bilisa ta'een akka keessa deebiin ilaalamuu qabu kaa'eera.[18]

---

[16] The IAP Standards, Kanuma olii, Kw. 6/f/
[17] The UN Guidelines, Olitti yaadannoo lakk.1, kwt 1-9.
[18] The UN Guidelines, Kanuma olii, kwt 10-21.

Sanadoota sadarkaa aardiitti bahan keessaa immoo sanadni Gamtaa Awurooppaatiin qophaa'e beekamaa dha. **S**anadichi *''the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System''* mata duree jedhuun kan qophaa'e yoo ta'u, sanadni kun yaada gorsaa gamtaa Awurooppaatiin bara 2000 ALI'tti bahe dha. Sanadichi jijjiirraan, guddinni abbaa alangaa ulaagaa ifa ta'e k an bu'uureffateefi loogiif saaxilamaa ta'uu akka hin qabne kaa'a. Kana malees abbaan alangaa ajajni hojii kennamuuf bifa barreeffamaatiin akka isa dhaqqabu gaafachuufi ajajni isaa kennames seera waliin yookin sammuu isaatiif fudhatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e abbaan alangaa kan biraa dhimmicha akka qabatu sirni dandeessisu jiraachuu qaba jechuun teechiseera.[19] Sanadni kun hariiroo abbaan alangaa poolisii waliin qabaachuu qabu bal'inaan kan teechise yoo ta'u, abbaan alangaa seera-qabeessummaa qorannoo gaggeeffamuu qorachuufi himannaan akka itti fufu yookin jalqabu murteessuufis aangoo qabaachuu akka qaban ni kaa'a.[20]

### b. Dirqama Abbaan Alangaa Himannaa Dura, Yeroo Himannaan Hundaa'uu fi Yeroo Falmii Mirga Shakkamaa Kabachiisuuf Qabu: Muuxannoo Sanadoota Idil-Addunyaa

#### i. Himannaa Dura

Gaheen abbaan alangaa himannaa dura qabu keessaa tokko seerummaa fi haaqummaa qorannoo hoogganuu dha. Hojiin qorannaa yakkaa adda duraan kan gaggeeffamu qorataa poolisiin yoo ta'es seerotni garagaraa qorannaa yakkaa keessatti gahee abbaa alangaa bifa garagaraatiin kaa'aniiru. Gamtaan Awurooppaa yaada gorsaa kaa'een abbaan alangaa seerummaa qorannoo

[19] EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph 1-6.
[20] EU Recommendation, Kanuma olii, paragraph 7-9.

yakkaa hoogganuu akka qabu ni kaa'a[21]. Poolisiin ajaja sakatta'iinsaa fi qabiinsaa mana murtii gaafachuun dursa abbaa alangaa beeksisuu akka qabu istaandardii hojii abbaa alangummaa ogeessota seeraa Ameerikaan bahe illee ni kaa'a.[22] Sanadootni biroos haaluma wal fakkaatuun abbaan alangaa seerummaa fi haqummaa qorannoo itti dhiyeenyaan hordofuu akka qabu ni kaa'u. Yeroo gaggeessi qorannoo adeemsa seeraa irra maqus abbootiin alangaa tarkaanfii akka fudhatan ni eeru.[23]

Gaheen inni biraa abbootiin alangaa sadarkaa kanatti qaban mirga namoomaa shakkamaan qabu hubachiisuu fi mirgi kun akka kabajamu taasisuudha. Abbaan alangaa sadarkaa dhagaha dhimmaa dura shakkamaan ykn himatamaan akkaataa sirna jiruutiin mirgi wabiidhaan gadi dhiifamuu akka eegamuuf ilaalcha qajeelummaa qabuun deeggaruu qaba.[24] Kana malees, abbaan alangaa shakkamtoota sababa dhama qabeessa malee to'annaa jala oolaniif furmaata seeraa kennuudhaaf dirqama qaba.[25] Bu'uura sanada waldaa ogeessota seeraa Ameerikaa /ABA/'n qophaa'eetiin abbaan alangaa shakkamaan gorsaa seeraatiin bakka bu'amuu akka qabu gorsuuf dirqama qaba. Dabalataanis adeemsa himatamaan tajaajila kana itti argachuu danda'u hubachiisuu fi carraa kana himatamaan argachuu kan danda'u ta'uu isaa mirkaneeffachuuf dirqama qaba.[26]

Kana malees, abbaan alangaa ragaa mirga namoomaa shakkamaa ykn himatamaa sarbuun argame bu'ureeffachuun himannaa hundeessuu hin

---

[21] EU Recommendation, Kanuma olii, paragraph 21
[22] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-3.4
[23] UN Guideline, Olitti Yaadannoo lakk.1, paragraph 11.
[24] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, standard 3.3.10/b/
[25]UN doc. E/CN.4/1999/63, Report of the Working Group on Arbitrary Detention; kan argamu: http://www.ohchr.org/Documents/Publications/training9chapter5en.pdf ; kan ilaalame, 27/11/2017.
[26] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-3.10:

qabu. Qaama gocha seeraan alaa kana raawwachuun ragaa qindeesse seera fulduratti dhiyeessuun tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu taasisuufis dirqama qaba.[27] Akkasumas, abbaan alangaa himannaa hundeessuuf sababni isa dandeessisu yoo jiraachuu baate ykn ragaan gahaa fudhatamummaa qabu yoo hin jiraanne himannaa hundeessuun irra hin jiraatu.[28] Abbaan alangaa balleessummaa shakkamaa irratti shakkii dhama qabeessa yoo qabaate himannaa akka hundeessuuf hogganaa isaatiin hin dirqisiifamu.[29] Abbaan alangaa hojii isaatiin wal qabatee qajeelfamni kennamuuf kamiyyuu barreeffamaan akka ta'u gaafachuuf mirga ni qaba. Qajeelfamni hojii kennameef seeraan kan wal hin simne ta'ee yoo itti mul'ate ykn sammuu /conscience/ isaatiin kan wal dhahu yoo ta'e adeemsi galmeen sun abbaa alangaa biraatiif ittin dabarfamee kennamu jiraachuu qaba. Qajeelfamni ykn ajajni abbaa alangaatiif qaama aangoo qabuun kennamus iftoominaa fi bu'uura seeraa kan qabu ta'uu qaba[30]. Abbaan alangaa dirqama isaa bahuun wal qabatee hojii raawwatuuf himannaa siviilii, yakkaa fi itti gaafatamummaa biroo irraa bilisa akka ta'uu gochuu kan dabalatuu dha.[31]

### ii. Himannaa Hundeessuu fi Komii Oliyyannoo Qopheessuu Keessatti

Yeroo yakki raawwatamee argamutti kan adabamuu qabu kutaa xin-sammuu yakkamaati. Namni yakka raawwates yakka raawwate sana qofaaf adabamuu qaba. Abbaan alangaa firii fi ijoo seeraa dogongoraa irratti hundaa'uun himannaa hundeessuu akkasumas komii oliyyannoo qopheessuu hin qabu. Kana malees bay'inni himannaa akkasumas ulfaatinni yakkaa himannaan

[27] The IAP Standards, Olitti yaadannoo lakk. 15, paragraph 4.3
[28] UN Guideline, Olitti Yaadannoo lakk.1, paragraph 14
[29] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3- 3.9 :(c)
[30] The IAP Standards, Olitti yaadannoo lakk. 15, paragraph 2.
[31] EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraphs. 9, 10 & 11

jalatti dhiyaatuu ragaa qabatamaan kan deeggaramee ol ta'uu hin qabu.[32] Eegumsi kun himatamaan adabbii ykn tarkaanfii hin malleef akka hin saaxilamne kan taasifamu dha.

### iii. Sadarkaa Gaggeessa Falmiitti

Gaheen abbaan alangaa sadarkaa gaggeessa falmiitti taphachuu qabu tokko ragaa sobaatin wal qabatee tarkaanfii fudhatamuu qabu dha. Abbaan alangaa ragaa barruu ykn namaa soba ta'uusaa osoo beekuu dhadachaaf dhiyeessuu hin qabu. Ragaaleen kun erga dhiyaatan boodas soba ta'uu yeroo baretti ragaa soba ta'ee argame akka haqamu gochuu qaba[33]. Fudhatamummaa ragaa dhiyaate irratti shakkii yoo qabaate ragaa kana irratti manni murtii jala murtii akka itti kennu ni gaafata[34]. Kana malees, abbaan alangaa himannaa itti fufsisuuf sababni isa dandeessisu yoo jiraachuu baate ykn ragaan gahaa fudhatamummaa qabu yoo hin jiraanne himannaa isaa ittii fufuun irra hin jiraatu[35]. Dabalataanis, ragaan dhiyaate fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu otuu beekuu ragaa kanatti gargaaramuuf dhadacha irratti falmii hin barbaachifne taassisuu hin qabu[36].

Abbaan alangaa falmii yakkaa keessatti abukaatoo ittisaatiin yoo ka'uu baatellee seera ykn ragaa himatamaa fayyadu dhaddachaaf kaasuu qaba. Kana malees, ragaan murtii balleessummaa hambisuu danda'u ykn yakkicha ykn

[32] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3- 2.8 & Standard 3-3.9 (f)
[33] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-5.6
[34] EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph 28
[35] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-3.9; UN Guideline, Olitti Yaadannoo lakk.1,paragraph 14
[36] ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, standard 3-3.9 & standard 3-5.6

adabbii salphisuu danda'u jiraachuu isaa battala baretti abukaatoo ittisaa yookin himatamaa beeksisuu qaba[37].

Gama biraatiin, abbaan alangaa walitti dhufeenya abukaatoo ittisaa fi ragootaa gufachiisuu hin qabu. Namoota ragaa ittisaa ta'uu danda'anis ragaa ittisaa akka hin taaneef gorsuu hin qabu. Gaaffileen qaxxaamuraa gama abbaa alangaatiin gaafatamanis haqummaa kan qaban, kabaja ragaa ittisaa kan hin tuqne, doorsisaa fi dhaadachuu irraa bilisa kan ta'an ta'uu qaba. Hanga ragaan ittisaa dhugaa raagaa jiruuttii abbaan alangaa jecha ragaa ittisaa ulfaatina dhabsiisuuf qofa gaaffii qaxxaamuraa akka meeshaatti gargaaramuu hin qabu[38]. Dabalataanis abbaan alangaa bilisummaa ragaa ogeessaa kabajuu qaba. Ogeessi ragaa yeroo kennutti bifa hojii abbaa alangaa gargaaruun akka kennu ogeessicha irratti dhiibbaa gochuu hin qabu[39].

Yaada mana murtiif kennamuun walqabatees abbaan alangaa firiiwwan dubbii galmee keessatti argamaniin ala itti yaadee firiiwwan dubbii biroo kaasuu fi qaama falmii isaa taasisuu hin qabu[40]. Kana malees, manni murtii murtii adabbii wal fakkaataa fi haqa qabeessa akka kennuuf abbaan alangaa yaada adabbii sirrii ta'e dhiyeessuu qaba. Ulfaatinni adabbii kennamu bu'a qabeessummaa raawwii hojii abbaa alangaa kan madaalu ta'uu hin qabu[41].

Gama biraatiin, abbaan alangaa hanga danda'amaa ta'etti sirni haqa yakkaa si'oominaan akka gaggeeffamu mirkaneeffachuuf hojjachu qaba[42]. Abbaan

---

[37] ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, Standard 3- 2.8(d) & Standard 3-3.11; The IAP Standards, Olitti yaadannoo lakk. 15, paragraph 4.3
[38]ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, Standard 3-3.1 and Standard 3-5.7.
[39]ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, standard 3-3.1
[40] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-5.9
[41] ABA Prosecutions Standards; Kanuma olii, Standard 3-6.1 & Standard 3-6.2; EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph 20
[42] EU Recommendation, Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph 28/c/

alangaa qorannaa yeroo sababaawaa ta'e keessatti akka xumuramuuf hoogganuu, erga qorannaan xumurameen boodatti yeroo gabaabaa keessatti himannaa hundeessuun kabajamuu mirga ariitiin murtii argachuu himatamaaf gahee isaa bahaachuu qaba[43].

## 2.2. Sakatta'a Seerotaa Fi Sanadoota Biyya Keessaa

Seerotaa fi sanadoota biyyoolleessaa fi naannoo keenyaa dhimma qorannoon kun qabatee ka'e waliin rogummaa qaban keessaa tokko Heera Mootummaa RDFI ti. Heerri mootummaa kun gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabu ifatti tarreeffamaan teechisuu yoo baatellee, mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa sadarkaa kamitti bifa kamiin kabajamuu akka qabu ni kaa'a. Heerri kun mirgoota bu'uuraa namootni to'annaa jala oolanii fi hidhaman qaban keewwata 19 fi 20 jalatti teechiseera. Kana malees, seerri yakkaa duubatti deebi'ee kan hin hojjenne ta'uu, mirga murtii haqaa argachuuf lammiileen qaban, mirga yakka tokkoon yeroo lama adabamuu irraa eeggamuuf lammiileen qaban, kkf of keessatti haammateera.[44]

Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahes yoo ilaalle qajeeltoowwan gurguddoo imaammatichi bu'uureffate keessaa tokko adeemsa sirna haqa yakkaa keessatti murteen kennamu yookin tarkaanfiin fudhatamu kamiyyuu, abbaa alangaatiin kan fudhatamu dabalatee, mirga namoota dhuunfaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu qaba kan jedhu dha[45]. Qajeeltoon bu'uuraa biraa gochaan kamiyyuu sirna haqa yakkaa keessatti raawwatamu duudhaalee sanadoota sadarkaa idil-addunyaatti jiran waliin haala walsimuun raawwatamuu akka qabu kan jedhu dha. Kana malees imaammatichi adeemsa

[43] ABA Prosecutions Standards; Olitti yaadannoo lakk.7, Standard 3-2.9
[44] Heera Mootummaa RDFI, 1987, kwt 19,20,22,23, 37
[45] Imaammata seera yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe, kwt 1.2, fu 1

haqa yakkaa keessatti nama yakka raawwatee fi hin raawwatne adda baasuuf xiyyeeffannoo guddaan kennamuu akka qabuu fi balleessitoota irratti adabbiin darbus madaalawaa ta'uu akka qabu kan tumu dha.[46] Qajeeltoowwan imaammata seera yakkaatiin teechifaman kunneen dirqama abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabuuf bu'uura akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Gama biraatiin akka imaammata kanaatti hojiin qorannaa hoogganuu fi hordofuun dirqama hojii abbaa alangaa waliigalaa ta'uu kaa'eera. Kana malees, abbaan alangaa hojii qorannoo ilaalchisee ajaja barbaachisaa ta'e kennuu fi seerummaa adeemsa qorannoo mirkaneessuuf aangeffameera. Qorataan poolisii kamiyyuu hojii qorannaa yakkaatin wal qabatee ajaja gama abbaa alangaatiin kennamuuf fudhachuu fi raawwachuuf dirqama qaba.[47]

Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, bara 1961 A.L.A bahes akkaataa qorannaan yakkaa gaggeeffamuufi himannaan yakkaa itti hundeeffamu akkasumas sirna falmiin ittiin gaggeeffamuu fi murtiin ittiin kennamu bal'inaan kan teechisu yoo ta'ellee, gaheen abbaa alangaa maal ta'uu akka qabu hanga barbaachisu ifatti hin agarsiifne. Ta'us seericha keewwata 8 jalatti abbaan alangaa hojii isaa yeroo raawwatutti ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa poolisiif kennuu akka danda'uu fi poolisootnis dirqama isaanii bu'uura seeraatiin kan bahatan ta'uu mirkaneeffachuuf ni aangessa. Kana malees, abbaan alangaa ragaan gahaan balleessummaa himatamaa kan mirkaneessu yoo hin taane ta'e galmee qoratamee dhiyaatuufis himannaa hundeessuu diduu kan jedhu dha.[48] Akkasumas abbaan alangaa gaaffii mirga wabii irratti

[46] Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa, kanuma olii, kwt 1.4. (b, f,g)
[47] Imaammata Seera Yakkaa Itoophiyaa, kanuma olii, kwt 3.5; fuula 10.
[48] Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, Lab.Lak.185/196, kwt 38 fi 42/1/.

yaada qabu akka kennu seerichi ni teechisa.[49] Abbaan alangaa himannaa yeroo hundeessus argannoo qorannoo gaggeeffamee bu'uureffatee ta'uu akka qabu,[50] akkasumas yaadni adabbii salphisu yoo jiraate kaasuu akka qabu seerri kun aangesseera[51].

Labsii Abbaa Alangaa Muummichaa RDF Itoophiyaa hundeessuuf bahes yoo ilaalle abbaan alangaa namoota buufata poolisii fi mana sirreessaa keessatti to'annaa jala jiran daawwachuun haalli qabiinsaa fi turtii isaanii bu'uura seeraatiin kan raawwatame ta'uu akkasumas gochaan seeraan ala ta'e yeroo isa quunname akka sirreeffamu akka taasisu kaa'eera[52]. Kana malees, labsichi keewwata 16 jalatti Abbaan Alangaa seera qofa bu'uureffachuun jiddu-lixxummaa qaama kamiyyuu irraa bilisa ta'ee dirqamaa fi aangoo isaa bahachuu akka qabuufi namni kamiyyuu abbootiin alangaa hojii isaanii bilisa ta'anii akka hin raawwanne gidduu lixe adabbii cimaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii kan adabamu akka ta'e labsichi keewwata 24/1/ jalatti ni kaa'a. Eegumsi biraa abbaa alangaatiif labsii kanaan keewwata 16/3/ jalatti teechifame abbaan alangaa yeroo aangoo fi gahee seeraan kennameef bahachaa jiran miidhaa qaqqabuuf itti-gaafatamummaa seeraa kan hin qabne ta'uu isaaniiti.

Seerota sadarkaa naannootti dhimma kanaan wal qabatanii bahan keessattis gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabu hedduun teechifamaniiru. Gaheewwan kanneen keessaa gurguddoon: mirga namoomaa fi kabaja namootaa tuquu irraa of qusachuu, ragaa barreeffamaan kaa'ame ta'e jedhee gara sobaatti geeddaruu yookiin

[49] Seera Deemsa Falmii Yakkaa, Kanuma olii, kwt 66.
[50] Seera Deemsa Falmii Yakkaa, Kanuma olii, kwt 109.
[51] Seera Deemsa Falmii Yakkaa, Kanuma olii, kwt 149/3/
[52] Labsii Abbaa Alangaa Waliigalaa RDFI hundeessuuf bahe, Lab. Lak. 943/2008 keewwata 6(8)C.

ragaa sobaatiin fayyadamuu irraa of qusachuu, falmii yakkaa dhaddacha irratti haala ogummaan irraa eeguun falmuu dhabuu irraa of qusachuu, keewwata badii hin madaalleen himata hundeessuu irraa of qusachuu, sababa gahaa fi qabatamaa hin taaneen hojii lafa irra harkiisuu irraa of qusachuu, nama himatamuu hin qabne himachuu irraa of qusachuu, loogii irraa bilisa ta'uun hojii isaanii raawwachuu, qajeeltoo akka nama qulqulluutti tilmaamamuu shakkamaa kabajuu,[53] fa'a caqasuun ni danda'ama.

Maanuuwaaliin Raawwii Hojii Abbootii Alangaa bara 2008 bahes ragaa gahaan jiraachuu isaa erga mirkaneesseen booda qofa himata dhiheessuu, ragaawwaan harka isaa jiru yeroo barbaachisaa ta'e keessaatti himatamaadhaaf beeksiisuu, ragaawwaan mirga namoomaa himatamaa sarbuudhaan argaman kufaa taasisuu fi namoota seera cabsan irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasisuu, qabiinsi namoota to'atamanii hordofuu fi tarkaanfii fudhachuu, fi kkf[54] akka dirqama abbaa alangaa irraa eeggaman ta'uu teechiseera.

Sanada Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee bara 2006 qophaa'e keessattis abbaan alangaa qabiinsa mirgoota namoomaa hordofuu fi bakka mirgi namaa cabee argametti qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuu akka danda'u teechifameera.[55] Sanadichi gahee waliinii abbaa alangaa fi poolisiif kennaman jechuun qabxiilee teechise keessaas gaaffii mirga wabii bu'uura seera adeemsa falmii yakkaa kewwata 28'tiin kennamu irratti waliin ni murteessu kan jedhu isa tokko dha. Akkasumas namootni qabaman ykn hidhaman mirgi isaanii akka

[53] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak.161 /2005, Kwt 65, 78
[54] Maanuwalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa, 2008, Keewwata 6, 9, 19,53
[55] Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006), mata duree 2.2.2 (j), fu.21

kabajamu ni hojjetu, akkasumas namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamne ykn akka hin hidhamne of eeggannoo barbaachisaa ta'e ni taasisu[56] jechuun kaa'eera.

## 3. Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Xiinxala Seeraa fi Hojimaataa

### 3.1. Hanqinaalee Seerotaa

Haguuggiin seerota biyyaa fi naannoo keenyaatiin dhimma kanaaf kenname akkuma armaan olitti ilaalle gaarii ta'us, hanqinaaleen mul'atan tokko tokko akka mul'atan hubachuun ni danda'ama. Daangaa bilisummaa ogummaa abbaa alangaa dhuunfaa fi dhaabbataa ilaalchisee haariiroo fi walitti dhufeenyi qaamolee abbaa alangaa sadarkaa garagaraa irra jiran seera ifa ta'een kan daanga'ee fi itti gaafatamummaa illee kan hordoofsisu ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, ajajni qaama olaanaa irraa kennamuuf barreeffamaan akka ta'u gaafachuuf seerri abbaa alangaa akka mirgaatti gaafachuu dandeessisu hin jiru. Kana malees, sirna jiruun abbaan alangaa eeruu dhiyaate hin himachiisu jedhee cufuuf paanaaliif dhiyeessuu qaba. Paanaaliin kun ni himachiisa jedhee yoo murteesse abbaan alangaa galmee qorataa ture yoo itti amanuu baate illee himachuuf ni dirqama.

Akkasumas dirqamootni abbaan alangaa mirga shakkamaa yakkaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabu hedduun isaanii kan haammataman Maanuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa bara 2008 bahe keessatti dha. Manuwaalii kana hojiirra oolchuuf kaka'uumsi hooggansas ta'e ogeessa sadarkaa naannoo hanga aanaa jiru biratti mul'atu gadi aanaa dha.[57] Kana malees, maanuwaalichi bifa seeraatiin kan qophaa'e waan hin taaneef humni

[56] Sanada JBAH, 2006, 2.2.1 (b,c), fu.21
[57] Guutuu Oljiraa, It/Ga/W/A/A/Go/W/Lixaa, Af-gaaffii guyyaa 10/05/10 taasifame.

dirqisiisuu isaa laafaa dha. Kunis abbootiin alangaa bu'uura maanuwaalichaan dirqama isaanii bahuu dhabuun akka itti-gaafatamummaa hordofsiisutti akka hin ilaalle kan taasise dha.

Seerota akka naannoo keenyaatti jiraniin walqabatee hanqinni biraa mul'atu abbootii alangaa dhugaa bu'uureffachuun himatamaan haqa akka argatu deeggaraniif uwwisni seeraa eegumsa godhuuf haala gahaa fi ifa ta'een kan hin jirre ta'uu dha. Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfiin naamusaa yookin bulchiinsaa sababa kanaan yeroo irratti fudhatamu gara qaama walaba ta'eetti, fakkeenyaaf mana murtiitti sirni komii isaa ittiin dhiyeeffachuu danda'u hin jiru. Tarkaanfiin gumii waliigalaan fudhatame irratti komiin dhiyaatu koreedhuma hogganaa mana hojichaatiin walitti qabamuun kan ilaalamu dha. Kunis carraa abbootiin alangaa mirga isaanii kabachiisuuf qaban kan dhiphisu waan ta'eef hojii isaanii mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuun walqabatus bilisummaadhaan akka hin raawwanne kan taasisu dha.

## 3.2. Xiinxala Hojimaataa

### 3.2.1. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Qorannaa Yakkaatti

Gaheen abbaan alangaa sadarkaa kanatti akka taphatu irraa eeggamu tokko mirgoota bu'uuraa shakkamtoota yakkaa hubachiisuu fi kabachiisuudhaan kan walqabatu dha. Sanadootni itti-gaafatamummaa abbaa alangaa tumuuf sadarkaa gara garaatti qophaa'anii fi boqonnaa lama jalatti ilaalamanis abbaan alangaa mirgoota bu'uuraa kanneen shakkamaa hubachiisuu fi mirgoota kanneenitti akka fayyadamu deeggaruuf dirqama akka qabu kaa'uu ibsameera. Qabatama haala naannoo abbootiin alangaa yeroo hedduu yeroo himatamaan jecha isaa kennu shakkamaa bakka sanatti argamuun mirgi shakkamaa kabajamuu ni hordofu. Ta'us, bakka abbootiin alangaa hin jirreetti shakkamaan jecha isaa akka kennu yeroon taasifamus jiraachuu fi kunis %18

kan gahu ta'uu daataan bargaaffii ni agarsiisa. Daataan afgaaffii fi marii garee irraa argames, keessattuu shakkamaa yakka cimaa raawwate jedhamee yaadame mirgoota bu'uuraa isaa hubachiisuu fi kabachiisuuf tattaafffiin gama abbaa alangaatiin taasifamu hedduu akka hin jirre agarsiisa.[58]

Gaheen abbaan alangaa sadarkaa kanatti akka bahatu irraa eeggamu inni kan biraa namootni ragaa gahaa malee to'annaa jala akka hin oolle taasisuu fi namoota seeraan ala to'atamanii argamaniif furmaata kennuu dha. Akka waliigalaatti, qabatama gama kanaan jiru yeroo ilaallu to'annaan abbootiin alangaa taasisan sadarkaa gaarii irra jiraachuu agarsiisa. Haa ta'u malee, hirmaattoota bargaaffii guutan keessaa 48.3% kan ta'an gahuumsa hojii abbaan alangaa gama kanaan hojjete sadarkaa giddu galeessaa fi isaa gadi jechuun sadarkeessaniiru. Hanqina ijoo gama kanaan mul'atu hirmaattotni afgaaffii deebisan yeroo ibsan, namoota sababa siyaasaatiin to'annaa jala oolaniin walqabatee abbaan alangaa daawwannaa taasisuufillee sodaa akka qaban kaasu.[59] Sirreeffamtootni seeraa hirmaattota marii garee ta'anis abbaan alangaa yeroo daawwannaa taasisan gochaawwan seeraan alaa gama poolisiin raawwataman jiraachuu yoo hubatanillee, tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu dhabuun jiraachuu ni ibsu.[60]

Gaheen abbaan alangaa sadarkaa kanatti bahachuu qabu tokko mirga wabii shakkamtootaatiin walqabata. Daataan bargaaffii gaaffii *"Poolisiin namoota*

---

[58] Masarat Guutamaa, I/G W/H (W/A/A)/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee, Pheexiroos Maammoo, I/G/W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii 03/05/10 taassifame; Marii garee sirreeffamtoota seeraa namoota saddeet waliin Mana Sirreessaa Godina Jimmaa gaafa 21/05/10 gaggeeffame; Marii garee sirreeffamtoota seeraa namoota saddeet waliin Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa, gaafa 03/05/10 gaggeeffame.

[59] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qa/Po/Go/SH/Lixaatti, A/A/H/Q/Y/M/H/K, Guyyaa 02/05/10; Zarihuun Baqqala, A/H/R/Murtee fi Sir/Se/Ma/Am/Sir/Go/Sh/Lixaa Af-gaaffii guyyaa 03/05//10 gaggeeffame

[60] Marii sirreeffamtoota seeraa Go/Arsii Lixaa Aanaa shaallaa waliin taasifame.

*bu'uura SDFY kwt. 28 tin mirgi wabii eegamuufii qabu yoo dhorke abbaan alangaa qaamni dhimmi isaa ilaallatu dhimmicha qoratee akka qulqulleessu hangam taasisa?''* jedhu gaafatamee kan ture yoo ta'u, hirmaattootni 42% tattaaffii abbaa alangaa olaanaa fi daran olaanaa jechuun sadarkeessaniiru. Hirmaattotni 27.5% ta'an immoo giddu galeessa yoo jedhan, 30.4% kan ta'an tattaaffiin abbaa alangaa gadi aanaa fi daran gadi aanaa ta'uu ibsu. Daataan kunis hirmaattotni garri caalaan abbaan alangaa gama kanaan tattaaffi isarraa eeggamu taasisaa jira jedhani kan hin amanne ta'uu agarsiisa. Hirmaattotni afgaaffii deebisanis abbaan alangaa shakkamaan bu'uura SDFY kwt. 28 tiin mirgi wabii akka eegamuuf yoo barbaadellee, poolisiin diduun yeroo shakkamaa to'annaa jala tursiisu kan jiru ta'uu [61] fi abbaan alangaas tarkaanfiin fudhachuu irratti laafina qabaachuu ibsu.[62]

Qabxiin biraa bakka kanatti ka'uu qabu himatamaan ragaa sobaatiin akkaa hin himatamne abbaan alangaa hangam of-eeggannoo barbaachisaa taasisa? kan jedhu dha. Qabatamni jiru abbootiin alangaa dhugummaa ragaa isaaniif dhiyaatuutiif xiyyeeffannaa gahaa kennuu dhabuu[63], bakka yakki dalagametti argamuun qorannaa gadi fageenya qabu gaggeessuu irratti hojjechuu dhabuu[64], abbootiin alangaa ogummaa qorannoo gahaa dhabuu[65] fi kkf irraa

[61] Pheexiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 taassifame

[62] Pheexiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 taassifame

[63]Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Af-gaaffii Guyyaa 02/05/10; Pheexiroos Maammoo, I/G/ W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af-gaaffii 03/05/10 taassifame; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, af-gaaffii Guyyaa 07/05/10 gaggeeffame.

[64] Yooseef Abbaba, W/ra Abbaa AlangaaWaliigalaatti B/B/A/A/H/M/H/K, af-gaaffii gaafa 26/07/10 gaggeeffame; Marii Obboo Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa fi Obboo Eebbisaa Badhaadhaa abbaa seeraa; Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H (W/A/A)/Aanaa Amboo, 02/05/10 taassifamee **,** Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa T/Kuttayee, gaafa 03/05/10 MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10; Shamaamee Taaddasaa, Pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame.

kan ka'e keessattuu yakkoota gareen raawwatamanii[66] fi dhimmoota dantaan mootummaa keessa jiru[67] fa'a irratti abbaan alangaa ragaa sobaatiin namoota yeroon himatan jiraachuu afgaaffiin gaggeeffame ni agarsiisa. Galmeewwan mana murtii sakatta'amanis abbaan alangaa ragaa sobaa bu'uureffachuun himannaa yeroon hundeessu akka jiru ni agarsiisu.[68]

Qabxiin biraa bakka kanatti raawwiin abbootii alangaa ittiin madaalamuu qabu abbootiin alangaa keenya ragaa gahaan fudhatamummaa qabu yeroo hin jirre hangam himannaa hundeessuu irraa ofqusatu? kan jedhu dha. Daataan af-gaaffii irraa argame abbootiin alangaa ragaan dhiyeeffatan kara seeraan alaatiin kan argame sababa ta'eef qofa ragaa sanatti gargaaramuun himannaa hundeessuu akka hin dhiisne kan mul'isu dha.[69] Abbootiin alangaa ragaa karaa seeraan alaatiin argaman fayyadamuu dhiisuuf yoo murteessanillee, hooggantootni itti hin amanne yoo ta'e ragaa bifa kanaa akka fayyadaman yeroon dirqisiisanis jiraachuu galmeewwan agarsiisan ni jiru.[70] Kunis rakkoo gama kanaan mul'atu keessatti hooggansi sadarkaa sadarkaan jiru gahee kan qabu ta'uu agarsiisa.

---

[65] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/H/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taassifaame.
[66] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/H/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taasifaame.
[67] Jamaal A/Booraa: Pirezidantii Mana murtii Aanaa Jimmaa, Af gaaffii Guyyaa 23/05/10 taasifaame.
[68] AA vs Abdoo Hasan fa'a (N-2), MMA Jimmaa, Lakk. Galmee 36975, 30/04/10; AA Vs Alamaayyoo Arfaasaa, MM Aanaa Mag/Bishooftuu, lakk. Galmee 02065, 01/06/10
[69] Sisaay Astaaxiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, af-gaaffii Guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame.
[70] Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) (Kana booda maqaa isaa haaraadhaan W/ra Abbaa Alangaa jedhamee kan waamamu) Aanaa Magaalaa Bishooftuu, lakk. Galmee AA 03011; Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa irraa Wa/H/A/M/Bishoftuuf barreeffame, Lakk. 09397 gaafa 19/4/10

### 3.2.2. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Himannaa Hundeessuutti

Mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuun walqabatee gahee abbaan alangaa sadarkaa himannaatti bahachuu qabu inni guddaan haqaa fi dhugaa qofa giddu-galeessa godhatanii himannaa bu'uuruun kan walqabatu dha. Qabatamni jiru hojimaatni abbaa alangaa kana irraa maqe darbee darbee jiraachuu agarsiisa. Abbootiin alangaa itti yaadanii haala mirga himatamaa dhiphisuu danda'uun himannaa yeroon qopheessan jiraachuu ragaaleen agarsiisan ni jiru. Kunis, fakkeenyaaf, ragaa abbaa alangaa yaada himatamaa fayyadu dubbachuu danda'u akka ragaa abbaa alangaa 3ffaa ykn 4ffaatti dhiyeessuun himatamaan akka ragaa ittisaa hin taasifanne gochuuf haalli itti yaalamu ni mul'ata.[71] Kana malees, akka himatamaan ofirraa ittisuu hin dandeenye bifa taasisuun dhimma tokko tokko keessatti sa'aatii yakki itti dalagame yoo xiqqaate tilmaamaanillee himannaa keessatti haammachiisuu dhabuun ni mul'ata.[72]

Qabxiin inni biraa raawwiin abbaa alangaa ittiin madaalamuu qabu abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'ureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuu irraa hagam of-qusatu? kan jedhu dha. Dhimma kanarratti "abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'ureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata?" gaaffiin jedhu bifa bar-gaaffiitiin hirmaattotaaf dhiyaate deebii argameen hirmaattotni 23.8% ta'an sadarkaan isaa olaanaa fi daran olaanaa dha jedhaniiru. Hirmaattotni af-gaaffii deebisanis rakkoon kun darbee darbee jiraachuu fi sababa malee tumaa adabbii olaanaa hordfsiisu jalatti

[71] Getaachoo Tuuchoo, Pirezidantii, MMA Gimbii, Af-gaaffii Guyyaa 10/05/10
[72] AA vs Gabbisaa Deebisaa, MMO G/Sh/lixaa, 12665, 13/08/09

himachuu[73] fi himannaa (counts) heddummeessuun[74] kan calaqqisu ta'uu ibsu.[75]

Akka waliigalaatti, daataa bifa gara garaatiin olitti agarsiifame bu'uureffachuun abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii sirrii hin taane yookin dogongora qaban bu'uureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuun ni mul'ata. Kunis adda durummaan itti-gaafatamummaa jalaa baqachuu fi mirga shakkamaatiif dantaa dhabuu irraa kan maddu yoo ta'u, darbee darbee mirgi wabii himatamaa akka hin eeggamne yookin dhimmichi araaraan akka hin xumuramne yaaduun kan raawwatamu dha.[76]

### 3.2.3. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Falmii Dhaddachaatti

Akkaataa abbaan alangaa mirga himatamaa sadarkaa kanatti itti kabachiisuu danda'u keessaa inni tokko yaadota gara garaa mana murtiif kennamaniin kan walqabatu dha. Dhimmoota abbaan alangaa mana murtiitiif yaada akka kennu irraa eegamu keessaa tokko mirga wabiiti. Gaaffiin *"Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam qajeelummaadhaan deeggarsa taasisaa jira?"* jedhuuf hirmaattotni bar-gaaffii deebii kennaniin shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi

---

[73] Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame; Abbee Haajii, Hogganaa Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa Ciroo,Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame; Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/A/A/Go/A/Lixaa,afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame; Mulugeetaa Getaachoo, Itti-gaafatamaa W/ra Abbaa Alangaa Aanaa Gommaa, Af-gaaffii Guyyaa 22/05/10 gaggeeffame; Yaasin Ibraahim, BB priiziidaantii MMA Naggeellee Arsii, af-gaaffii gaafa 16/05/2010 gaggeeffame

[74] Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MMA Najjoo, Af-gaaffii Guyyaa 07/05/10 gaggeeffame.

[75] Pheexiroos Maammoo, I/Ga/W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 gaggeeffame; Warqinaa Galataa,Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa Gimbii, Af-gaaffii gaafa Guyyaa 10/05/10 gaggeeffame

[76] Masarat Guutamaa, IG W/H (W/A/A)/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee,

lakkifamuuf abbootiin alangaa qajeelummaadhaan kan deeggaran ta'us hangi xiqqaa hin taane (%17 ol) mirga wabii sababa malee mormuun akka jiru teechisaniiru. Galmeewwan sakatta'amanis abbaan alangaa darbee darbee mirga wabii himatamaa mormuudhaaf sababa dhiyaachuu hin malle haalli itti kaasan jiraachuu agarsiisa. [77] Keessattuu, sababootni yeroo hedduu himatamaan yoo bahe ragaa balleessa,[78] himatamtootni yoo bahan seera jalaa miliquu danda'u,[79] kkf jedhamuun dhiyaatan qabatama jiru kan bu'uura hin godhanne yeroo ta'an ni mul'ata.

Akka waliigalaatti, sababoota amansiisaa hin taanee fi deeggarsa seeraa hin qabne bu'uureffachuun mirga wabii himatamaa dhiphisuuf abbootiin alangaa falman ni jiru. Kunis abbootiin alangaa gahee mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti taphachuu qaban dagachuun mirgi shakkamaa akka sarbamu godhan jiraachuu kan agarsiisuu dha.

Gama biraatiin sadarkaa falmiitti abbaan alangaa ragaa himatamaa fayyadu himatamaaf yookin dhaddachaaf kaasuun gahee isaa bahuu qaba. Kunis Maanuwaalii hojii abbaa alangaa Oromiyaa bara 2008 bahe jalatti taa'uu olitti agarsiifameera. Daataa bargaaffii sassaabame yeroo ilaallu garuu hirmaattota 126 bar-gaaffii guutan keessaa abbaan alangaa ragaa himatamaa fayyaduu danda'u yoo of harkaa qabaate ykn beeke himatamaaf ykn abukaatoo isaatiif ni kenna amantaa jedhu kan qaban 20% qofa. Galmeewwan sakatta'amanis kanuma kan cimsani dha. Abbaan alangaa ragaa falmii himatamaa fayyaduu kan akka pilaanii balaa tiraafikaa ka'ee turee fi yeroo qorannaa kan harka isaa gale hanga himatamaan mana murtii gaafatee manni murtii ragaan sun akka

[77] Iyyataa Kaasuu Warqinaa, MMA Sabbataa, Lakk G 06147, 07/03/2010
[78] Iyyataa Katamaa Ashamee, MMA Sabbataa, Lakk G 00696
[79] Garee Inispeekshiinii Naannoo vs Alamuu Gutamaa (Godina Shawaa Bahaa, W/ra Abbaa Alangaa Aanaa Lumee)

dhiyaatu ajajutti mana murtiif dhiyeessuu dhabuun ragaa ijaa qofa bu'uureffachuun yeroon himata dhiyeessu jiraachuu agarsiisa.[80] Ragaan mana yaalaa tokkoo ol irraa argame kan wal faallessu yeroo ta'us, kan himatamaa fayyaduu danda'u of-harkatti hambisuun mana murtii akka hin dhaqqabne haalli itti taasifamu jiraachuu galmeewwan ni agarsiisu.[81] Daataan af-gaaffiis kanuma agarsiisa.[82] Sababni abbootiin alangaa ragaa fi seera himatamaa fayyadu dhaddachaaf akka hin kaasne taasise, yeroo baay'ee dhimmicha mo'achuu qofa giddu-galeessa kan godhatan ta'uu,[83] himannaan naamusaa nurratti dhiyaata jedhanii sodaachuu,[84] dhiibbaa hawaasaa fi qaama alaa sodaachuu[85] fi dandeettiin adabsiisuu isaanii sababa kanaan akka hir'atu kan hin barbaadne ta'uu fa'a dha.[86] Rakkoon ragaa fi seera himatamaa fayyadu dhaddachaaf hubachiisuu dhabuu fi falmii dhugaarraa maqe gaggeessuu kun sadarkaa oliyyannoottis ni mul'ata. Abbootiin alangaa murtiin mana murtii jalaa sirrii ta'uu osoo beekanii miidhamaa dhuunfaa gammachiisuuf yookin xiiqii qabachuun qofa oliyyannoo yeroo gaafatan ni mul'ata.[87] Kana malees, adabbii himatamaa yakkaa irratti kennamu ilaalchisee himatamaan yeroo

---

[80] AA vs Saaliim Ahimad , MMOG/Jimmaa, lakk. Galmee 45090, 17/05/10

[81] AA vs Abbabachi Guutaa, Mana Murtii Aanaa Amboo, lakk. Galmee 52091, 10/04/10

[82] Edaa'oo Fittaalaa,Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Mu/Ha/Kenniisiisaa A/Adaamii Tulluu, Guyyaa17/05/2010; Abbee Haajii,Hog/Wa/Ha/A/ciroo,Guyyaa 02/05/2010; Obbo Sisaay Tasfaayee, Insp. Getaachoo Dagguu, Hoogganaa Waajjira poolisii A/T/Kuttaayee gaafa 03/05/10; Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/Sh/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10.

[83] Dajanee Iddeechaa, Gaggeessaa KTAS KTAS Yakkaa MMA Adaamii Tulluu, Yirgaa Sabsibee, Pirezdaantii MMA Adaamaa; Lalisaa Disaasaa perezidaantii M/Murtii Aanaa Amboo, gaafaa Guyyaa 03/05/10

[84] Af-gaaffii Caalaa Leellisaa, B/B/I/G Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa T/Kuttayee, 03/05/10; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, af-gaaffii Guyyaa 07/05/10; Kom. Kaasayee Fiqaaduu, It/GA/W/Poolsii Aanaa Najjoo, Guyyaa 07/05/10

[85] Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa fi Eebbisaa Badhaadhaa abbaa seeraa MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10; Zelaalam Keennasaa: itti gaafatamaa,Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa Jimmaa, Guyyaa 23/05/10

[86] Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa, Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame; Dajanee Iddeechaa fi Yaasin Ibraahim.

[87] Jamaal A/Booraa, Pirezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Guyyaa 23/05/10.

oliyyannoo dhiyeeffatu abbaan alangaa komii dhiyaate irratti deebii akka kennu ni beekama. Qabatama gama kanaan jiru yeroo ilaallu abbaan alangaa sababa gahaa malee oliyyannoo himatamaan gaafatu mara irratti murtiin jalaa nuuf haa cimu yeroon jedhu ni mul'ata.[88]

Akkaataa abbaan alangaa mirga himatamaa sadarkaa falmiitti itti kabachiisuu danda'u keessaa inni kan biraa yaada adabbii haqummaan kaasuuni dha. Qabatama gama kanaan jiru ilaaluuf gaaffiin *"abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti; fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?"* jedhu hirmaattota bar-gaaffii guutaniif dhiyaateera. Hirmaattota kana keessaa dhugummaa yaada abbaa alangaa giddu-galeessaa fi isaa gaditti kan sadarkeessan %45 kan ta'ani dha. Kunis gama kanaan hanqinni bal'aan jiraachuu agarsiisa. Hirmaattotni afgaaffi deebisanis abbootiin alangaa yaadota adabbii cimsanii fi salphisan bifa dhugummaa qabuun kaasan akkuma jiran,[89] kanneen yaada adabbii fudhatama hin qabne yookin yaada adabbii cimsu qofa kaasanis bal'inaan jiraachuu agarsiisa.[90] Kanaafis, ka'uumsi isaa abbaan alangaa sababa adabbii salphisu kaasu akka rakkoo naamusaa qabuutti haalli itti fudhatamu waan jiruufi dha.[91] Galmeewwan sakatta'amanis rakkooleen walfakkaataan jiraachuu kan agarsiisani dha.[92]

---

[88] Marii sirreeffamtoota Mana Sirreessa G/H/Lixaa ,afgaafii guyyaa 01/05/2010 taasiifame.
[89] Addunyaa Alamuu, Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa, afgaafii Guyyaa 02/05/2010 taasifame; Eda'oo Fittaalaa, Ab/Ad/Ho/ij/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke A/Adaamii Tulluu, afgaafii guyyaa 17/05/2010 taasifame.
[90] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa – Amboo, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taassifaame.
[91] Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjria Haqaa Aanaa Najjoo, 07/05/10.
[92] AA vs Taaddalach Labaa fa'a N-2, MMA Shaashamannee, Lakk G 54186; AA vs Birhaanuu Tafarraa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 27195; AA vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005.

Gama biraatin abbootiin alangaa ragaa ittisaa himatamaan dhiyeeffatu kabajaan qabachuu fi yaada isaanii sodaa malee akka ibsachuu danda'anii fi bilisummaan akka itti dhagahamu taasisuuf dirqama qaban hammam bahatu? Kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Qabatama jiru yeroo ilaallu hirmaattota bargaaffii guutan keessaa 76.8% kan ta'an gaaffiin qaxxaamuraa abbaan alangaa dhadacha irratti ragaa ittisaa gaafatu dhiibbaa kan of-keessaa qabu dha. Hirmaattotni af-gaaffii deebisanis rakkoon kun jiraachuu kaasaniiru. Bifoota gara garaa rakkoon kun ittiin calaqqisu keessaa: ragaalee ittisaa dhiyaatan sababa malee mormuu, dorsiisuu fi sodaachisuu,[93] gaffiilee gaaffii duraa keessatti hin kaane, gaaffiilee rogummaa hin qabnee fi ijoo himannaa hundeesseen ala jiran gaffii qaxxaamuraa keessatti kaasuu, [94] gaaffii himatamaan yaadachuuf hin dandeenye, ta'e jedhanii ragaa ittisaa burjaajessuuf gaafachuu,[95] akka ragaan ittisaa hin dhiyaanne gochuu fi hanga dhoorkuutti deemuuf yaaluu, [96] kkf fa'a dha. Daataan marii garee sirreeffamtoota waliin taasifames ragootni ittisaa abbootii alangaatiin doorsisni irra gahu akka jiru kan agarsiisu dha.[97] Ragooleen ittisaa yeroo hedduu namoota hubannoo seeraa hin qabne waan ta'aniif gaaffii qaxxaamuraa bifa armaan oliitiin dhiyaatuufiin salphaatti kan burjaaja'anni

[93] Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum,afgaafii guyyaa 03/05/2010 gaggeeffame, Obbo Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/Ha/Go/A/Lixaa,afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame

[94] Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, af-gaaffii guyyaa 23/05/10; Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjra Haqaa Aanaa Najjoo, 07/05/10; Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10 sa'aatii, Af-gaaffii, yawuubdar Afarraa, Abukaatoo Ittisaa, MMO Go/Jimmaa, Guyyaa 21/05/10; Tolamaariyaam Dhibbisaa: perezidanti MM/Aanaa Gommaa, 22/05/10.

[95] Af-gaaffii Sanbataa Abdataa , Perezidaantii MMO Go/ W/Lixaa, Guyyaa 08/05/10.

[96] Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame.

[97] Marii garee sirreeffamtoota seeraa sadeet waliin, Mana Sirreessaa Go/Jimmaa, 21/05/10.

dha.[98] Sababa kanaanis haqni haalli itti dabuu fi namootni ragaa sobaatiin akka adabaman haalotni taasisan uumamaa akka jiran hubachuun ni danda'ama. Maddi rakkoolee kanaas abbaan alangaa ragaa ittisaa akka qaama haqaaf deeggarsa taasisu tokkootti osoo hin taane yeroo hunda akka qaama haqa dabsuutti ilaaluu,[99] fi himatamaa adabsiisuuf qofa kaayyeffachuun[100] kan walqabatu dha.

Gahee abbaan alanagaa sadarkaa falmii dhaddachaatti taphachuu qaban keessaa inni biraa ragaa adeemsa seeraa hordofee hin argamne irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasisuu dha. Qabatamaa naannoo keenyaa keessatti hojimaatni kun jiraachuu fi dhabuu adda baafachuuf gaaffiin "abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irratti kennamu hangam gaafatu?" jedhu bifa bar-gaaffiitiin hirmaattotaaf dhiyaateera. Deebiin kennames hirmaatootni 77.8% ta'an tattaaffii abbaan alangaa gama kanaan taasisu sadarkaa giddu-galeessaa fi isaa gaditti sadarkeessaniiru. Daataan kunis abbaan alangaa itti-gaafatamummaa gama kanaan bahachaa kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Hirmaattotni af-gaaffii deebisanis abbaan alangaa dirqama kana bahaa kan hin jirre ta'uu fi gochaa akkasii raawwatee yoo argamellee akka rakkoo naamusa falmii laaffisuutti haalli itti fudhatamu jiraachuu ibsu.[101] Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfii

---

[98] Insp. Ol. Damee Fufaa, AA/H/I/S/S/Seeraa, Mana Sirreessaa Godina W/Lixaatti, 08/05/10; Getaachoo Tuuchoo, perezidantii, MMA Gimbii, Guyyaa 10/05/10.

[99] Mul'isaa Ejjataa, pirezidaantii MMOGAN/Finfinnee, 8/05/2010; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, Guyyaa 07/05/10; Marii Abukaatoo ittisaa, Mulu'aalam Haragaawwii, Shaambal Qajeelaa,Asaaminawuun Raggaasaa, MMO go/W/Lixaa, Guyyaa 08/05/10

[100] Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H (W/A/A)/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee

[101]Wuddinesh Tasfaayee, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010; Obbo Kamaal Bakar, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/Adaamaa, Afgaafii guyyaa 02/07/2010 gaggeeffame; Kom.Sulxaan

kana osoo fudhatee akka fayidaadhaan gochaa kana taasiseetti fudhatama.[102] Kana irraa kan ka'e, abbootiin alangaa ragaan isaanii soba ta'uu yookin fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yoo hubatan himannaa kaasu malee mana murtiif ragaan sun akka haqamu yaada hin dhiyeessani.[103] Hirmaattotni af-gaaffii deebisan tokko tokko immoo abbootiin alangaa tarkaanfii akka kanaa akka fudhatan haguuggiin seeraa dandeessisullee hin jiru amantaa jedhu qabu.[104]

Gaheen inni biraa abbootiin alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuu keessatti raawwachuu danda'an mirgi namoomaa shakkamaa yookin himatamaa yeroo sarbamu qaama mirga shakkamaa sarbu irratti tarkaanfii fudhachuu yookin akka fudhatamu taasisuu dha. Qabatama jiru yeroo ilaallu abbaan alangaa qaama mirga shakkamaa yookin himatamaa sarbu irratti tarkaanfii yeroon fudhatan yookin akka fudhatamu yeroon taasisan hedduu hin mul'atu.[105] Kunis jala dhaabannaa gama poolisiitiin jiru dandamachuu dhabuu fi tarkaanfii fudhachuuf kutannoo gahaa dhabuun

---

Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/Kennisiisaa/Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame; Kom.Amdulaam Xilaahun, Ho/Wa/Po/A/Ciroo, afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame; Kom.Yohaanis Nagawoo,Ho/Po/A/Adaamaa, afgaafii guyyaa 02/07/2010 taasifame

[102] Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjria Haqaa Aanaa Najjoo, Af-gaaffii gaafa 07/05/10 gaggeeffame

[103]Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame; Pheetiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H (W/A/A)/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii 03/05/10 taassifame; Jilaaluu Mul'isaa: AAMHK, W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Jimmaa, Guyyaa 21/05/10.

[104] Gaazaalii Abbaasimal, Pirezidaantii MMO/Godina Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10 gaggeeffame; Warqinaa Galataa, Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa Gimbii, Af-gaaffii Guyyaa 10/05/10 gaggeeffame.

[105] Obboo Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Obbo Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum, Afgaafii guyyaa 03/05/2010 gaggeeffame fi Aaddee Wudinesh Tasfaayee,Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010 gaggeeffame.

sababoota rakkoo kanaaf caqasamani dha.[106] Yeroo tokko tokko poolisiin namoota yakkaan shakkaman reebanii manni murtii qaama gochaa kana raawwate irratti galmeen qoratamee akka dhiyaatu jedhee ajajullee, abbaan alangaa qoratee himannaa hundeessuuf yeroon rincicu ni mul'ata.[107] Darbee darbee yeroo itti adeemamus abbaan alangaaa qindoomina hojii balleesse jedhamee waltajjiiwwan garaa garaa irratti haalli ittiin ceepha'amu quunnamaa tureera.[108] Kana irraan kan ka'e abbaan alangaa fi poolisiin bakka waliin qorachaa jiranittis poolisiin shakkamaa kaballaan yeroo rukutu abbaan alangaa ni callisa.[109] Bakka tokko tokkotti garuu qaamni nageenyaa yeroo shakkamaa irratti cabiinsa mirga kana fakkaatu raawwatu abbootiin alangaa yakkaan akka irratti qulqullaa'u[110] yookin badii naamusaatiin akka himatamu yeroon taasisan ni jira.[111]

Gama biraatiin, abbaan alangaa dhimmootni si'oominaan furmaata akka argatan gochuun kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaatiif gumaachuu qaba. Qabatama gama kanaan jiru yeroo ilaallu sakatta'uudhaaf bar-gaaffii hirmaattota qorannichaatiin guutame keessatti gaaffiin *"abbaan alangaa*

---

[106] Af-gaaffii addee Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H (W/A/A)/Aanaa Amboo, 02/05/10 taassifamee, Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame;

[107]Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame;

[108] Af gaaffii obboo Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa T/Kuttayee, gaafa 03/05/10; Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10

[109] Marii Abuk. Mootummaa obboo Caalchisaa Tolasaaasa fi Kaasawuun Gaaddisaa, Mana Murtii Olaanaa Godina SH/Lixaa, 04.05.10 taassifame; Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taasifaame; Wudinesh Tasfaayee, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee, Guyyaa 08/05/2010 gaggeeffame.

[110] Kom. Mulugeetaa Taklee, Qajeelcha Po/Go/Jimmaa, Guyyaa 21/05/10 @ 21/05/10, afgaaffi Alamuu Amantee:Ad/Ho/Ij/S/S/seeraa/Mana sirreessaa Godina JimmaaGuyyaa 21/05/10; Addunyaa Alamuu,Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa,Guyyaa 02/05/2010 gaggeeffame; Dassaalenyi Taaddasaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke Aanaa sabbataa,afgaafii guyyaa 09/05/2010

[111] Abbee Haajii, I/G Waajjira Abbaa Alangaa Aanaa Ciroo,Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame.

*eeruun himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti qorannaan isaa akka xumuramu hangam hojjata?"* jedhu gaafatameera. Deebii kennameenis hirmaatootni 42.6% ta'an tattaaffii abbaa alangaa gama kanaan jiru giddu-galeessaa fi isaa gaditti sadarkeessaniiru. Daataan bar-gaaffii kun abbaan alangaa dhimmi himatamaa yeroo gabaabaa keessatti furmaata akka argatu tattaaffiin taasisan bal'aan jiraachuu agarsiisus harcaatiin jiru xiqqaa kan jedhamu akka hin taane agarsiisa. Daataan afgaaffii irraa argames haalawwan abbaan alangaa dhimmi akka lafarra harkifatu ittiin taasisu agarsiisaniiru. Isaanis: eeruu himatamaa irratti dhiyaatu yeroo gabaabaa keessatti qulqulleessuu irratti,[112] darbee darbee qorannaa yeroon xumuruu dhabuu,[113] galmee lafarra harkisuun fayidaa irratti eeguu,[114] poolisii fi abbaan alangaa hojii walitti dhiibuun jiraachuu,[115] ogeessi dhimma tokko qabate keessattuu poolisiin sababa gara garaatiif hojiirra hin jiru sababa jedhuu[116] fi sababoota kkf'niin dhimmootni yeroo harkifatanis ni quunnama. Galmeen qorannaa erga xumurameen boodas himannaa hundeessuudhaaf harkifannaan ni jira. Yeroo tokko tokko dhimma kana paanaaliin mari'achuu qabna, himannaan seera kam jalatti banamuu akka qabu itti yaadna, kkf sababa jedhuun yeroo dheeraa

[112] Kom.Amdulaam Tsilaahun,ho/wa/ Po/A/Ciroo,afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame, Kom.Darajjee Muldhataa, Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa, afgaafii guyyaa 26/05/2010 gaggeeffamee fi Insp. Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame.

[113] Guutuu Oljiraa: It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa,guyyaa 10/05/10Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/SH/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10; Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10; Mulugeetaa Getaachoo, I/G W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10;

[114] Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10; Mulugeetaa Getaachoo, It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10; Guutuu Oljiraa, It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa, guyyaa 10/05/10; Insp.Ol Kamaal Taaddasa: BB It/G Waajjira Poolisii Aanaa Gomaa, , 22/05/10.

[115] Kom.Amdulaam Tsilaahun,ho/wa/ Po/A/Ciroo,afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame, Kom.Darajjee Muldhataa, Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa, afgaafii guyyaa 26/05/2010 gaggeeffamee fi Insp. Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame.

[116] AA vs Ashannaffii Balaay, MMO Go/W/lixaa, Lakk G 35294

fudhachuun lafarra harkisuun ni jira.[117] Kana malees, galmeewwan aanaa irraa qulqullaa'anii dhufan irrattis abbootiin alangaa godinaa ariitiidhaan furmaata hin kennani.[118] Dhimma kanaan walqabatee rakkoo uumamuuf keessattuu sadarkaa godinaatti ka'uumsa kan ta'u, ragootni guuttamanii dhiyaatan malee galmeen hin banamu jechuun qajeelfamni kennameera sababa jedhu dha.[119]

## 4. Yaadota Guduunfaa fi Furmaataa

Mirgi shakkamaa fi himatamaa akka kabajamu gochuu keessatti gaheen abbaa alangaa maal maal ta'uu akka qabu sakatta'a hog-barruu fi seerotaa jalatti ilaalameera. Haala qabatamaa naannoo keenyaatiin abbootiin alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti gahee akkamii taphataa akka jiran daataa bifa gara garaatiin walitti qabameen kutaa sadi olii keessatti agarsiifameera. Itti aansuun daataa argame irraa ka'uun argannoowwan qorannichaa gurguddoon maal akka ta'anii fi rakkoolee mul'atan furuuf maaltu hojjetamuu akka qabu teechisuuf ni yaalama.

### 4.1. Yaada Guduunfaa

Argannoowwan qorannoo kanaa akka itti aanutti gabaabbatanii kan dhiyaatani dha.

- Abbootiin alangaa sadarkaa sadarkaan jiran hojii kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa mirkaneessuu keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahatan akka mana hojiitti xiyyeeffannaan gahaan

[117] Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10
[118] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/S/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10
[119] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/Sh/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10.

kennamee itti adeemamaa hin turre. Seerota garagaraa aangoo fi gahee mana hojichaa akkasumas gahee abbootii alangaa ilaalchisanii bahan keessatti dhimma kanaaf haguuggiin kan kennameef yoo ta'es, hojiin kun hojii manichaa keessatti xiyyeffannoo barbaachisaa argatee karoorfamaa fi raawwiin isaas gamaaggamaa hin ture.

- Abbootiin alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamne gahee isaanirraa eeggamu bahachaa akka hin jirree fi sababa kanaanis namootni qulqulluun adabbiif akkasumas xaariifi baasiif haalli itti saaxilaman jiraachuu hubachuun ni danda'ama. Rakkoo kanaafis sababni adda duraan caqasamu hanqina kutannoo abbaan alangaa haqa baasuuf qabu dha.

- Abbootiin alangaa ragaan dhiyeeffatan kara seeraan alaatiin kan argame ta'uu yoo hubatanillee, ragaa sanatti gargaaramuuf haalli itti yaalan ni quunnama. Hooggansi sadarkaa sadarkaan jirus rakkoo kana hambisuu irratti hojjechuu osoo qabuu, darbee darbee yeroo jajjabeessutu mul'ataa ture.

- Abbootiin alangaa ragaa himatamaa fayyaduu fi harka isaanii jiru himatamaan akka beeku yookin argatu fedhii akka hin qabnee fi himannaa hundeessan keessattis ragaa bifa kanaa cinaatti dhiisuun ragaa mirga himatamaa dhiphisu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu qorannoon kun ni agarsiisa. Hanqina kanaaf ka'uumsi sodaa himannaa naamusaa fi itti gaafatamummaa hojii abbaa alangummaa qixa barbaachisuun bahachuuf kutannoo barbaadamu dhabuu dha.

- Abbootiin alangaa mirgoota bu'uuraa shakkamtootni yakkaa dhagaha dura qaban akka hubatan taasisuu fi mirgootni kunneen akka kabajamaniif deeggaruun walqabatee bakkaa bakkatti garaagarummaa

qabaatus raawwiin isaa fooyya'aa dha. Daawwannaan to'atamtoota seeraatiif taasifamu haala fooyya'aa irra kan jiru yoo ta'u, namoota seeraan ala to'annaa jala jiraniif furmaata kennuu irratti hanqina bal'aatu mul'ata. Kana malees, mirgoota shakkamtootni fi himatamtoonni qaban kan akka mirga callisuu, abukaatoon bakka bu'amuu ykn tajaajila gorsa seeraa argachuu fi hiiktuu afaanii argachuun wal qabatee rakkoo bal'aan ni mul'ata.

- Abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii sirrii hin taane yookin dogongora qaban bu'uureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuun gochaa bal'inaan mul'atu dha. Kunis adda-durummaan sodaa itti-gaafatamummaa sababa kanaan itti dhufuu danda'u jalaa baqachuu fi mirga shakkamaatiif dantaa dhabuu irraa kan maddu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

- Qabiyyeen himannaa abbaan alangaa dhiyeessu darbee darbee haala mirga ofirraa ittisuu himatamaa dhiphisuun yeroon qophaa'u kan jiru yoo ta'uu qorannichi ni agarsiisa.

- Abbaan alangaa ragaa gahaa qabaachuu isaa osoo hin mirkaneeffatiin himannaa hundeessuun akka rakkoo tokkootti kan calaqqisu dha. Rakkoon kunis caalaatti kan mul'atu yakkoota gareen raawwataman jedhamanii dhiyaatan keessatti dha. Sababa kanaan himatamaan ykn himatamtootni hanga dhimmichi mana murtiitiin furmaata argatutti hidhaa fi rakkoo garagaraaf haalli itti saaxilaman jiraachuu hubachuun ni danda'ama.

- Mirga wabii shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaatiin wal qabatee abbootiin alangaa sababoota dhama-qabeessa hin taanee fi deeggarsa seeraa hin qabne bu'uureffachuun yeroo mormanii fi keewwata mirga

wabii dhorkachiisu jalatti himannaa haalli itti hundeessan ni mul'ata. Keessattuu, himatamaan teessoon isaa naannoo biraati sababa jedhuu fi yakkichi dantaa mootummaatiin walqabata sababa jedhuun haalli mirgi wabiin gadi-dhiifamuu shakkamtootaa seeraan ala ittiin daanga'aa jiru yaaddessaa dha.

- Si'oominaan wal qabatee rakkoon hammaataan jiraachuu yoo baates, qorannaan yakkaa yeroon akka xumuramu gochuu, himannaa yeroo gabaabaa keessatti hundeessuu fi falmiin si'aayinaan akka xumuramuuf deeggarsa barbaachisaa gochuun wal qabatee hanqinni mul'atu ni jira. Kunis mirgi shakkamaa fi himatamaan yakkaa murtii ariifataa argachuuf qaban akka sarbamu kan godhu ta'uun isaa beekamaa dha.

- Akka waliigalaatti, abbootiin alangaa dirqama ogummaa isaanii yeroo bahanitti haqa argamsiisuu qofa giddu-galeessa taasisanii kan socha'an osoo hin taane dhiibbaa qaamolee gara garaa dandamachuu dhabuu, sodaa himannaa naamusaa fi k.k.f irraa kan ka'e kabajamuu mirga shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa keessatti gahee isaanirraa eegamu bahaa kan hin jirre ta'uu qorannichi ni agarsiisa. Kunis mirgi shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa sadarkaa barbaadamutti akka hin kabajamne taassiseera.

## 4.2. Yaadota Furmaataa

Hanqinaalee gara garaa boqonnaa kana keessatti adda bahaniif qorannoon kun yaadota furmaataa armaan gadii akeekeera.

- Hojii kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa mirkaneessuutiif akka mana hojiitti xiyyeeffannoo olaanaa kennuun barbaachisaa dha. Kana gochuu keessatti:

- Dhimma kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa mirkaneessuutiif xiyyeffannoo kennuun akka hojii ijoo tokkootti karoorfachuu fi raawwii isaa bifa idilaawaa ta'een madaalaa adeemuun barbaachisaa dha.

- Abbootiin alangaa gahee kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa ilaalchisee qaban keessatti hanqina uumaniif sirni itti gaafatamummaa isaanii mirkaneessuu dandeessisu jiraachuu qaba.

- Qorannoon yakkaa gaggeeffamu, himannaan hundeeffamuu fi falmiin taasifamu kan mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa hin mulqine ta'uu sirni hooggansi sadarkaa sadarkaadhaan jiru ittiin mirkaneessu diriirfamuu qaba. Keessattuu, odiitiin duraa fi boodaa galmee irratti taasifamu dhimma kanaaf xiyyeffannoo kennuu qaba.

- Kana malees, giddu-lixummaan hooggansaa bifa gara garaatiin taasifamu bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa kan kabajuu fi kabajama mirga shakkamaatiif of-eeggannoo barbaachisaa kan taasisu ta'uu qaba. Kana keessattis:

    - Hooggansi jiru dhiibbaa qaamolee siyaasaa fi hawaasa bal'aa irraa dhufu dandamachuun abbootiin alangaa seera qofa giddu galeessa godhachuun mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahatan deeggaruu qabu.

    - Tarkaanfiin naamusaaa sababa falmii laaffisuutiin fudhatamu gahee abbaan alangaa kabajamuu mirga shakkamaa fi

himatamaa yakkaa keessatti qabu waliin dursee xiinxalamuu qaba.

- Seerotaa fi maanuwaaliiwwan hojii jiraniin walqabatees tarkaanfiiwwan gara garaa fudhatamuu qaban ni jiru. Isaan keessaas:

- Imaammatni sirna haqa yakkaa keenya dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu qofa akka hin taane ifatti teechisuu qaba. Kana malees, imaammatni sirna haqa yakkaa keenya ragaan seeraan ala argame haala addaatiin fudhatama haalli itti argatu jiraachuu fi sababootni dirqama mirkaneessuu abbaa alangaa irraa gara shakkamaatti dabarsuuf dandeessisan jiraachuu ni teechisa. Tumaaleen imaammatichaa kunneenii fi seerotni tumaalee imaammatichaa bu'uureffachuun bahan mirga shakkamaa ykn himatamaa yakkaa akka malee akka hin dhiphisnetti hiikkoon kennamuufi qaba.

- Dirqamoota abbaan alangaa mirga shakkamaa yakkaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabu hedduu isaanii kan qabate Maanuwaaliin Raawwii Hojii Abbootii Alangaa bara 2008 bahe hojiirra akka oolu xiyyeeffannaan kennamee itti adeemamuu qaba. Maanuwaalichi humna dirqisiisuu akka qabaatuu fi bu'uura maanuwaalichaatiin hojjechuu dhabuun itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uu ifatti tumamuu fi irratti hojjetamuu qaba.

- Abbaan alangaa balleessummaa shakkamaa irratti shakkii dhama qabeessa sababa qabuuf dhimmichi garee paanaaliitiif

yoo dhiyaatee fi abbaan alangaa dhimmicha qabatee ture ejjennoo garee paanaaliitiin qabame irraa adda ta'e yoo qabaate akkasumas qajeelfama hojii hoogganaa isaatiin kennamuuf abbaan alangaa seeraan kan wal hin simne yookin sammuu /conscience/ isaatiin kan wal dhahu ta'ee yoo itti mul'ate, adeemsi galmeen sun abbaa alangaa biraatiif ittin dabarfamee kennamu jiraachuu qaba.

- Gumii abbootii alangaa naannoo cimsuu fi miseensota ejjennoo cimaa (integrity), gahuumsaa fi ofitti amanamummaa qaban irraa ijaaruun barbaachisaa dha. Kunis abbootiin alangaa yaada himatamaa yakkaa deeggaru waan kaasaniif qofa hojiirraa gaggeeffamuun akka dhaabatu dandeessisa.

- Abbootii alangaa dhugaa bu'ureffachuun himatamaan haqa akka argatu deeggaraniif uwwisni seeraa eegumsa godhu haala gahaa fi ifa ta'een jiraachuu qaba. Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfiin naamusaa yookin bulchiinsaa sababa kanaan yeroo irratti fudhatamu mana murtiitti yookin qaama walaba ta'etti komii isaa haalli ittiin dhiyeeffachuu danda'u jiraachuu qaba. Kanaaf Danbiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa haala kanaan fooyya'uu qaba.

- Mirga wabii waajjira poolisitti eegamuu fi gaaffii yeroo beellamaa ilaalchisee seerotnii fi sanadootni hojiirra jiranii fi aangoo abbaan alangaa qabu dhiphisuun aangoo poolisii bal'isan gocha haqa-qabeessa hin taane poolisiin raawwatamuu danda'u abbaan alangaa akka to'atu bifa aangessuun fooyya'uu qabu.

- Harcaatilee qulqullina qorannoo fi dhimmoota si’oominaan wal qabatanii jiran furuuf abbootii alangaa baay’ina gahaa ta’een horachuu irratti ciminaan hojjamuu qaba**.**

- Kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa ilaalchisee milkaa’ina isaa sadarkaa olaanaatti mirkaneessuuf qaama abbummaan raawwii isaa hordofu cimsuun barbaachisaa dha.

- Ga’uumsaa fi naamusa abbootii alangaa sadarkaa olaanaa irraan gahuuf qaamoleen gahee qaban ciminaan qindoomanii hojjechuu qabu. Qabiyyeen leenjii kanaas qajeeltowwanii fi dirqama naamusa oogummaa, eegumsa heeraa fi seeraa mirgootaa shakkamaa fi ragootaa, bilisummaa bu’uuraa fi mirgoota namoomaa himatamtoota yakkaa irratti kan xiyyeefate ta’uu qaba.

- Raawwiin hojii abbaa alangaa haala idilaawaa fi saayinsawaa ta’een gaggeeffamuu fi bu’aa isaa irratti hundaa’uun tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatamuu qaba. Raawwii dhuunfaa abbaa alangaa fi raawwii waajjiraa safaruu keessatti dandeettiin adabsiisuu (conviction rate) akka safartuutti gargaaraa akka jiru hubannoon dogongoraa abbootii alangaa bira jiru maqfamuu qaba. Abbootiin alangaa adabsiisuu qofa akka kaayyeffatan sababoota taasisan keessaa inni ijoon rakkoo hubannoo gama kanaan jiru dha.

# BU'A-QABEESSUMMAA TAJAAJILA ABUKAATOO ITTISAA MANNEEN MURTII NAANNOO OROMIYAA

**Abdii Asaffaa**[♣]

## 1. Seensa Waliigalaa

### 1.1. Dugda-duuba Qorannichaa

Adeemsa himannaa yakkaa keessatti mirgi himatamaa akka hin cabne ogeessa deeggarsa seeraa kennu ramaduufiin muuxannoo akka addunyaatti baratame dha. Yaadrimeen kun sanadoota sadarkaa idila-addunyaatti bahan kanneen akka *ICCPR* fi *UDHR* keessattis beekamtii kan argate dha.[1] Akka biyya keenyaattis Heera Mootummaa Rippabilika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa dabalatee labsiiwwan Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaa hundeessuuf bahan mirga kana haammataniiru. Mirgi kun, mirga seera fuulduratti walqixa ilaalamuu fi haqa argachuu waliinis walqabata.[2]

Dabalataanis, tajaajilli abukaatoo ittisaa himatamaa yakkaatiif kennamu qulqullina kan qabu ta'uu qaba. Tajaajilichi gahuumsa barbaachisa kan hin qabne yoo ta'e, kaayyoo tajaajilichaa hanqisuu irra darbee sirni haqaa

[♣]LL.B (Yunivarsiitii Hawaasaa), Kaadhimamaa LL.M (Yunivarsiitii Addis Ababaa), Qorataa Seeraa, ILOQHQSO.

[1] The International Covenant on Civil and Political Rights(1966) and Universal Declaration of Human Rights (1948).

[2] Desalegn Gemechu Negeri (2016), The Right to Legal Counsel in Ethiopia: A Case Analysis in Oromia, (Submitted for Partial Fulfillment of the Requirement for LLM Degree in Human Rights Law, AAU, unpablished), F9. fi G.S. Prentzas(2007), Gideon v. Wainwright, The Right to Free Legal Counsel, Great Supreme Court Decisions, Chelsea House Infobase Publishing, New York, F37.

meeshaa hacuuccaa akka ta'u taasisa. Kunis istaandardii tajaajilli kennamu qabaachuu qabu adda baafachuun barbaachisaa akka ta'u kan taasisu dha. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaatti Waldaan Ogeessota Seeraa Ameerikaa (American Bar Association (ABA)) sadarkaa qulqullina tajaajilli abukaatoo ittisaa qabaachuu qabu safartuulee agarsiisan adda baasaniiru.[3] Kanaaf, tajaajilli abukaatoo ittisaa kan madaalamu tajaajilichi kennamuu qofaan osoo hin taane, abukaatoon ramadame dandeettii fi gahumsa barbaachisu qabaatee falmii geggeessuu danda'uuni dha.[4] Tajaajjila kennamu qulqulluu fi sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'u dandeessisuuf, baay'inni hojii, naamusni ogumaa, to'annoo fi hordoffii, adeemsa dhiyeessii komee, caaseffamaa fi itti waamama, fo'annoo fi filannoo abukaatoo ittisaatiif xiyyeeffannoo gahaa kennuun murteessaa dha.

Qorannoon kunis sadarkaa bu'a-qabeessummaan abukaatoo ittisaa akka naannoo keenyaatti irratti argamuu fi rakkoolee jiran adda baasuun yaada furmaataa akeekuuf yaadamee kan gaggeeffame dha.

### 1.2. Gaaffiilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuuf kan gaggeeffame dha.

1. Abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu ilaalchisee haguuggiin seeraa jiru maal fakkaata?

---

[3] Howard Lintz, *et al,* A Basic Human Right: Meaningful Access to Legal Representation, The Human Rights Policy Seminar University Of North Carolina School Of Law, 2015, F 6-7.

4"In the absence of accessibility, adequacy and quality of public defender's services, there would clearly be double standards between the constitutional guarantees enshrined in the two limbs of Article 20(5) of the Constitution, i.e., a person who affords to pay for a legal counsel of his choice vis-à-vis representation without due attention to an indigent accused who is provided with nominal the quality of the professional services offered by a public defender." (*Abera Hailemariam et al (ed.), Ethiopian Lawyers Association & Ethiopian Young Lawyers Association, Public Defender's Services in Ethiopia: Assessment of Current Gaps and the Way Forward, 2015, fuula 12.*)

2. Caaseffamnii fi gurmaa'insi abukaatoo ittisaa naannoo Oromiyaa maal fakkaata? Dhiibbaan inni kenniinsa tajaajilaa irratti qabu maali?
3. Tajaajilli abukaatoo ittisaa kennamaa jiru hammam bu'a-qabeessa? Tajaajilli abukaatoo ittisaa sadarkaa isaa kan eeggate akka ta'u mirkaneessuuf safartuuwwan tajaajilichi ittiin madaalamu jiruu?
4. Dandeettii fi gahumsa abukaatoo ittisaa cimsuuf hojiin hojjetame jiraa?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa tajaajilli abukaatoo ittisaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti kennamu hangam bu'a-qabeessa akka ta'ee fi mirga shakkamaa eegsisuu irratti sadarkaa irra jiru adda baasuun kallattii fulduraa akeekuu dha.

Kayyooleen gooree qorannichaas kanneen armaan gadiiti.

1. Tajaajila abukaatoo seeraa bu'a-qabeessa ta'e kennuuf hanqinaalee gama uwwisa seeraa fi gama gurmaa'iinsaatiin jiran adda baasuu,
2. Tajaajilli abukaatoo ittisaa sadarkaa isaa hin eegganne mirga himtamaa irratti dhiibbaa hordofsiisu adda baasuu,
3. To'annoo fi hordoffii tajaajilichaaf barbaachisu kennuu irratti qabatamni jiru maal akka fakkaatu adda baasuu,
4. Safartuuleen bu'a qabeessummaa tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaadhaan kennamaa jiruu maal fa'a akka ta'an adda baasuu,
5. Bu'a-qabeessummaa abukaatoo ittisaa mirkaneessuuf maal hojjetamuu akka qabu agarsiisuu fa'a dha.

### 1.4. Mala qorannoo

Qorannichi adda duraan mala qorannaa akkamtaatti kan gargaarame yoo ta'u, malli qorannoo hammamtaas hojiirra ooleera. Daataan mala afgaaffii fi bargaaffiitiin walitti qabameera. Afgaaffiin kan gaggeeffame Pirezidaantota

Mana murtii, Abbootii Seeraa, Abukaattota Ittisaa, Itti-Gaafatamtoota Wajjira abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa (yeroo qorannichi gaggeeffamutti Biiroo Haqaa) fi Abbootii adeemsa KTAS waliini dha. Hirmaattotni afgaaffii deebisanis waliigalatti lakkoofsaan 112 dha. Mariin garee 10 sirreeffamtoota seeraa waliin geggeeffameera. Kana malees, hirmaattotni qaamolee haqaa 74 bargaaffii guutaniiru. Dabalataanis, seerotni rogummaa qaban, sanadni JABH, galmeewwan abukaatoon ittisaa irratti ramadamee falmii geggeesse, gabaasni hojii waggaa 3 sakatta'ameera. Waliigalatti daataan sanadaa 125 walitti qabameera. Daataan kunis manneen hojii sadarkaa naannoo jiran, akkasumas godinaalee naannicha keessa jiran 10 irraa kan walitti qabame dha.

## 2. Abukaatoo Ittisaa Mootummaan Dhihaatuu fi Agarsiiftuwwan Bu'a-Qabeessummaa Isaa

### 2.1. Yaadota waliigalaa

Tajaajilootni abukaatoon ittisaa kennu hedduu yoo ta'an, isaan keessaa ijoon: maamila gorsuu, sanadoota seeraa qopheessuu, maamila bakka bu'uun dhaddacha irratti falmuu fi kkf kan dabalatu dha.[5] Kunis sababa hubannoo seeraa dhabuutiin mirgi himatamaa akka hin sarbamne hambisuuf kan gargaaru dha.[6] Dabalataanis, tattaaffii mootummaan mirga haqa argachuu, mirga walqixa ilaalamuu fi mana murtii loogii irraa bilisa ta'een keessummaa'uuf lammiileen qaban dhugoomsuuf kan dandeessisu dha. Tumaan Heera Mootumaa RDFI fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 20(5) jalatti himatamaan mirga abukaatoo dhaabbachuu akka qabuu fi

[5] Rules of the Supreme Court of Arizona, Rule 31, Regulation of the Practice of Law, issued July 3 2003. See also Article 2 (2), (12) of Proclamation No 182/2013 of Oromia; article 2 (2-3) of Proc. No 199/2000 of Ethiopia (Federal courts advocates licensing and administration proclamation).

[6] Desalegn Gemechu Negeri, Olitti Yaadannoo lakk. 2, fu 11.

abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'ee fi haqni ni jallata tilmaamni jedhu yoo jiraate mootummaan dhaabuufii akka qabu ni agarsiisa. Tumaa kana yeroo ilaallu tajaajila abukaatoo ittisaa argachuuf ulaagaan lama guuttamuu akka qabu hubachuun ni danda'ama. Isaanis: himatamaan abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uu fi haqni ni jallata tilmaama jedhu fudhachuuf haalli dandeessisu jiraachuu dha. Kunis sirni ittiin himatamaan dandeettii diinagdee hin qabne qulqullaa'u jiraachuu akka qabu kan hubachiisu dha. Himatamaan dandeettii kana hin qabu jedhamee kan ilaalamuu qabu haala jireenya biyyattii irraa ka'uun ulaagaa seeraan teechifamu bu'uureffachuuni dha.

Haqni akka dabu sababoota taasisan keessaa tokko gareen walfalman humni isaanii kan wal hin madaalle ta'uu dha. Rakkoon kun immoo irra caalaa kan uumamu dhimmoota yakkaa irratti dha. Sababni isaas dhimma yakkaa keessatti himatamaan yakkaa qaama mootummaa kan ta'e abbaa alangaa waliin kan walfalmu ta'uu isaati.[7] Itoophiyaattis walcaalmaa falmii irratti dhufuu danda'u xiqqeessuuf ykn hambisuuf yaaddamni abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu beekamtii argatee ittiin hojjetamaa jira.[8] Kunis mirgi walqixxummaa sababa hiyyummaa himatamaatiin gaaffii keessa galuu hin qabu yaada jedhu kan bu'uureffate dha. Deeggarsi ogeessa seeraa himatamaaf kennamus hubannoo himatamaan falmii irratti qabu kan fooyyessu yookin himatamaan falmii gaggeeffamu keessatti ogeessa seeraan akka deeggaramu gochuun murtii haqa-qabeessa akka argatu kan dandeessisu dha.[9] Kunis gahuumsa abukaatoo ittisaa himatamaaf ramadamu

[7] Desalegn Gemechu Negeri, Olitti Yaadannoo lakk. 2,fu 20.
[8] Heera Mootummaa Federaalaa, bara 1995 bahe, kwt. 20(5), Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. 20(5).
[9] Desalegn Gemechu Negeri, Olitti Yaadannoo lakk. 2, fu 22

irratti daran kan hundaa'u dha. Kanaaf sirni bu'a-qabeessummaan abukaatoo mootummaa ittiin madaalamu, to'atamuu fi hordofamu jiraachuun murteessaa dha.

### 2.2. Muxannoo Abukaatoo Ittisaa Biyyoota Tokko Tokkoo

Mirgi abukaatoo ittisaa mootummaa irraa argachuu sadarkaa idil-addunyaatti sanadaalee adda addaa keessatti beekamtii argateera. Himatamaan tajaajila abukaatoo ittisaa bilisaa argachuuf ulaagaaleen biyyoota gara garaatiin teechifaman adda addummaa kan qabani dha. Biyyi Jarman tajaajila kana kan kennitu namoota yakka adabbii hidhaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen adabsiisuu danda'uun shakkamaniif ykn himatamaniifi dha. Rippaablika Indonezyiyaatti immoo mirgi kun kan eeggamu nama yakka hidhaa waggaa shanii gadi hin taane adabsiisuu danda'uun himatameef yoo ta'u, Kaanaadaa fi Inglizzitti immoo nama yakkaan shakkamee qabamu kamiifiyyuu tajaajila abukaatoo ittisaa ni dhiheessu. [10] Ayirlaanditti tajaajilli kun sadarkaa himannaa irraa eegalee kennama. Biyyootni akka USA, Kaanaadaa fi Ingilizzi tajaajila kana dhimma yakkaa irratti dabalataan dhimmoota hariiroo hawaasaa fi bulchiinsaa irratti ni kennu.[11]

Ameerikaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa qaama sadiin kennama. Inni jalqabaaa Waajjira Abukatoo Ittisaa boordiidhaan bulu dha. Inni lammaffaan Sirna Waliigaltee (contract system) kanfaltii murtaa'aan qaamni alaa waliigalteen tajaajilicha kennu dha. Sadaffaan abukaatoo dhuunfaa himatamaaf qacaruu (assigned counsel model) dha. [12] Tajaajilli kennamus

[10] Desalegn Gemechu Negeri, Olitti Yaadannoo lakk. 2, fu 12.
[11] Desalegn Gemechu Negeri,Kanuma oli.
[12] Robert L. Spangenberg And Marea L. Beeman, Indigent Defense Systems In The United States, Law And Contemporary Problems, Vol. 58: No. 1, Fuula 32.

maloota kanneen keessaa tokko filachuun yookin walitti dabaluun ta'uu danda'a.

Biraazilittis qaamni tajaajila abukaatoo ittisaa kennu qaama bilisummaa isaa eeggatee of danda'ee dhaabbate dha. Jarmanitti, tajaajilli abukaatoo dhuunfaa ramaddiin ykn abukaatoo himatamaan filatuun kennama. Baasii isaas garee mo'ametu kanfala. Ta'us, himatamaan mo'ame tokko kanfaluu kan hin dandeenye yoo ta'e akka kanfalamu hin dirqisiifamu.[13]

Faransaayiitti himatamaan galiin isaa galii gadi aanaa jedhamee murtaa'ee jiruun gadi ta'e abukaatoo ittisaa mootummaa irraa argachuu danda'a. Kanneen galiin isaanii gadi aanaa hin taanes gargaarsa abukaatoo kana kanfaltii gamisaan argachuuf gaafachuu ni dandaa'u. Kanfaltii kanas erga falmiin xumurame booda akka kanfalan taasifama.[14] Faransaayiitti qaamni dhaabbiin taajaajila kana kennuuf hundaa'e hin jiru.[15]

Afriikaa kibbaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaa Boordii Gargaarsa Ogumaa Seeraa ykn Legal Aid Board (LAB) jedhamuun hoogganamuun kennama. Tajaajilichis maloota addaa addaatti gargaaramuun himatamtoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyee fi abukaatoo malee yoo falman haqni jalaa dabuu danda'u jedhamaniif ni kennama.[16] Tajaajilli kunis karaa dhaabbilee dhuunfaa (judicare legal aid), boordii jalatti abukaatoo ittisaa

[13] Robert L. Spangenberg and Marea L. Beeman, Kanuma oli.
[14] New Restrictions on Legal Aid in France, https://www.french-property.com/news/money france/legal_aide_juridictionelle_2017/, kan ilaalame Sadaasa 28, 2017 ALA.
[15] New Restrictions on Legal Aid in France, Kanuma olii.
[16] The Challenge of Providing Legal Representation in the United States, South Africa and China, Journal of Law and Policy, voll. 7. 47, p. 50.

dhaabbiin qacaruun tajaajila kennamuu fi naannoolee fagoo ta'aniitti ammoo dhaabbilee seeraa (legal clinics) hundeessuun kennama.

### 2.3. Qajeeltowwan Bu'a Qabeessummaa Abukaatoo Ittisaa

Abukaatoon ittisaa mootummaan dhihaatu barbaachisaa ta'us, dhihaachuun qofti gahaa miti. Qaamni tajaajila kennu falmii irratti haala barbaadamuun kan hin sochoone yoo ta'e himatamaa abukaatoo qabuu fi hin qabne jidduu garaagarummaan hin jiraatu.[17] Kanaaf tajaajila abukaatoo dhiyeessuu qofa osoo hin taane tajaajila sadarkaa isaa eeggate kennuuf xiyyeeffannoon hojjetamuu qaba.[18] Waliigalatti himatamaan abukaatoo ittisaa dandeetti fi gahumsa qabuun kan deggaramu yoo ta'e, carraan mirga isaa kabachiifachuu fi adeemsa kenniinsa murtii madaalawaa fi loogmaleessa ta'een keessummaa'uu isaa ni dabala.[19] Kanaaf abukaatoon ittisaa ramadamu hojiin isaa karaa itti madaalamuu fi bu'a qabeessummaan isaa itti ilaalamuu ilaalchisee muuxannoo biyya Ameerikaatti sanada Waaldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaa (American Bar Association (ABA)) bara 2002 ALA'tti bahe itti aansuun ilaalla.[20]

#### 2.3.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa

Qaamni kun dhiibbaa qaama kamiirraayyuu bilisa ta'uun, kenna tajaajilaatiin, haala filannoo, kanfaltii, faayidaa, bajata, bulchiinsaa fi kkf'iin

[17] Roger A. Fairfax, Jr., Searching for Solutions to the Indigent Defense Crisis in the Broader Criminal Justice Reform Agenda, 122 YALE L.J. 2316 (2013)
[18] Stephen B. Bright & Sia M. Sanneh, Fifty Years of Defiance And Resistance After Gideon v. Wainwright, 122 YALE L. J. 2150, 2152 (2013)
[19] Desalegn Gemechu Negeri, Olitti Yaadannoo lakk. 2, fu 25.
[20] The ABA Ten Principles of a Public Defense Delivery System, (ABA Standing Committee On Legal Aid And Indigent Defendants), February 2002, fuula 3.

of-danda'uu qaba.[21] Bulchiinsa, kenniinsa tajaajilaa, ramaddii abukaatoo ittisaa to'achuuf qaamni aangeffame jiraachuu qaba.[22] Filannoon geggeeffamus dandeettii fi ulaagaa beekamaa ta'e irratti hundaa'uu qaba. Bajatnii fi hojiin qaama kanaas walmadaaluu qaba.[23] Bilisummaa qaama kanaaf agarsiiftuwwan ilaalamuu qabanis, gumiin bilisaan hoogganamuu, sirni filannoo fi fo'annoo ifa ta'e jiraachuu, bajata gahaa fi kan mataa isaa qabaachuu fi keessumeessa abukaatoo ittisaa fi abukaatoo dhuunfaa jidduutti garaagarummaan dhabamuu fi kkf ilaaluun ni dandaa'ama.

### 2.3.2. Hojii Abukaatoo Ittisaa Mala Biroon Deggaruu

Hojii abukaatoo ittisaa akka deggeru qaamolee biroo kan akka abukaatoo dhuunfaatti gargaaramu barbaachisaa ta'uu danda'a.[24] Qaamni tajaajila abukaatoo ittisaa bilisaan deeggarsaan akka kennu taasifamu kunis itti waamamni isaa yeroo tajaajila kana kennutti qaama mootummaaf ykn mootummaan bakka bu'eef ta'uu qaba. Muuxannoon biyyoota biroo kan akka Ameerikaas kanuma agarsiisa. Abukaatoo ittisaatti hojiin kan baay'atu yoo ta'e qaamolee tajaajila deeggarsaa kennan gurmeessuu, jidduu isaaniitti bifa odeeffannoon itti dhangala'uu danda'u diriirsuu, fi safartuulee tajaajilli qaama kanaan kennamu ittiin madaalamu teechisuu, walitti bu'iinsi dantaa yoo jiraate haala itti hiikamuu fi haala dandeettiin qaama kanaa itti cimsamu diriirsuun tajaajila kennuun kan dandaa'amu dha.

---

[21] Caroline S. Cooper, The ABA "Ten Principles Of A Public Defense Delivery System": How Close Are We To Being Able To Put Them Into Practice? Albany Law Review Vol. 78.3, 2015, Fuula, 1207.
[22] Caroline S. Cooper, Kanuma olii.
[23] Alexa Van Brunt, 'poor people rely on public defenders who are too overworked to defend them', https://www.theguardian.com/commentisfree/2015/jun/17/poor-rely-public-defenders-too-overworked, kan ilaalame Onkoloolessa 1/2017 ALA.
[24] Alexa Van Brunt, Kanuma olii.

### 2.3.3. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Itti Beeksifamu, Ramadamuu fi Himatamaa Waliin Wal-argu

Adeemsa calallii booda himatamaa fi abukaatoon ittisaa ramadame akkamittii fi yoom wal-argu kan jedhu dhimma murteessaa dha. Muuxannoon Ameerikaa kan agarsiisu abukaatoon mootummaan dhihaatu shakkamaa waliin yeroo himatamaan to'atamee kaasee sa'a 24 keessatti wal-arguu qaba.[25] Tajaajila gorsaa fi deeggarsa taasisuu qabus yeroo gabaabaa danda'ame keessatti raawwachuu qaba.[26] Kunis eegumsi himatamaaf godhamu qorannoo irraa eegalee taasifamuu kan qabu waan ta'eefi dha.[27]

### 2.3.4. Yeroo Qophii Gahaa Kennuu

Abbaan alangaa fi abukaatoon dhuunfaa yeroo gahaa fudhatanii qophaa'anii falmiif akkuma dhihaatan, abukaatoo ittisaaf yeroo gahaan kennamuufii qaba. Kanaaafis bakkaa fi yeroon itti himatamaa fi abukaatoon wal-arguun mari'achuu danda'an mijachuu qaba. Abukaatoon odeeffannoo qophii falmiif barbaachisu argachuuf iccitiin isaa haala eeggameen bakki itti himatamaa mariisisu waajjira poolisii, Mana Murtii, Mana Sirreessaa fi iddoo barbaachisoo ta'an birootti mijachuufii qaba.[28]

### 2.3.5. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa

Baay'inni hojii abukaatoo ittisaa kallattiin qulqullina tajaajila abukaatoon kennu irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf baay'ina hojii fi qulqullina hojii abukaatoo wal-madaalchisuuf sirni to'annoo diriiruu qaba.[29] Baay'inni hojii abukaatoo ittisaa humnaa ol baay'atee qulqullina tajaajila kennamuu kan gadi buusu ta'uu hin qabu. Abukaatoon ittisa tajaajila qulqullina isaa eeggate

---

[25] Caroline S. Cooper, Miiljalee 21ffaa. (Ameerikaatti tajaajilli abukaatoo ittisaa bilisaan kan dhihaachuu eegalu sadarkaa qorannoo irraa eegalee ti.)
[26] Caroline S. Cooper, Kanuma Olii.
[27] Caroline S. Cooper, Kanuma Olii.
[28] Caroline S. Cooper, Kanuma Olii, Fuula 1210.
[29] Caroline S. Cooper, Kanuma Olii, Fuula 1209.

kennuuf dirqama ogummaa qaba. Kana jechuun baay'inni hojii kennamuuf qulqullina hojii isaa irratti dhiibbaa kan geessisu yoo ta'e hanga hojii humnaa ol ta'e diduuf dirqama ogummaa qaba. Kana hin taasisu taanaan abukaatoon ittisaa dirqama naamusa isaa bahaa akka hin jirretti fudhatama.[30]

Ameerikaatti abukaatoon ittisaa waggaa keessatti dhimmoota hagam keessummeessuu akka qabu ifatti seeraan tumameera. Daangaan kunis gosa, walxaxiinsa fi amala dhimmichaa irratti hundaa'uun sirreeffamni barbaachisaa ta'e fudhatamuu haala danda'uun kan taa'e dha. Haala kamiinuu baay'inni hojii abukaatoo ittisaa hanga kaa'ameen ol darbuu hin qabu. Abukaatoon falmii gaggeessu keessatti yeroo gahaa fudhatee qabiyyee falmichaa hunda himatamaa waliin mari'achuun sakatta'iinsa barbaachisu gaggeessuun qophii gahaa taasisuuf yeroo gahaa argachuu qaba.[31] Kanaaf sirni ittiin baay'inni hojii abukaatoo ittisaa to'atamu jiraachuu, odeeffannoon baay'ina hojii abukaatoon ittisaa qindaa'e jiraachuu, qaamni baay'ina hojii abukaatoo ittisaa to'atu jiraachuu, daangaa baay'ina dhimma waggaa keessatti abukaatoo ittisaan keessummaa'u ifatti kaa'uu, baay'ina hojii ilaalchisee komeen dhihaatu sirni ittiin keessumeeffamu mijachuu, fi bakkii fi carraan abukaatoon ittisaa odeeffaanoo gahaa ta'e maamila isaa irraa ittiin sassaabbachuu danda'u jiraachuun akka agarsiiftuutti fudhatamuu danda'u.

### 2.3.6. Dandeettii, Muxannoo fi Leenjii Walxaxiinsa Dhimma Keessumeessuu Waliin Walgitu

Abukaatoon ittisaa dandeettii, muuxanno fi leenjiin inni qabu walxaxiinsa dhimma keessummeessuu waliin kan wal-madaalu ta'uu qaba. Abukaatoon ittisaa naamusawaa ta'ee, qulqullinaa fi ulaagaa barbaachisu guutee

[30] Caroline S. Cooper, Kanuma olii.
[31] Alexa Van Brunt, Olitti Yaadannoo lakk. 23.

dhimmicha keessumeessuu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo hubate qaama isa hoogganu beeksisuun dhimmicha akka qaamni biraa qabatu gochuuf sirni dandeessisu jiraachuu qaba. Rakkoo gahuumsaan walqabatu furuuf filannoo fi fo'annoo, leenjii hojiin duraa fi hojiirraa, muuxannoo wal-jijjiirraa fi kkf ilaalchisee haalli mijataan uumamuu qaba.

### 2.3.7. Abukaatoon Dhimma Kennameef Tokko Hanga Xumuraatti Itti Fufuu Danda'uu

Abukaatoon dhimmaa keessumeessuu eegale hanga xumuraatti hordofuu qaba. Yeroo hunda abukaatoon jalqaba irratti dhimmicha qabate hanga dhimmichi xumura argatutti himatamaa bakka bu'uu qaba. Sababni isaas gegeeddaramuu abukaatoo irraan kan ka'e falmii himatamaa irra dhiibbaan akka hin geenyefi. Komiin abbootii dhimmaa irraa yeroo ka'u sirni ittiin yeroo gabaabaa keessatti keessummaa'uu danda'us diriiruu qaba. Kana malees, walitti bu'iinsi dantaa (confilict of interests) abukaatoo fi maamila jidduutti yeroo uumamee fi abukaatoon sababa garaagaraatiin dhaddacha irratti argamuu kan hin dandeenye yoo ta'e sirni abukaatoon ramadame ogeessa biraatiin bakka buusuuf dandeessisu jiraachuu qaba. Kanaaf ulaagaan abukaatoon ittiin bakka buufamu ifatti kaa'amee jiraachuu qaba.[32] Abukaatoon ramadame sababa gahaa malee abukaattummaa isaa irraa ka'uu hin qabu. Sababootni gahaa jedhaman kunis ifatti seeraan adda bahanii kaa'amuu qabu. Jijjiirraan abukaatoo sababa gara garaatiin yeroo raawwatamus sirni abbaa dhimmaa ittiin beeksifamu jiraachuu qaba.

[32] Washington State Bar Association Standards for Indigent Defense Services [With amendments and format updates as of September 22, 2011], fuula 12.

### 2.3.8. Walqixxummaa Gareewwanii

Falmii yakkaa keessatti abukaatoon ittisaa himatamaaf kan dhaabbatu himatamaa fi abbaan alangaa sadarkaa walfakkaataa akka qabaatan (equality of arms and standing) yaadameeti. Kanaaf abukaatoo ittisaa fi abbaa alangaa jidduu dhaddacha irratti halotni garaagarummaa fiduu danda'an jiraachuu hin qabani.[33] Kunis, kallattii qabeenya falmiif oolfamuu, dandeettii fi ogummaa falmiif barbaachisu, yeroo qophiif barbaachisu argaachuu fi kkf ilaalchisee gareewwan kun walmadaaluu akka qaban kan agarsiisu dha. Isaan jidduutti baay'ina hojii, kanfaltii mindaa fi faayidaa, qabeenya biroo falmiif oolfamuu danda'an kanneen akka meeshaalee qorannoo hammayyaa adda addaa, hojjettoota yookin ogeessota deggarsa kennan, fi kkf irratti garaagarummaan guddaan jiraachuu hin qabu.

### 2.3.9. Dandeetti Abukaatoo Ittisaa Cimsuu

Abukaatoon ittisaa ogummaa isaa akka guddifatuuf carraan barumsaa fi leenjii mijachuufii qaba. Abukaatoon ittisaa fi hojjettootni deeggarsa kennaniif leenjii fi barnoota hojii isaanii waliin walsimuu fi ogummmaa falmii geggeessuun abbaa alangaa waliin sadarkaa walgitu irra isaan geessisu argachuu qabu.[34] Abukaatoon ittisaa haaraa qacaraman hojii osoo hin eegaliin dura leenjii fi ibsi hojii kennamuufii qaba. Leenjiin abukaatoo ittisaaf yeroo yerootti mata dureewwan seera yakkaa, seera deemsa falmii yakkaa, saayinsii foorensikii fi kkf irratti kennamuu qaba.[35] Maanuwaaliin hojii abukaatoo ittisaa ibsuu fi adeemsa hojii waajjira isaa ibsu qophaa'uun abukaatoon ittisaa akka ittiin geggeeffamu taasifamuu qaba. Abukaattoon

[33] Caroline S. Cooper, Olitti Yaadannoo lakk.21, Fu.1211.
[34] Caroline S. Cooper, Kanuma olii, Fu.1212.
[35] Washington State Bar Association Standards, Olitti yaadannoo lakk 32, Fu. 9.

ittisaa barreeffamoota gahuumsa falmii geggeessuu isaanii cimsan argachuuf haalli mijachuufi qaba.[36]

### 2.3.10. To'annoo fi Hordoffii

Abukaatoon ittisaa hojii isaanii qulqullinaa fi bu'a qabeessummaan akka hojjetaniif ulaagaa hojii fi madaallii qabaachuu qabu. Qaamni tajaajila abukaatoo ittisaa fi qaamolee isaan deggaraniin kennamu to'atuu fi yeroo yeroon supervizyinii fi madaallii gaggeessu jiraachuu qaba.[37] Kana malees karoorrii fi gabaasni raawwii hojii abukaatoo ittisaatiin kennamu yeroo yeroon qaama olaantummaan abukaatoo bulchuuf kallattiin dhihaachuu qaba. Kanaafis sirni madaallii ulaagaa ifatti beekamu irratti hundaa'e diriiruu qaba. Ulaagaan madaalliis qabxiilee akka fayyadama yeroo fi baay'ina galmee abukaatoon keessumeessu, galmee keessatti waanta abukaatoon barreessu ilaaluu, dhaddacha irratti falmii abukaatoon geggeessu hordofuu fi yeroo yeroon marii geggeeffamu kan of keessatti qabate ta'uu qaba. Madaalliin geggeefamus abbaa seeraa, abbaa alangaa, abukaattota ittisaa biroo fi abbaa dhimmaa kan hirmaachise ta'uu qaba.

## 3. Haguuggii Seeraa Sadarkaa Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaatti Jiru

### 3.1. Haguuggii Seeraa Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti jiru

Mirgi abukaatoo ittisaa argachuu heera mootummaa RDFI keessatti haammatamee jira. Heera mootummaa RDFI kwt. 20(5) fi kwt. 21(2) jalatti himatamaan abukaatoon falmachuu fi mari'achuuf mirga akka qabu ifatti teechifameera. Heeruma kana kwt 9(4) jalattis waliigalteewwan idila-addunyaa biyyattiin mallateessitee mirkaneessitu qaama seera biyyattii akka

[36] Washington State Bar Association Standards, Kanuma olii.
[37] Caroline S. Cooper, Olitti Yaadannoo lakk.21, Fu.1213.

ta'uufi qabiyyeen isaaniis akka qaama heera biyyattiiitti akka lakkaa'amu taa'eera. Mirgi heera biyyattiin haguugames haala waliigalteewwan idila-addunyaa biyyattiin mallatteesiteen walsimuun hiikamuu akka qabu tumaan Heerichaa kwt. 13(2) ni agarsiisa.

Tumaan Heera Mootummaa RDFI kwt. 20(5) dabalataan himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'ee fi abukaatoo malee yoo falme haqni isaa jal'achuu kan danda'u yoo ta'e, mootummaan abukaatoo dhaabuufii akka qabu ni qajeelcha. Tumaan Heera RDFI keewwatni 20 mata dureen isaa 'mirga namoota himatamanii' kan jedhu dha. Kunis kan agarsiisu mirgi abukaatoo bilisaa argachuu kun himatamtoota mana murtiitti himataman qofa ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee, shakkamaan sadarkaa qorannoo irratti ogeessa seeraatiin deggeramee mirgi isaa kan hin kabajamneef yoo ta'e, sadarkaa himannoo irratti qofa abukaatoon dhihaachuufiin mirgi isaa akka kabajamu ni dandeessisaa? kan jedhu akka gaaffiitti ka'uu danda'a.

Mirga kana irraa fayyadamaa ta'uuf ulaagaaleen lama kaa'amanis hiikkoo irratti rakkoo akka qaban barreeffamoonni ni agarsiisu. Innis, tokkoffaa irratti namni abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye sadarkaa hundumaatti kan argatu ta'uu isaa guutummaatti hin ibsu. Lammaffaa irratti tumaan kun yaaddama haqni jallachuu danda'a jedhuuf hiikkoo bal'aa fi dhiphaan kennamuu kan danda'u ta'uu isaa tilmaama keessa hin galchine. Kunis heerichi mirga abukaatoo bilisaa argachuu lammiileetiif haguuggii gahaa kenneera jechuuf kan rakkisu ta'uu isaa ni ibsu.[38] Gama biraatiin, haguuggiin

[38] Huseen Ahimad Tura, Indigent's Right to State Funded Legal Aid in Ethiopia, International Human Rights Law Review, 2013, Fu.132.

mirga kanaa sadarkaa seerota biyya keessaa qofaan ilaalamuu akka hin qabne Heeri Mootummaa RDFI kwt. 9(4) ni agarsiisa kanneen jedhanis jiru. Kanaaf sanadoota sadarkaa idila-addunyaatti jiran keessatti mirgi kun haala kamiin fudhatamee jira kan jedhu tilmaama keessa galee ilaalamuun hiikamuu qaba.[39] Hiikkoo ulaagaalee kanneeniif kennamuu danda'u akka armaan gadiitti haa ilaallu.

### *3.1.1. Dandeettii abukaatoo dhaabbachuu dhabuu*

Bu'uura tumaa heera Mootummaa RDFI kwt. 20(5)tiin ulaagaalee abukaatoo himatamaaf dhaabuuf kaa'amanii jiran keessaa tokko *himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin danda'u yoo ta'e* kan jedhu dha. Innis kanfaltii abukaatoo dhaabbachuuf barbaachisu kanfaluu kan hin dandeenye yoo ta'u dha. Haa ta'u malee sirnii fi ulaagaan hiyyummaan himatamaa ittiin qulqulleeffamu hin jiru. Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe labsii 125/88 kwt. 16 2(j) jalattis yaaddamichi beekamtii argateera. Ta'us haala akkamiin hojiirra oola kan jedhu ifatti hin teechifamne.

### *3.1.2. Haqni ni jallata yoo ta'e*

Himatamaan deeggarsa seeraa hin arganne mirga walqixxummaan haqa argachuu, adeemsi seeraa hordofamuu, haqa si'ataa argachuu, fi kkf kabachiifachuuf ni rakkata. Haala kanaan yoo hubatamu jallinni haqaa haala dhimmichaa fi fedhii qaama tajaajila kennuu ykn fudhatuu irratti hundaa'uun bal'atee ykn dhiphaatee hiikamuu danda'a. Bal'atee himatamtoota hunda kan haammatu ykn dhiphatee himatamtoota ulaagaa seeraan kaa'ame guutan qofa akka dabalatuutti hiikamuu danda'a. Biyyootni mirgi kun yookin tajaajilli

[39] Sanadoota idila-addunyaa kanneen akka ICCPR kwt. 14 (3) (d) - himatamaan gargaarsa ogummaa seeraa haqaaf jecha ni barbaachisa yoo ta'e kanfaltii malee argachuuf mirga qaba jechuun ni kaa'a.

abukaatoo bilisaa himatamaa yakkaa irratti qofa daanga'uu hin qabu jechuun himatamtoota kaaniif dhaabanis ni jiru.[40]

Gama biraatiin Heerri Mootummaa RDFI kwt. 20(5) fi labsiin Manneen Murtii Federaalaa hundeessu abukaatoon himatamaaf tajaajila bilisaa akka kennu ramadamu tajaajilicha qulqullina akkamiitiin akkasumas dhimmoota akkamii fi sadarkaa mana murtii kamitti dhiyaatan irratti akka kennuu qabu hin agarsiisu. Kana malees, haguuggiin abukaatoo argachuu kun dhimmoota murtii argatanii sadarkaaa oliyyaannoo irra jiran ni haammatamoo hin haammatu kan jedhus ilaalamuu qaba. Oliyyannoon sirna adeemsaa haqni jallate itti sirratu keessaa tokko waan ta'eef adeemsa kana keessatti himatamaan mirgi abukaatoo mootummaa irraa argachuu eegamuu qaba. Kanaaf deeggaarsi abukaatoo ittisaa bu'uuraan haqaaf kan barbaachise taanaan sadarkaa hundatti tajaajilicha dhiyeessuun dirqama ta'a.

### 3.2. **Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Mootummaan Dhiyaatu: Haguuggii Seeraa Sadarkaa Naannootti Jiru**

Sadarkaa naannootti ka'umsi mirga kanaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaati. Dhimma kana irratti qabiyyeen heera mootummaa naannoo fi kan heera mootummaa RDFI walfakkaataa dha.[41] Gama birootiin labsiin Manneen Murtii Naannichaa hundeessuuf bahe, labsiin lakk.141/2000 kan yeroo qorannoon kun gaggeeffametti hojiirra ture kwt 17(2) jalatti ulaagaa dabalataa haguuggii heerichaa dhiphisu kaa'eera. Bu'uura labsichaatiin himatamaan mirga kana kan argatu yakka adabbii hidhaa waggaa shanii oliin adabsiisuu danda'uun kan himatame yoo ta'e dha. Kanaaf himatamaan

[40] Lilongwe Declaration on Accessing Legal Aid in Criminal Justice System in Africa, Para. 1.
[41] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt 20(5).

ulaagaa kana hin guunne tajaajilicha argachuu hin danda'u jechuu dha. Kunis sadarkaa Naannoo Oromiyaatti haqni ni jallata jedhamee kan fudhatamaa jiru himatamaan yakka adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii oliin adabsiisuu dandaa'uun kan himatame yoo ta'e qofa akka ta'eetti dha.[42] Hiikkoon kun yaaddama heera keessatti haqni ni jallata yoo ta'e jedhu ni dhiphisa. Kana irraa ka'uunis heerummaa tumaa kanaa irratti ogeessotaan gaaffiin yeroo ka'u ni mul'ata. Sababni isaas haqni jallateera ykn hin jallanne jechuuf guddinni adabbii bu'uura ta'uu hin qabu waan ta'eefi dha.

## 4. Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa: Xiinxala Daataa Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa

### 4.1. Bilisummaa Abukaatoo Ittisaa

Abukaatoon ittisaa mootummaan dhiyaatu dhiibbaa qama kami irraa bilisa ta'ee akka hojjetuuf, wantootni barbaachisoon guutamuufii qaban ni jiru. Isaanis: kallattii bulchiinsaan, baajataan, ramaddiin, calallii galmee fi k.k.f'niin ilaallamuu danda'u. Qabatama naannoo Oromiyaatiin abukaatoon ittisaa qaama Mana Murtii keessatti akka garee tokkootti gurmaa'e dha. Hirmaattotni qorannoo kanaa afgaaffii deebisan gurmaa'insi bilisummaa tajaajila abukaatoo ittisaa dhugoomsuu kan hin dandeenye ta'uu ibsu. Akka sababaatti kan kaasanis caasaan diriiree jiru abukaatoon ittisaa hojii jiddu galeessa godhachuun tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu akka danda'u kan aangesse ta'uu dhabuun kan walqabatu dha. Kana malees, xiyyeeffannoon barbaachisu kennameefi hojjetaa deggersaa, baajata, dursaa garee fi kkf guutamee ramadamaafii hin jiru.[43] Kunis hojii isaa irratti dhiibba fideera.[44]

---

[42] Labsii lakk. 141/2000, labsii Mannen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, kwt. 17(2).

[43] Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa)

Kana irraa ka'uun hirmaattotni qorannichaa tajaajilli abukaatoo ittisaa yoo xiqqaate adeemsa of danda'e ta'uun hojjetaa deggersaa barbaachisu qabaatee irra deebi'amee gurmaa'uu akka qabu kaasu.[45] Dabalataanis gaheen hojii abukaatoo ittisaa maal maal akka ta'e seeraan, qajeelfamaa fi manuwalii hojiin ifatti taa'e hin jura. Kanaaf sirni to'annoo fi hordoffii abukaatoo akkasumas ulaagaaleen filannoo fi fo'annoo abukaatoo ittisaa ifatti taa'e hin jiru. Kana malees, sirni karooraa fi raawwiin hojii abukaatoo ittisaa ittiin ilaalamuu fi madaalamu ifatti hin teechifamne.[46]

### 4.2. Bajata

Abukaatoon ittisaa bajata falmiif barbaachisu haala gahaa ta'een argachuu qaba. Kunis abukaatoon ittisaa ragaa gahaa akka sassaabuuf, himatamaa mana sirreessaa deemuun akka mariisisuuf, bakka raawwii yakkichaa (crime site) daawwachuu fi ragaa ijaa dubbisuuf, ogeessa dubbisuu fi kkf hojjechuuf

---

G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame.Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame. Shaambal Qajeelaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame. Wubhager Aferraa, Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa Godina Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 taasifame irraa kan fudhatame.

[44] Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa kenniinsa murtii haqaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame. Masfiin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame.

[45]Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G, G/Shawaa Lixaa waliin Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame; Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa fi Kaasaahuun Gaaddisaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa waliin Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame. Sanbataa Abdataa Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G, G/Wallaga Lixaa fi Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaattota Ittisaa M/Murtii Olaanaa G G/Wallaga Lixaa waliin Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame. Wubhager Aferraa fi Raahel Kabbadee, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa Godina Jimmaa waliin Af-gaaffii gaafa 21/5/2010 geggeeffame. Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa waliin gaafa 25/5/2010 geggeeffame.

[46] Abdurahim Mohaammad, Ga/Ga/Dh/yakkaa M/M/O/Go/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Husseen Jiruu Ga/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Arsii Lixaa Af-gaaffii gaafa 16/05/2010, Ittaanaa Taayyee B/B Pirezadaantii M/M/O/G/Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Mallasaa Abrahaam Ga/Ga/Dh/Yakkaa M/M/O Go/Baalee waliin Af-gaaffii gaafa 29/05/2010 geggeeffame.

isa dandeessisa. Yeroo ammaa sababa bajata dhabuu isaatiin hojiiwwan kanneen ciminaan hojjechaa hin jiru. Kun bu'a qabeessummaa abukaatoo ittisaa irratti dhiibbaa kallattii dhaqqabsiisaa jira.[47] Akka ragaa abbaa alangaatiif kanfalamutti, ragaa ittisaa himatamaatiif durgoon oolmaa hin kanfalamu waan ta'eef ragaan ittisaa dhihaachuuf fedhii hin qabani.[48] Dhiyeessii abukaatoo ittisaaf taasifamu ilaalchisee hirmaattota qorannichaa irraa daataan bifa bar-gaaffiin sassaabames kanuma kan deeggaru dha. Gaaffiin *"Abukaatoon ittisaa falmiif wantota barbaachisaa ta'an ni argataa*? jedhu hirmaattota qorannichaa 74'f bifa bargaaffiitiin kan dhiyaate yoo ta'u, isaan keessaas 9 (%12) eeyyee yoo jedhan, 57 (%77) immoo lakki jedhaniiru. Kanneen hafan yaada kennuu irraa of-qusataniiru. Daataan kunis kan agarsiisu abukaatoon ittisaa bajata ykn dhiheessii hojii isaaf isaa barbaachisu argachaa kan hin jirre ta'uu isaati. Kunis, hojiin dhaddachaan ala ta'e ykn mana murtiin ala deemamee hojjetamuu qabu akka hin hojjetamne, yoo hojjetames bifa gargaarsaan sababa hojjetamuuf ququllina hojii abukaatoo ittisaa irraatti dhiibbaa dhaqqabsiisaa akka jiru kan agarsiisu dha.

### 4.3. Dhaqqabamummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa

Daataan bifa gara garaatiin qorannoo kanaaf walitti qabame akka agarsiisutti tajaajilli abukaatoo ittisaa akka naannoo Oromiyaatti manneen murtii hundaa keessatti kennamaa kan jiru miti. Sadarkaa Aanaatti caasaan isaa jiraatus sababa humni namaa hin guutamneef tajaajillichi kennamaa hin jiru.[49]

---

[47]Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame; Kabbabaa Gaaromaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa), Tasfaayee Asfawu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame.

[48] Kaasaahun Gaaddisaa fi Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M/O G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa fudhatame.

[49] Lalisaa Disaa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Amboo, Abarraa Guddisaa, Abbaa Seeraa Dhaddacha yakkaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame; Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii

Sadarkaa Mana Murtii Aanaatti tajaajilli kun jiraachuu dhabuun himatamtoota yakkoota ciccimoo akka bosona mancaasuu fi gudeeddiin himataman dabalatee abukaatoo malee akka falman taasiseera. Kunis mirga isaanii irratti dhiibbaa fideera.[50] Manni Murtii sadarkaa Mana Murtii Aanaatti tajaajila kana dhiheessuu waan hin eegalleef himatamtoonnis abukaatoon ittisaa naaf haa dhaabatu gaaffii jedhu yeroon gaafatan hin mul'atu ture.[51] Manni Murtiis himatamtootni bu'uura seera jiruutiin mirga abukaatoo bilisaa mootummaa irraa argachuuf qaban yeroo himatamanii dhiyaatan, abukaatoon akka dhaabbatuuf hin ajaju ykn himatamtootni kun mirga akka qaban itti hin himu.[52]

Daataan bifa bar-gaaffiin sassaabames caasaan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa diriiree jiru gahaa akka hin taane agarsiisa. Gaaffiin *"caaseffamnii fi guurmaa'insi abukaatoo ittisaa dhaqqabamaa ta'e ni jiraa?* jedhu hirmaattota bargaaffii guutan 74'f dhiyaatee hirmaattotni 7 (%9.5) eeyyee yoo jedhan, 66 (%89.2) immoo lakki jedhaniiru. Hirmaataan 1 yaada kennuu irraa of-qusateera. Daataan kunis ogeessotni bar-gaaffii guutan caasaan abukaatoo ittisaa yeroo ammaa jiru gahaa akka hin taane kan amanan ta'uu

---

M/Murtii Olaanaa G G/Wallaga Lixaa fi Guddataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa fudhatame.

[50] Shammamee Taaddasaa Pirezadaantii M/M/A Ciroo af-gaaffii gaafa 02/05/2010, Qaasim Jaarsoo Pirezadaantii M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Aabbuu Kadir A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010, Shibbiruu Elemoo B/B Pirezadaantii M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Balaxaa Taayyee A/Seeraa M/M/A Liban af-gaaffii gaafa 23/05/2010 geggeeffame irraa fudhatame.

[51] Gammachuu Turaa B/B Pirezadaantii M/M/Aanaa Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010, Ballaxaa Taayyee A/seeraa M/M/A Liiban af-gaaffii gaafa 23/05/2010, Abdullee Aloo Pirezadaantii M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010, Masfin Gabree A/Seeraa M/M/Aanaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 30/06/2010 geggeeffame irraa fudhatame.

[52] A/Alangaa vs Marigeetaa Yaasnyaal, M/M Aanaa Shabbee Somboo G/Jimmaa, L/Galmee M/M/Aanaa 10653, gaafa 01/02/2010.

dha. Sababni ijoon tajaajilichi dhaqqabamaa akka hin taane taasises caasichi hanga jalaatti kan hin diriirre ta'uu fi sadarkaa falmii maratti tajaajilichi kan hin kennamne ta'uu isaati.

### 4.4. Tajaajila Abukaatoo Ittisaa Maloota Biroon Deggeruu

Tajaajilli abukaatoo ittisaa maloota gara garaatiin deggeramuun akka kennamu baratamni addunyaa ni agarsiisa. Akka Naannoo Oromiyaatti muuxannoon jiru, abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu deeggaruuf sirni diriiree hin jiru. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko abukaatoo dhuunfaa dirqama tajaajila tolaa wagga keessatti kennuu qabutti gargaaramuun tajaajila tolaa kennuun ni jira. Haa ta'u malee, kun bifa sirnaawaa ta'een deggaramee itti hin adeemamne. Sirna kana diriirsuun hordoffii fi deeggarsa taasisuuf kan aangeffame Abbaa Alangaa Waliigalaa naannichaa (yeroo qorannichi hojjetamutti Biiroo Haqaa Oromiyaa) ta'us, rakkoo kanaaf furmaata kennuu hin dandeenye. Kanaaf abukaatoon dhuunfaa tajaajila bilisaa sa'aatii seeraan murtaa'eef akka kennan haalli dirqisiisaan waan hin uumamneef hojiin gama kanaan hojjetamuu qabu bu'a-qabeessa ta'uu hin dandeenye. [53] Godinoota tokko tokko keessatti namoota abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef Yuuniversitoonni deeggarsa seeraa bilisaa kennan ni jiru. Fakkeenyaaf Yuniiversitiin Haromaayaa godinoota Harargee keessatti, Yuniiversitiin Hawaasaa godina Arsii Lixaatti ogeessota ramaduun deeggarsa seeraa bilisaa kennaa jiru. Manneen murtii tokko tokko immoo

[53]Naggasaa Kabbadaa, A/Ad/H/Qo/Y/Mu/Ha/Ke/Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame. Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame. Guutuu Oljirraa, I/Gaafatamaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame. Abubakar Mohaammad A/seeraa M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Shibbiruu Elemoo B/B Pirezadaantii M/M/A Liiban af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Abdullee Alloo Pirezadaantii M/M/A/Sinaanaa af-gaaffii gaafa 29/05/2010. Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010 geggeefame.

gaaffiin deeggarsa seeraa bilisaa yeroo dhiyaatuuf ofiseroota dandeetti qabanif bakka bu'uummaa kennuun himatamtoota akka gargaaran yeroon taasisaanis jira.[54] Kanaan ala Mana Murtii aanaa irratti abukaatoo malee himatamaan mirga abukaatoo argachuu qabu falmii akka geggeeffatu taasifama.

### 4.5. Yeroo Abukaatoon Ittisaa Beeksifamu, Ramadamuu fi Maamila Isaa Waliin Walargu

Abukaatoon ittisaa dursee himatamaa arguun qophii akka taasisuuf yeroon gahaan kennamuu fi haalli mijachuufii qaba. Daataan mala gara garaatiin sassaabame abukaatoon himatamaa waliin kan wal argu dhaddacha irratti guyyaa dhagaha irratti ta'uu agarsiisa. Kunis qophii kana kan hambisu dha.[55] Sirreeffamtoonni seeraa marii garee irratti hirmaatanii fi fayyadamaa tajaajilichaa turan akka ibsanitti waanti hundumtuu ariitiin kan geggeeffamuu fi himatamaan abukaatoo amanuun iccitii dhimma isaa sirriitti ibsuuf yeroo kan hin arganne ta'uu ni kaasu.[56]

Daataan bifa bargaaffin ogeessota irraa sassaabames haaluma yaada kana utubuun abukaatoon ittisaa fi himatamaan kan walargan dhaddacha irratti gaafa dhagaha duraa ta'uu agarsiisa. Hirmaattota qorannichaa bargaaffii guutan 74'f gaaffiin "abukaatoon ittisaa fi himatamaan yoom walargu?'' jedhu dhiyaatee, hirmaattotni 14 (%19) beellama duraan dura yoo jedhan, 53

[54] Qaasim Jaarsoo Pirezadaantii M/M/A Xiyyoo af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Leenchoo Bushraa A/Seeraa M/M/A Shaashamannee af-gaaffii gaafa 15/05/2010 gaggeeffame.

[55] Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, waliin maree gaafa 25/5/2010 geggeeffame. Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabii Eda'oo fi Abbooyyee Lammaa Abukaatota ittisaa M/M/O/G/Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010; Sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame. Yidnaqaachoo Alamuu Vs. A/Alangaa God/Har/ Lixaa MMO God/Har/Lixaa Lakk. Galmee 44195.

[56] Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

(%72) immoo beellama dhagaahaa irratti jedhaniiru. Hirmaattotni 6 (%8) immoo beellama duraan booda jechuun yoo deebisan, hirmaataan 1 yaadaa hin kennine. Kunis himatamaa fi abukaatoon yeroo hedduu jalqabaaf kan walargan beellama dhagahaa irratti ta'uu agarsiisa. Himannan abbaa alangaas abukaatoo ykn himatamaa akka dhaqqabu kan taasifamu dhaddacha irratti dha. Himatamaa fi abukaatoon ittisaa yeroo gahaa fudhatanii akka qophaa'anii dhihaataniif dhaddachi yeroo kennaa jiraachuu galmeen hin agarsiisu.[57] Abukaatoon ramadamus yeroo gahaan naaf haa kennamu jechuun hin gaafatu.[58] Maneen Murtii tokko tokko keessatti himatamaan abukaatoo isaa waliin mari'atee akka dhihaatu yeroon ykn beellamni ni kennama. Sirni kun garuu galmee galmeetti ykn dhaddachaa dhaddachatti ykn abbaa seeraa abbaa seeraatti garaa garummaa qaba.[59] Waliigalatti, abukaatoon himatamaaf ramadame yeroo falmiif qophaa'uuf isa barbaachisu gahaan kennamaafii hinjiru.

### 4.6. Iddoo Mijataa Qabaachuu

Abukaatoo fi himatamaan iccitii marii isaanii haala eeggateen mari'achuu qabu. Kanaaf bakki mariif mijataan mijaa'uufii qaba. Qabatama jiruun abukaatoo fi himatamaan yeroo hedduu waajjira abukaatootti ittisaatti mari'atu. Yeroo biiroon hojii biraan marii abukaatota biraan qabame abukaatoon ittisaa bakka abban dhimmaa ykn sirreeffamtoonni ta'anitti

---

[57] Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galmee M/MOlaanaa G/I/A/ Booraa, 11763; A/Alangaa vs Indaalee /Misaa/Xilalayee, L/Galmee M/M/G/A/O/N/Finfinnee, 16372; A/Alangaa vs Maree Waalee Gabruu, L/Galmee M/Murtii Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, 16339, gaafa 14/3/2010. A/A vs Asmalash Haayiluu, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 16129.

[58] Abbaa Alangaa vs Obsinee Taarikuu, L/Galmee M/MOlaanaa G/I/A/ Booraa, 11763; A/Alangaa vs Indaalee /Misaa/Xilalayee, L/Galmee M/M/G/A/O/N/Finfinnee, 16372; A/Alangaa vs Maree Waalee Gabruu, L/Galmee M/Murtii Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, 16339, gaafa 14/3/2010. A/A vs Asmalash Haayiluu, M/M/Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, L/G 16129.

[59] A/Alangaa vs Angaasaa Giraany, (fa'a n-4), L/Galmee M/M/Olaanaa G/W/Lixaa 30904.

himatamaa ni mariisisa.[60] Bakki mijate jiraatus poolisiin sirreeffamaa amanee abukaatootti kennuu iraatti rakkoon ni mul'ata.[61] Dhaddacha irraa gadi bahuun ulaa irratti mariin gabaabaa yeroo taasifamus ni jira. Mana amala sirreessaa fi waajjira Poolisiitti iddoon iccitiin itti mari'atamu hin jiru.[62] Kun qophii abukaatoo irratti dhiibbaa dhiibbaa cimaa hordofsiiseera.

Hirmaattota bargaaffiitiif "himatamaa fi abukaatoon bakka mijataa fi iccitii isaa eeggatetti walarguu?'' gaaffiin jedhu dhiyaatee hirmaattotni 30 (%40.5) eeyyee yoo jedhan, 43 (%58) immoo lakk jedhaniiru. Hirmaataan tokko yaada hin kennine. Daataan kun bakka hedduutti haalli mijate kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Kun bu'a-qabeessummaa hojii abukaatoo irratti dhiibbaa kallattii fi salphaa hin taane kan dhaqqabsiisaa jiru dha.

### 4.7. Yeroo Qophii Falmiif Kennamu

Gahuumsi falmii abukaatoon ittisaa geggeessu qophii taasisu irratti hundaa'a. Kanaaf abukaatoon falmii gaggeessu irratti qophii gahaa taasisee akka dhiyaatu yeroo gahaan kennamuufi qaba. Daataan bifa gara garaatiin qorannoo kanaaf walitti qabame akka agarsiisutti qabatamaan yeroon qophiif kennamu gahaa miti. Keessattuu yakkoota sasalphaa irratti yeroon qophii hin barbaachisu jedhamee waan tilmaamamuuf battalumatti dhaddacha irraa gadi bahuun abukaatoo fi himatamaan waliin mari'achuun akka dhihaatan

[60] Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa. Kabbabaa Gaaramaa, Tasfaayee Asfawuu, Tasfaayee Fayisaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame.

[61] Gabbii Eda'oo, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010, Sulxaan Mohaamad, Addee Salaam Asmaamaawu abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Baalee af-gaaffii gaafa 29/05/2010

[62] Fayisaa Galataa (fa'a N-5), sirreeffamtoota seeraa M/A/S/G/Arsii Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 16/05/2010 taasifame; Xayiib Amaan, (fa'a n-10) Sirreeffamtoota seeraa M//Si/G/Har/Lixaa tajaajila abukaatoo ittisaa argatan waliin marii garee gaafa 2/05/2010 taasifame.

taasifama.[63] Haata'u malee, yakkoota walxaxoo ta'an irratti abukaatoon ittisaa yeroon naaf haa kennamu jedhee yoo gaafate dhimmichi beellamamee abukaatoon himatamtoota waliin mari'atee qophaa'e akka dhiyaatu dhaddachi ni hayyamaaf.[64] Ta'us, abukaatoon yeroon naaf haa kennamu jechuun gaaffii dhiheessaa hin jiru.[65]

Yeroon abukaatoo ittisaaf kennamus dhaddacha irraa gadi bahuun daqiiqaa shanii hanga kudhanii qofa akka mari'atan kan hayyamamu dha.[66] Turtii yeroo qophii kennamuu ilaalchisees komii dhihaatu yeroo hedduu hin mul'atu. Himatamaa fi abukaatoon ittisaa battalumatti dhaddacha irratti walarganii mari'atanii akka dhihaatan taasisuun tajajilli kennamaa jiru ulaagaa guutuuf qofa kan fakkatu dha.[67] Galmeelee ilaalaman irraa kan hubatamu, abukaatoon ittisaa fi himatamaan dhaddacha irratti akkuma wal arganiin battalumatti himatamaa waliin mari'achuun jecha amantaa fi

---

[63] Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame; Kaasaahuun Gaaddisaa fi Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame; Shaambal Qajeelaa, fi Asaamminew Raggaasaa, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[64] A/Alangaa vs Daanddi/Dassaaleny, Ambassee Tamasgeen, waaqjiraa Shibbiruu, Eliyaas Jibiriil fi Toofiq Shamsuu, M/Murtii Olaanaa G/W/Lixaa, L/G 35335, gaafa 02/02/2010.

[65] Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 40941, Yidnaqaachoo Alamuu Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 44195, Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 30730, Saadaam Namooffaa N-7 Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49509, Isqeel Gabramadiin (fa'a N-5) A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907.

[66] Masfin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame. Kiflee Zawudee, Abaajaal Abbaa gunbul, Katamaa Taammanaa, Abdoo Abbaajihaad, Toofiq Nuuraa, Huseen Fayyisaa, Abbatamaam Abbaagumbul, Umar Abbaabiyyaa, Maahamad Abdiisaa, Soorsaa Waaqumaa, Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame.

[67] Pheexiro, I/Gaafatamaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame. Maree sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawaa Lixaa waliin gaafa 5/5/2010 geggeeffame. Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

waakkii himatamaan akka kennu fi ragaa abbaa alangaa dhagahuun kan itti fufu ta'uu dha.[68]

Walumaa galatti kan hubatamu abukaatoon ittisaa dhimmoota irratti dhihaatee falmu keessa isaa beekee osoo hin taane himatamaaf abukaatoon dhaabbateera ulaagaa jedhu guutuuf qofa kan raawwatamu ta'uu dha. Kunis bu'a-qabeessummaa tajaajila abukaatoo ittisaa irratti dhiibbaa cimaa fideera.[69] Rakkoo yeroo hedduu sababa kanaan uumamu keessaa tokko qorannoon dhaddacha irratti gaggeeffamu laafaa ta'uu,[70] gaaffiin qaxxaamuraa ragoota abbaa alangaaf irratti dhiyaatu karaa dhugaa baasuu danda'uun dhiyaachuu dhabuu,[71] mirgoota himatamaa gara garaa eegsisuu dadhabuu[72] kkf caqasuun ni danda'ama.

---

[68] Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa Lakk.Galmee 40941; Husseen Abdulsattaar Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii Lakk.Galmee 49179; Jamaal Tibeessoo Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee 31160, Iyyaasuu Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee 13163, Jarjaree Looseeffaa N-4 Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk. Galmee13052,

[69] Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa fi Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irra kan fudhatame; Geetaanee Baqqalaa (fa'a n-10) Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, waliin maree Garee gaafa 25/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[70] Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame; Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa; Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Jimmaa, Maree gaafa 23/5/2010 geggeeffame; Maree Garee Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/I/A/Booraa, waliin gaafa 25/5/2010 geggeeffame.

[71] Dasaalany Gurmu Vs. A/Alangaa G/Gujii MMO God/Gujii, Lakk.Galmee13345, Isqaa'eel Gabramadiinffaa N-5 A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 48907, Shukrii Ibraahim Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee25103, Abdallaa Ahimad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk. Galmee 13794.

[72] Adam Mohammad Vs. A/Alangaa G/Har/ Lixaa MMO God/Har/ Lixaa, Lakk.Galmee 40941; Gabbitee Bulchaa Vs. A/Alangaa G/Arsii Lixaa MMO God/Arsii Lixaa, Lakk.Galmee30730; Saadaam Namooffaa N-7 Vs. A/Alangaa G/Arsii MMO God/Arsii, Lakk.Galmee 49509; Sisaay Gizaawu Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee Lakk. Galmee 25273, Zanabaa Taaddasaa Vs. A/Alangaa G/Baalee MMO God/Baalee, Lakk. Galmee 25351.

### 3.8. Baay'ina Hojii Abukaatoo Ittisaa

Baay'inni hojii abukaatoon ittisaa qabu bu'a-qabeessummaa hojii isaa irratti dhibbaa kallattii akka qabu ni beekama. Qabatama Naannoo Oromiyaa yeroo ilaallu abukatoon tokko yeroo hanganaa keessatti galmee hagas hojjechuu qaba jechuun daangaan kaa'ame hin jiru. Kanaaf, qabatama jiruun baay'inni galmee abukaatoon tokko yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti hojjetu haala hojii dhaddachaa fi galmee beellama irra jiru irratti hundaa'a.[73] Baay'inni hojii jiruu fi humni namaa yeroo ammaa hojiirra jiru wal hin madaalu waan ta'eef sababa abukaatoon dhabamuutiin beellamni yeroon jijjiiramuu fi ragaan dhihaates osoo hin dhagahamin haalli itti deebi'u ni jira.[74] Baratama jiruun dhimma abukaatoon biraa irratti ramadamee jiruu fi sababa gara garaan yoo irratti argamuu hin dandeenye abukaatoon biraa akka bakka bu'ee seenee dhaddacha irratti falmu ni taasifama. Abukaattotni jiran hojiin qabamanii kan jiran yeroo ta'u immoo beellama geeddaruun guyyaa biroo dhimmichi akka keessummeeffamu ta'a.[75] Sirni baay'ina hojii abukaatoo ittisaa to'achuuf dandeessisu hin jiru.

---

[73]Dirribaa Fayyeeraa, Abbaa Seeraa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame; Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame; Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010; Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Gabbii Eda'oo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010.

[74] Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame; Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame; Kabbabaa Gaaramaa (B/Bu'aa abukaatoo ittisaa) fi Tasfaayee Asfawuu, Abukaatoo Ittisaa SM/Murtii Olaanaa G/A/O/N/Finfinnee, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame. Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010.

[75]Nigaat Kabbadaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Geetaahuun Ijaarsaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Gujii af-gaaffii gaafa 22/05/2010, Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Abbooyyee Lammaa Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii af-gaaffii gaafa 07/05/2010.

Baay'ina hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee ogeessotni bar-gaaffii deebisan gaaffii "baay'inni hojii fi baay'inni abukaatoo jiruu walmadaalaa?" jedhuuf deebii yeroo kennan hirmaattotni 8 (%11) eeyyee, 64 (%86.5) immoo lakki jedhaniiru. Hirmaattotni lama osoo yaada hin kenniin hafaniiru. Dabalataanis gaaffii "abukaatoon ittisaa hojiin kan itti baay'atu yoo ta'e dhimmoota dabalataa fudhachuu diduu ni danda'aa?" jedhuuf deebii yeroo kennan hirmaattotni 12 (%16) eeyyee, 57 (%77) lakki jedhaniiru. Hirmaattotni 5 deebii kennuu irraa of-qusataniiru. Kana irraa kan hubatamu abukaatoon ittisaa bay'ina hojii bu'a-qabeessummaa tajaajila kennuu irratti dhiibbaa qabullee fudhachuuf kan dirqamu ta'uu isaati. Kun ammoo kallattiin qulqullina tajaajila abukaatoon ittisaa himatamaaf kennu irratti dhiibbaa salphaa hin taane kan dhaqqabsiisaa jiru dha.

Heddummina hojii abukaatoo ittisaatiif sababni adda duraan ka'u, eenyu tajaajila kana argachuu akka qabu yookin eenyu akka argachuu hin qabaanne calalliin gaggeeffamu jiraachuu dhabuu dha. Ulaagaaleen seeraan kaa'aman jiraatanis himatamaan abukaatoon ittisaa akka dhaabbatuuf gaaffii dhiheeffannan manni murtii abukaatoon akka dhaabatuuf ajaja. [76] Himatamaan dandeettii abukaatoo dhaabbachuu yoo qabaates abukaatoo bilisaa gaafannaan manneen murtii keenya dandeettii qabaachuu yookin dhabuu isaa qulqulleessuuf hin yaalani.[77]

[76]Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame; Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame; Joonii Bantii, KTAS, Guddataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga, Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa, Mulu'aalem Aragawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame.

[77] Tsaggaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010; Salamoon Magarsaa G/A/Seeraa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010 gaggeeffame.

### 4.8. Abukaatoon Dhimma Eegale Hanga Xumuraatti Hordofuu

Abukaatoon ittisaa falmii eegale hanga xumuraatti akka falmu taasisuun bu'a-qabeessummmaa tajaajilichaa waliin hariiroo kallatti qaba. Qabatama naannoo keenyaa yeroo ilaallu adeemsa idilee keessatti carraan abukaatoon yeroo hedduu wal-jijjiiruu hin jiru. Ta'us, yeroo tokko sababoota adda addaan keessattuu beellama irraa dhaabamuu abukaatoo dhimmicha qabateetiin abukaatoon biraa yeroo ramadamu ni mul'ata. Kunis dhimmichi abukaatoo itti aanutti kan darbu, abukaatoon haaraan sadarkaa galmeen irra jiru ilaalchisee odeeffannoo gahaa osoo hin qabaatiin kan raawwatamu dha.[78] Sirni abukaatoon dura turee fi haaraan odeeffannoo falmichaaf galtee ta'u dursa itti waljijjiiran.[79]

### 4.9. Gahumsa Abukaatoo Ittisaa

Dandeettii abukaatoo ittisaa cimsuuf leenjiin yeroo yeroon kennamuun dirqama. Hirmaattotni afgaaffii deebisan akka ibsanitti, leenjii fi carraan barnootaa abukaatoo ittisaaf qophaa'ee kennamu hedduu hin mul'atu.[80] Abukaatoon yeroo ammaa jiran baay'een isaanii kallattiin ofiseraa seeraa irraa kan guddatan ta'anis dandeettii fi ogummaa falmii dhaddacha irratti gaggeessuu cimsuuf leenjiin itti yaadamee qophaa'ee kennamuuf hin jiru.[81] Abbootii alangaatiif yeroo yeroon leenjiin dandeetti, gahumsaa fi seerota

[78]Kaasaahuun Gaaddisaa, Caalchisaa Tolasaa, Abukaatoo Ittisaa M/M G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[79] Waaqtolaa Waajjiraa, Maree Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Wallagga Lixaa waliin gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[80]Amsaaluu Olaanii, A/A/H/ Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa, MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010, Tsagaayee Ayyichilum G/G/Dhimma Yakkaa MMWO af-gaaffii gaafa 13/07/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[81] Guddataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeffame; Nagaroo Garbaa, A/Adeemsa kenniinsa Murtii Haqaa, W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame; Masfin Nugusaa, Dursaa Garee Yakkaa, Ismaail Abbaabor, KTAS G/Jimmaa, Af-gaaffii gaafa 22/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

haaraa ta'an irratti yeroo kennamu, abukaatoo ittisaaf garuu haala kanaan leenjiin kennamu hin jiru. Kunis abukaatoon ittisaa falmii ga'uumsa qabuu fi yaada dorgomaa ta'e qabatee himatamaa akka bakka bu'uu hin dandeenye dhiibbaa uumeera.[82] Hirmaattotni bargaaffii gaaffii "gahuumsa abukaatoon ittisaa falmii gaggeessu keessatti agarsiisu akkamitti madaaltu? jedhamee gaafatameef hirmaattotni 49 (%66) Jiddu galeessa jechuun yoo sadarkeessan, 13 (%17.6) gadi aanaadha jedhaniiru. Hirmaattotni 10 (%13.5) olaanaa, 1 (51.4) baay'ee gadi-aanaa jechuun sadarkeessaniiru. Hirmaatan 1 immoo yaada hin kennine. Daataan kun gahumsi hojii isaanii raawwachuuf abukaattotni ittisaa qaban jiddu galeessaa fi gadi aanaa ta'uu kan agarsiisu dha. Kunis gahumsa abukaatoo ittisaa irratti hojiin hojjetamaa jiru laafaa fi kan qaama waliin falmii gaggeessanii (abbaa alangaa) waliin kan walgitu akka hin taane ni agarsiisa.

### 4.10. Sirna Fayidaa fi Haala Hojii Mijataa

Qabatama gama kanaan akka naannoo keenyaatti jiru yeroo ilaallu ogeessotni hedduun yeroo ammaa abukaatoo ittisaa ta'uun tajaajilaa jiran ofisera seeraa irraa kan fudhatamaniifi faayidaa fi mindaa iddichi qabu osoo hin argatni kan hojjetani dha. Kana waan ta'eef kaka'umsi hojii fi fedhii isaan qaban gadi bu'aa dha. Kunis bu'a-qabeessummaa tajaajila kennanii keessatti dhiibbaa mataa isaa qaba.[83] Godinaalee kudhan qorannoon kun ilaale keessatti abukaattota ittisaa 22 adda bahan keessaa 5 (%23) bakka bu'iinsaan kan hojjetani dha. Kun xiyyeeffannoon hojichaaf kenname gadi

[82]Mangashaa Guddataa A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Gujii Af-gaaffii gaafa 22/05/2010; Addee Masarat Tiksee A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010; Mallasaa Wadaajoo A/Ad/ Ken/ Haq/ Waj/ Haqaa God/ Arsii Af-gaaffii gaafa 07/05/2010; Naahooma Waaqumaa B/B itti Gaf/Waj/Haqaa Go/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010.

[83] Mikaa'el Geetahuun, Pirezidaanti M/Murtii A/Gimbii; Giraany Margaa Abbaa Seeraa Dhaddacha Yakkaa, Af-gaaffii gaafa 8/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

aanaa ta'uu agarsiisuu irra darbee qulqullina hojichaa irrattis dhiibbaa ni olaanaa kan qabu dha.

### 4.11. To'annoo fi hordoffii Geggeeffamu

Hojiin abukaatummaa akkuma hojii ogummaa seeraa biroo hojii naamusaa fi itti gaafatamummaa addaatiin raawwatamuu barbaadu dha. To'annoo fi hordoffii naamusa abukaatoo ittisaa ilaalchisee sirni diriiree jiru laafaa dha. Haa ta'u malee, mannen murtii tokko tokko keessatti deeggarsaa fi naamusa abukaatoo ittisaa irratti galtee fudhachuuf yaadamee murtiin erga kenname booda abbootii dhimmaa fi sirreeffamtoota dubbisuun ni jira.[84] To'annoo fi hordoffii taasifamuu qabu ilaalchisee pirezidaantoonni, dursaan garee yakkaa, abbaan adeemsa KTAS fi ogeessotni dubbifaman akka kaasanitti naamusa abukaatoo ittisaa eenyu hordofuu akka qabuu fi itti gaafatamummaan abukaatoo ittisaa maal akka ta'e ifa miti. Kunis hanqinaalee abukaatoon ittisaa agarsiisan tokko tokko to'achuu irratti qaawwa baneera.[85] Akkasumas danbiin naamusaa jiru badii naamusaa qaama kanaan raawwatamuu danda'uu addatti ogummichaan walqabsiisee haala ifa ta'een hin keenye.[86] Hojii abukaatoon ittisaa hojjetu ilaalchise qajeeltowwan naamusaa fi dirqamoonni hojii seeraan ifatti kaa'amanii hin jirani.[87]

---

[84]Bayyanaa Haayiluu, Dursaa Garee Yakkaa M/M Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa.

[85]Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame. Pheexiroos, I/Gaafatamaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame.Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame.

[86] Kumalaa Buusaa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 4/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame; Sanbataa Abdataa, Pirezidaantii M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame irraa kan fudhatame.

[87]Naggasaa Kabbadaa, Abbaa Adeemsa Kenniinsa Murtii Haqaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Shawaa Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame irraa. Joonii Bantii, KTAS, Guddataa Abdataa, Dursaa Garee Yakkaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame.

*"Baay'ina hojii abukaatoo ittisaa ilaalchisee to'annoo fi hordoffiin taasifamu ni jiraa?"* jechuun gaaffii hirmaattota bar-gaaffiitiif dhiyaateef deebiin kenname hirmaattotni 40 (%54) eeyyee kan jedhan yoo ta'u, hirmaattotni 29 (%39) lakki jedhaniiru. Hirmaattotni 5 (%7) gaaffichaaf deebii hin kennine. Hirmaattotni to'annoo fi hordoffiin geggeeffamu jira jedhanis hordoffiin taasifamu galmee ta'uu kan kaasani dha. Kun immoo gahaa akka hin taane kan hubatamu dha. Pirezidaantiilee mana murtiis ta'e abbootiin adeemsa KTAS hojii abukaatoo ittisaa irratti to'annoo fi hordoffiin geggeessan laafaa dha.[88] Hanqina kana irraan kan ka'es sirnaan qopha'uun dhaddachatti dhiyaachuu dhabuu, kaka'umsi jiru laafaa ta'uu, fedhii saal-quunnamtii agarsiisuu, garee faallaa irraa matta'aa fudhachuu fi k.k.f'n akka rakkootti kan mul'atan ta'uu hirmaattotni afgaaffii deebisan ni ibsu.[89] Walumaa galatti yaadotni ka'an kan agarsiisu abukaatoo ittisaa ilaalchisee to'annoo fi hordoffiin geggeeffamaa jiru laafaa ta'uu dha.

### 4.12. Adeemsa Komiin Ittiin Dhihaatuu

Sirni dhagaha komii mirga lammiilee kabachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Qabatama naannoo keenyaa yeroo ilaallu, tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhihaatu irratti sirni komiin ittiin dhihaatuu fi keessumeeffamu ifatti diriiree hin jiru.[90] Abukaatoon ittisaa muudamaa gumii waan ta'eef

---

[88] Sirreeffamtoota M/Sirreessaa G/Shawaa Lixaa waliin maree garee gaafa 5/5/2010 geggeeffame.

[89]Kamaal Bakar I/G/Waj/Haqaa Go/Addaa Adaamaa Af-gaaffii gaafa 30/06/2010; Naahooma Waaqumaa, B/B I/G W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010, Wandawosan Dabbabaa B/B/A/Ad/ Ken/ Haaqaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/H/Lixaa Af-gaaffii gaafa 2/05/2010, Jamaal Abdulqaadir A/Alangaa Waj/Haqaa Go/Baalee Af-gaaffii gaafa 30/05/2010 gaggeffame.

[90]Naggasaa Kabbadaa, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) G/Sh/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 3/5/2010 geggeeffame, Shaambal Qajeelaa, Asaamminew Raggaasaa fi Mulu'aalem Aragaawwii, Abukaatoo Ittisaa M/Murtii Olaanaa G/Wallaga Lixaa, Af-gaaffii gaafa 6/5/2010 geggeeffame.

hanqina naamusaa raawwatuuf karaa garee inispeekshiniitiin irratti qoratamee himannaan naamusaa irratti dhihaachuu akka danda'u ifa dha. Haa ta'u malee, akkaataa amala hojii isaatiin istaandardii tajaajilli abukaatoo ittisaa itti kennamuu qabu, naamusaa fi adeemsa hojii abukaatoo ittisaa fi kkf irratti sirni ifa ta'e jiraachuu dhabuun sirni dhagaha komii ifa ta'e akka hin jiraanne kan taasisu dha.[91]

## 1. Yaadoota Gudunfaa fi Furmaataa

### 1.1. Yaadota Gudunfaa Qorannichaa

Daataa fi xiinxala kutaa armaan olii keessatti ilaalame bu'uura godhachuun yaadotni armaan gadii akka argannoo qorannichaatti teechifamaniiru.

- Caasaan abukaatoo ittisaa diriiree hojiirra jiru akkaataa barbaadamuun bu'a-qabeessa kan hin taanee fi mirga lammiilee sadarkaa barbaadamutti kabachiisuu kan danda'e miti. Kunis sababoota hedduu irraa kan maddu dha. Isaan kana keessaa tokko qaamni kun bilisummaa ogummaa, bajataa fi gurmaa'insa barbaachisaa dhabuu dha.
- Abukaatoon ittisaa humna namaa guutuu fi hojjetaa deggersaa guutuu garichaaf barbaachisu dhabuu, bulchiinsaa fi bajataan of danda'uu dhabuun isaa qaamni kun bilisummaa ogummaa akka hin qabaanne taasiseera. Abukaatoon ittisaa bajata hoji adeemsiftuuf of danda'ee ramadamu hin qabu. Kunis gahuumsa hojii abukaatoon ittisaa dhaddacha irrattii fi alatti geggeessu irratti dhiibbaa olaanaa uumeera.

[91] Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Kan Muudamaa Gumii Naannoo Oromiyaa Lakk.2/2001.

- Rakkoon inni guddaan biroo tajaajila abukaatoo ittisaatiin walqabatee mul'atu rakkoo gurmaa'insaa fi dhaqqabamaa ta'uu dhabuu tajaajilichaati. Caasaan jiru sadarkaa aanaatti kan gadi hin buune ta'uu fi tajaajilli kennamu sadarkaa oliyyannootti kan hin jirre ta'uu akka rakkoo gurguddootti ilaaluun ni danda'ama.
- Mirga himatamtootaaf deeggarsa seeraa bilisaa heeraan eegame, tajaajila abukaatoo ittisaa mootummaan dhiyeessuun qofa deebisuun rakkisaa dha. Kana hubachuudhaan hojii abukaatoo ittisaa maloota birootiin deeggaruudhaaf hojiin hojjetame laafaa dha. Keessattuu abukaatoon dhuunfaa tajaajila bilisaa dirqamaa (probono service) sirnaawaa haala ta'een lafa qabsiisuun hin danda'amne.
- Hojii abukaatoo ittisaatiif xiyyeeffannoo gahaa kennuun deeggarsaa fi hordoffii irratti taasisuu irratti laafina bal'aatu jira. Keessattuu sirni baay'inni hojii abukaatoo ittisaa ittiin to'atamu, yeroo abukaatoon ittisaa beeksifamu, ramadamuu fi himatamaa waliin walargu rakkoo bal'aa kan qabu dha. Bakka abukaatoo fi himatamaan itti mari'atan mana murtiitti, waajjira poolisiitti fi manneen sirreessaa keessatti mijeessuu irrattis hanqina guddaatu jira.
- Bay'inni hojii fi baay'inni abukaatoo ittisaa manneen murtii keenya keessa jiru kan wal madaalu miti. Kana malees gahuumsa abukaatoo ittisaa cimsuuf hojiin hojjetame baay'ee laafaa dha. Kunis qulqullina tajaajila abukaatoo ittisaa daran kan gadi buuse dha. Abukaatoon dhaddacha irratti dhihaatee bu'uura seeraan falmii kaasuu qabu hunda kaasee, ragaa dhiheeffachuu qabu hunda dhiheeffatee, aantummaan isaa haqaaf ta'ee falmuu sadarkaa danda'anitti abukaatota gahoomsuun hin danda'amne. Kana malees, ogeessota biroo kan akka ofisera seeraa bakka buusuun akka abukaatoo ittisaatti hojjechiisuun rakkoo gahuumsaa kana caalaatti kan hammeessu dha.

- To’annoo fi hordoffiin bu’a-qabeessummaa tajaajila abukaatoo ittisaa ilaalchisee taasifamu hedduu hin mul’atu. Naamusni abukaatoo ittisaas xiyyeeffannoo argatee irratti hojjetaamaa hin jiru. Sirni gamaaggama karooraa fi raawwii hojii abukaatoo ittisaas xiyyeeffannoo argatee idilaawaa haala ta’een hin gaggeeffamu. Sirni abbaan dhimmaa tajaajila abukaatoo ittisaa irratti komii qabu itti dhiyeeffatee furmaata argatus ifa ta’ee hin diriirre.

### 5.2 Yaadota Furmaataa

Hanqinaalee tajaajila abukaatoo ittisaatiin walqabatanii mul’atan furuuf yaadotni furmaataa armaan gadii akeekamaniiru.

- Abukaatoon ittisaa itti-gaafatamummaa isaa bahachuu akka danda’uuf qaama of danda’e ta’ee akka hundaa’u yookin mana murtii jalatti garee ta’ee akka cimuu fi wantoota hojiif barbaachisan guuttatee akka gurmaa’u taasisuun barbaachisaa dha. Qaama of danda’u ta’ee mana murtii irraa adda bahee akka dhaabbatuuf kan filatamu yoo ta’e itti waamamni isaa Mana Murtiin ala Boordiif ta’uu akka qabu muuxannoon biyyotaa ni agarsiisa. Qaamni kun xiyyeeffannoo dirqama qaamichaaf heeraan kennameef waliin walgitu argachuu dhabuun isaa sirrachuu qaba. Kanaafis caasaan kun diriiree ogeessa hojii waliin walgitu, hojjetaa deggersaa, fi wantootni hojiif barbaachisan guutamuufii qabu. Keessattuu, hojicha raawwachuuf bajatni ramadamu ifatti kan beekamu ta’uu qaba.
- Caasaan abukaatoo ittisaa garee abukaatoo ittisaa ni hundaa’a jedhamuun sanada JBAH keessatti ibsamee jiru qabiyyee caasichaa diriirsee kan ibse waan hin taaneef irra deebi’amee caasicha of dandeessisee diddiriirsee kaa’uu qaba.

- Tajaajilli abukaatoo ittisaa sadarkaa Manneen Murtii jiran hundatti Mana Murtii Aanaa kaasee hanga Mana Murtii Waliigalaatti diriiruu qaba. Caasaan kunis sadarkaa hundatti walitti hidhatiinsa qabaatee dhimmoota oliyyannoo irrattis tajaajilli kun haalli itti kennamu mijachuu qaba.
- Hojiin abukaatoo ittisa diriiree jiru ogeessota gahumsaa fi dandeettii olaanaa qaban hawwachuu akka danda'u mindaa, faayidaa fi kkf'niin hawwataa ta'uu qaba. Sirni guddinaa ifa ta'e, yeroo yeroon raawwatamuu fi ulaagaan isaa beekamaa ta'e diriiree jiraachuu qaba.
- Malootni biroo tajaajilli abukaatummaa ittiin kennamuu danda'u kanneen akka abukaatoo dhuunfaa gargaaramuu bifa sirnaawaa ta'een diriirsuun hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Ta'us ogeessotni biroo hojii kana akka raawwatan yeroo bakka buufaman qulqullinni tajaajilichaa gaaffii keessa kan hin galle ta'uu mirkanaa'uu qaba. Sirni baay'ina hojii abukaatoon tokko yeroo murtaa'aa ta'e keessatti hojjettu ittin to'atamus diriiruu qaba. Kunis kan murtaa'u walxaxiinsa dhimmaa, yeroo barbaachisu, bajata barbaachisu, humna namaa qabatamaan hojiiirra jiru, fi kkf tilmaama keessa galchuun ta'uu qaba.
- Abukaatoon ittisaa qophaa'ee akka dhihaatuuf yeroo gahaan kennamuu qaba. Yeroo hagamtu qophiif gahaa ta'uu danda'a kan jedhu irratti bulchiinsi abukaatoo ittisaa walxaxiinsa, gosaa fi baay'ina hojii abukaatoon yeroo murtaa'aa ta'e keessatti hojjechuu danda'u irratti hundaa'uun sirreeffama barbaachisaa fudhachuu qaba.
- Abukaatoon ittisaa himatamaa waliin dursee walarguun falmiifis yeroo qophii gahaa akka argatu sirni dandeessisu jiraachuu qaba. Himannoon dursee himatamaa akka dhaqqabu adeemsi itti taasifamu akka uumamuu danda'u hojjetamuu qaba. Yeroon qophiif kennamu abukaatoo fi himatamaan tasgabbiin waliin mari'achuuf, ragaa barbaachisu barbaaduu fi kallattii hundaan qophaa'anii dhihaachuuf kan gahu ta'uu qaba.

- Abukaatoon tokko abukaatoo biraatiin haalli itti bakka bu'u yeroo uumamu, sirni ittiin dursanii odeeffannoo waliif kennan jiraachuu qaba.
- Abukaatoo ittisaatiif leenjiin gahuumsa qabu yeroo yeroon qophaa'ee kennamuu qaba. Dandeettii fi gahumssi abukaatoo ittisaa fi abbaa alangaa sadarkaa walfakkaataa irratti akkaa argamuuf leenjiin yeroo yeroon kennamuu qaba.
- To'annoo fi hordoffiin hojii abukaatoo ittisaa kallattiin itti gaafatamummaa abukaatoo ittisaa waliin kan walqabatu waan ta'eef gaheen hojii abukaatoo ittisaa adda bahee kaa'amuun itti gaafatamummaan isaa mirkanaa'uu haala danda'uun kaa'amuu qaba.
- Danbii naamusaa hunda galeessa ta'e kan badii naamusaa abukaatoon ittisaa raawwachuu danda'u haammatu addatti bahuu qaba. Kana amalees, qulqullina hojii, naamusaa fi kkf abukaatoo ittisaa irratti sirni komiin ittiin dhihaatu diriirfamuu qaba.

# HOJII SANADA MIRKANEESSUU FI GALMEESSUU KEESSATTI RAKKOOWWAN SEERAA FI HOJMAATAA MUL'ATAN

Habtaamuu Bultii♣

## 1. Seensa Waliigalaa

### 1.1. Yaada Ka'umsaa Qorannichaa

Hojiin sanadoota mirkaneessuu fi galmeessuu hojii waliigalteewwanii fi hariiroo hawaas-diinagdee qabeenya wajjin hidhata qaban, bu'uura seerri ajajuun raawwatamuu isaanii kan qulqulleessu dha. Hojiin kun mirga qabeenya horachuu fi itti fayyadamuu akkasumas tattaaffii ijaarsa sirna gabaa bilisaa fi bulchiinsa gaarii dhugoomsuu keessatti shoora guddaa qabaata.[92] Bulchiinsa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu keessatti hojiiwwan gurguddoo shantu hojjetama; isaanis: sanada qopheessuu (maddisiisuu), itti fayyadamuu, kunuunsuu (tiksuu), tursiisuu fi dhabamsiisuu dha. Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii ogummaa seeraa, beekumsa hawaasummaa fi hubannoo sirna diinagdee biyyi tokko ittiin gaggeeffamu qabaachuu gaafata. Sanadootni mirkanaa'anii galmeeffaman bakka qulqullina qabuu fi deebi'anii argachuun danda'amutti kuufamuu qabu. Sanadootni kun tartiibeffamanii olkaa'amuun murtiilee hawaas-dinagdee mootummaan kennuuf bu'uura akka ta'anitti guuboo odeeffannoo tokko keessatti qabamanii dhangala'iinsa odeeffannoo mirkaneessuutu irraa eegama.

---

♣LL.B (Yunivarsiitii Haramayaa), LL.M (Public law and Federalism, Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa), Qorataa Seeraa , ILOQHQSO.

[92] Alfred E. Piombiho, Notary public handbook, principles and cases, National Edition: East Coast Publishing, (1997), fuula 37.

Biyyi keenya yeroo adda addaatti seerota sirna hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa bitan tumuun hojiirra oolchaa turteerti.[93] Seerotni yeroo yerootti tumaman qaamolee hojicha hojjetan hundeessaa turaniiru. Yeroo si'anaa kanatti, Ejensiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu sadarkaa Mootummaa Federaalaa fi bulchiinsa magaalaa Finfinnee fi Dirre Dawaa keessatti akka hojjetu aangeffameera. Mootummaan Naannoo Oromiyaas tumaalee garagaraa tumuun hojii kana hojjechaa tureera. Hojiin kun adda durummaan Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaatiin hojjetamaa ture. Labsiin 87/97 kwt 15(13), labsii 105/98 kwt 16(12) fi labsii 163/2003 kwt 22(14/15) irratti qaamni waliigaltee fi ragaa galmeessu Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Oromiyaa akka ta'e tumameera. Yeroo qorannoonni kun gaggeefame bu'uura Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak 199/2008, hojiin kun qaamolee adda addaa kan akka Biiroon Haqaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa, Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii, fi Abbaa Taayitaa Geejjibaatiin hojjetamaa jira.

### 1.2. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffame dha:

- ✓ Akka Naannoo Oromiyaatti, hojiin sanada mirkaneessuu, galmeessuu fi dokmanteshinii uwwisa seeraa kam keessatti gaggeeffama? Sanadootni mirkanaa'anii galmeeffamuu qaban isaan kami?

[93] Fakkeenyaaf, Seera Hariiroo Hawaasaa Lab. Lak. 165/1952, Labsii Lak 8/1980, Labsii 41/1985, Labsii 334/1995 fi Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federalaa, Lab. Lak 922/2008.

- ✓ Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu qaamolee garagaraatiin Oromiyaa keessatti hojjetamuun isaa bu'uura sirna seera biyya keenyaatti attamitti ilaalama? Qaamolee garagaraatiin mirkanaa'uu fi galmaa'uun sanadootaa bu'aa fi miidhaa maalii qaba?
- ✓ Hojii sanada mirkaneessuu, galmeessuu fi dokmanteshinii raawwachuu keessatti baay'innii fi dandeettiin raawwattootaa akkasumas mijaa'inni naannoo hojii gita hojichi barbaadu wajjiin yoo madaalamu maal fakkaata?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa Naannoo Oromiyaa keessatti hojjetamu ilaalchisee hanqinaalee gama seeraa fi raawwiitiin jiran sakatta'ee adda baasuun, qaamolee hojii kana hojjetan dirqama isaan irraa eegamu haala kamiin bahuu akka qabanii fi deeggarsa mootummaan taasisuu qabu maal akka ta'e akeekuun hojiichi qulqullinaa fi saffina barbaadamuun akka hojjetamu gumaacha taasisa.

### 1.4. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun hojiiwwan waliigalteewwanii fi hariirowwan hawaas-dinagdee mirkaneessuu fi galmeessuu irratti xiyyeeffata. Hima biraan, hojiin kaartaa/pilaanii qabeenyaa fi qabiyyee kennuu, hojii galmeessa taatewwan buu'uuraa, hojii investimantii galmeessuu fi kan biroo daangaa qorannoo kanaa ala jechuu dha.

### 1.5. Mala Qorannoo

Gaggeessa qoranannoo keessatti malli qorannoo akkamtaa hojiirra ooleera: labsiilee, dambiilee, qajeelfamoota, maanuwaalota, murtiilee fi barreeffamoota biroo dubbisuun, hoggantootaa fi raawwattootaa wajjiin af-gaaffii gaggeessuun, sanadootaa galmaa'anii ta'anii fi mana murtiin murtiin irratti darbee ilaaluu, fi raawwii gaggeessa hojii mirkaneessuu fi galmeessuu

daawwachuun daataan walitti qabameera. Mala iddattoo kaayyeffataatti fayyadamuun, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Geejjibaa, Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii, Biiroo Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyaa, fi Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa sadarkaa naannoo irra jiran, godinaalee 6 fi aanaalee isaan jala jiran 12[94] irraa daataan walitti qabameera. Hoggantoota waajjiraalee kanneenii 146 fi tajaajilamtoota hojichaa 19 akkasumas hoggantoota Ejensii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa 2 waajjiin af-gaaffiin gaggeeffameera. Hanqinni raawwii hojii sanada irratti haala kamiin akka calaqqisu adda baasuuf sanadootni mirkana'anii fi galmeen mana murtii 92 galtee qorannoo kanaa ta'aniiru. Daawwiin hojii waajjiraalee 41 keesssatti taasifameera. Daataa barruulee, seerota, af-gaaffii, daawii, fi sanadoota mirkana'anii galmeeffama'anii fi galmee mana murtii irraa walitti qabaman bifa wal-unachuu danda'aniin qinda'anii xinxalamaniiru.

### 1.6. Caaseffama Qorannichaa

Qorannoon kun kutaalee afuritti qoodamee kan dhiyaate dha. Kutaan jalqabaa seensa waliigalaa qorannichaa armaan olitti dhiyaate yoo ta'u, kutaan inni lammataa sakatta'a hogbarruuti. Kutaan sadaffaan Xiinxala haala qabatamaa naannoo Oromiyaa kan dhiyeessu dha. Kutaan afraffaa fi inni dhumaa yaadota guduunfaa fi furmaataa qorannichaati.

[94] Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa, Harargee Lixaa, Wallagga Lixaa, Jimmaa fi Godian Addaa Naanawaa Finfinnee akkasumas aanaa Ada'aa, Adaamii Tulluu, Sabbata, Akaakii, Bulchiinsa Magaalaa Ciroo, Hirnaa, Gimbii, Najjoo, Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa, Gommaa, Amboo fi Aanaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo.

## 2. Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa: Sakatta'a Hog-Barruu

### 2.1. Hiikkoo Sanadaa

Guuboon jechoota seeraa, *Black's Law Dictionary* jedhamu, jecha sanada (Document) jedhu bifa lamaan hiikkoo itti kennee jira.[95] Jalqabatti, *document means something tangible on which words, symbols, or marks are recorded jechuun hiikkoo yoo itti kennuu akka hiikkoo lammaffaatti ammoo document is the deeds, agreements, title papers, letters, receipts, and other written instruments used to prove a fact* jechuun ibseera. Akka hiikkoo jalqabaa kanaatti sanadni wanta jajjabaa harkaan qabamuu danda'uu kan jechi, fakkiin yookaan mallattoon irratti bocame ta'ee ergaa guutuu dabarsuu kan danda'uu dha; akka hiikkoo lammaffaa irratti kenname ammoo sanada jechuun barreeffamoota mallatteeffamanii, chaappeffamanii fi qaama biraatti dabarfamanii kennaman, waliigalteewwan, ragaa barreeffamoota abbaa qabeenyummaa fi abbaa qabiyyummaa ibsan, xalayoota, nagaheewwanii, fi barreeffamoota biroo ijoo falmii tokko mirkaneessuuf gargaaranii dha.

Bifa walfakkaatuun, Labsiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Lak 922/2008 kwt 2(1) irratti sanada jechuun barreeffama waliigaltee, barreeffama dhaamoo, barreeffama aangoon bakka bu'ummaa itti kennamu, barreeffama aangoon bakka bu'ummaa ittiin haqamu, barreeffama afaan tokko irraa gara afaan birootti nama hayyama afaan hiikuu qabuun hiikame, waraabbii yookaan garagalcha barreeffamaa, sartiifikeetii barumsaa yookaan leenjii ogummaa, barreeffama hundeeffama waldaa, barreeffama ittiin bulmaata waldaa, qaboo yaa'ii, yookaan barreeffama labsii kanaan akka mirkanaa'uu fi galmaa'uuf dhiyaate kamiyyuu sanada jedhamee fudhatma. Haaluma wal-fakkaatuun, labsiin kaffaltii tambera lak 110/90 labsii galii

[95] Bryan A. Garner (chief editor), Black's Law Dictionary, 7th ed., (West Group), 1999

tamberaa lak 612/2001 fooyya'ee hojiirra jiru sanada jechuun maal akka ta'e kayyoo labsama seerichaan wal-qabsiisee hiikkoo itti kennuu yaaleera. Akka hiikkoo labsii kanaatti, sanada jechuun odeeffannoo barreeffamaa mirgi yookaan dirqamni keessatti hundeeffame, ittiin galmaa'e, ittiin darbe, ittiin dhabamsiifame, hangi isaa ittiin murtaa'e, ittiin tamsa'e yookaan raawwiin jedhame ittiin raawwatame kamiinuu kan hammatuu dha.[96] Hiikkoowwan sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa irratti kennaman walitti hidhanii hiikkoo tokko akka kennan gochuun sanadni maal akka ta'e yoo ibsamu, sanadni barreeffama walta'iinsa namootaa kan wantoota jajjaboo irratti ibsamu ta'ee barreeffama akka ragaatti dhiyaachuu danda'uu dha jechuun ni danda'ama.

### 2.2. Sanadoota Mirkanaa'anii Galmaa'an

Sanada mirkaneessuun wal-qabatee sanadootni bakka lamatti qoodamu: sanadoota fedhii abbootii dhimmaa irratti hunda'anii galmaa'anii fi sanadoota mirkana'an malee fudhatama seeraa hin arganne jedhamu.[97] Bu'uura tumaa seera kanaatiin sanadootni mirkana'an malee seera duratti fudhatamummaa hin qabne akaakuu sadiitu jiru:

a.) seera dhimmi ilaaluun sanada mirkanaa'uu fi galmaa'uu qabu jedhamanii ibsaman
b.) waliigaltee bakka bu'ummaa yookaan waliigaltee bakka bu'ummaa kan diigu
c.) barreeffama hundeeffamaa fi dambii itiin bulmaata waldaalee dha

Tumaaleen seeraa garaagaraa waliigaltee yookaan walta'iinsi namoota gidduutti hundeeffamu qaama aangoo qabu biratti dhiyaatee mirkanaa'uun yoo galmeeffame malee fudhatama hin qabu jechuun bakka itti tuman ni jira. Fakkeenyaaf, waliigalteen kiraa qabiyyee lafa baadiiyaa, akka seerichi

[96] Labsii Kaffaltii Teembiraa, Lab. Lak 110/90 fi lak 612/2001, kwt 2(5).
[97] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 9(1fi 2).

tumutti, seera duratti fudhatama kan qabaatu Biiroo Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa biratti mirkanaa'ee yoo galmaa'e qofa fuhdtama argata; waliigalteen osoo seerri kun hin bahiin duraan taasifamanis waajjiratti dhiyaatanii mirkaneeffamuun galmeeffamuu qabu.[98] Waligalteen qabeenya hin sochoone irratti mirga abbaa qabeenyummaa fi itti fayyadama kamiinuu hundeessu, fi waliigalteen qaamni mootummaa tokko dirqama tokko akka raawwatuuf hundeeffamu barreeffamaan ta'ee qaama dhimmi ilaallatu biratti dhiyaatee mirkanaa'ee galmaa'uu akka qabu seerri hariiroo hawaasaa ni akeeka. [99] Barreeffama mormii sanada daddarboo maallaqaa irratti dhiyaatani[100] fi kkf caqasuun ni danda'ama.

Waliigalteen aangoo bakka bu'ummaa hundeessan akaakuu garaagaraatu jira; isaanis, waliigaltee aangoo bakka bu'ummaa idilee (SHH kwt 2179 fi kan itti aanan), waliigaltee bakka bu'ummaa bakka bu'aa hojii daldalaa of-danda'aa (commission agent)[101], waliigaltee bakka bu'ummaa bakka bu'aa daldalaa (commercial agent) [102] , fi waliigaltee bakka bu'ummaa abbaa dhimmaa bakka bu'anii falmii gaggeessuu[103] irratti hundeeffamu kamiyyuu mirkanaa'uu qabu. Barreeffama hundeeffamaa, dambii itiin bulmaata waldaalee, fi fooyya'iinsi isaan irratti taasifamu hundi barreeffamaan qophaa'anii qaamaa aangoo qabu biratti dhiyaatanii mirkanaa'uun galmeeffamuu qabu.[104]

---

[98] Labsii Bulchiinsaa Fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, Lab. Lak. 130/1999, kwt 9(3)
[99] Seeraa Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, kwt 1723 fi 1724
[100] Seera Daldalaa Itoophiyaa, kwt 782
[101] Seera Daldalaa Itoophiyaa, kwt 60-62
[102] Seera Daldalaa Itoophiyaa, kwt 44-55
[103] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa kwt 58, 57 fi 63
[104] Labsii 922/2008 kwt 19 fi Labsii Galmeessa Dhaabbilee Daldalaa lak 980/2008 kwt 15

Maanuwaalii JBAH hojii galmeessaa fi mirkaneessa ragaalee[105] sanada bakka bu'ummaa mirakanaa'uu qaban ni tarreessa: waliigaltee aangoo bakka bu'ummaa waliigalaa fi addaa (SHH kwt 2203/2205), waliigaltee aangoo bakka bu'ummaa maatii gidduutti raawwatu (seeera maatii kwt 58), waliigaltee aangoo bakka bu'umsa abukaattoo (SDFHH kwt 63), waliigaltee bakka bu'ummaa haquu ykn dhiisuuf barreeffama dhiyaatu, waliigaltee bakka bu'ummaa diiguu (SHH kwt 2226) fi kkf dha. Sanadni waliigaltee kan biroo waliigaltee gurgurtaa qabeenyaa wajjiin wal-qabatan yoo ta'an, isaanis, waliigaltee qabeenya hin sochoone dabarsu, waliigaltee gurgurtaa konkolaataa, waliigaltee kennaa konkolaataa, kenna gahee ykn gurgurtaa konkolaataa, gurgurtaa ykn kennaa maashinii ijaarsaa, gurgurtaa ykn kenna dhaaba daldalaa, kiraa qabeenya socho'aa, waliigaltee dabarsa qabeenyaa socho'anii (SHH kwt 1723 fi 2875), waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa mana daldalaa, gurgurtaa ykn kennaa mana kondoominiyeemii (labsii 370/1995 kwt 21), waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa mana waliin ijaaramanii, waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa gahee qabeenya hin sochoonee (SHH kwt 1260-1261), fi kkf dha. Akkasumas, waliigaltee gurgurtaa ykn kennaa mirga liizii (labsii 721/2004 kwt 24) , waliigaltee kiraa qabeenya hin sochoonee (SHH 2896), waliigaltee gurgurtaa, kennaa ykn kiraa qabeenya bu'aa kalaqa sammuu, waliigaltee liqii (SHH 2471), gaa'ila dura qabeenyaa dhuunfaa galmeessisuu, waliigaltee qaxarrii hojii (labsii 377/96), waliigaltee bakka bu'ummaa hojii daldalaa (Seera Daldalaa 328-398), waliigaltee qabeenya qabanii liqii raawwachuu (SHH 2825-3041), waliigaltee mirga ofii qaama biraaf dabarsuu (SHH kwt 1962), waliigaltee mirga qabeenyatti fayyadamuu (SHH kwt 1309), waliigaltee dhaabbata daldalaa keessa beekettii hundeessuu

[105] Maanuwaalii JBAH Hojii Galmeessaa fi Mirkaneessa Ragaalee, W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Oromiyaa (yookin yeroo qorannoon kun gaggeeffamutti Biiroo Haqaa Oromiyaa), 2004.

(Seera Daldalaa kwt 271), waliigaltee kan waliigaltee duraanii fooyyessuuf dhiyaatu, waliigaltee kan waliigaltee duraanii hafaa taasisu (SHH kwt 1819), waliigaltee mirga gahee dhaala keessaa qaban gadilakkisuu (Seera Daldalaa 983), barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata dhaabbilee daldalaa (Seera Daldalaa kwt 284, 298, 313 fi 517), fi kkf dha.

Sanadoota mirkana'anii galmeeffaman keessaa tokko sanada hiikkoo afaanii, garagalcha ykn waraabbii sanadootaa, murtii yaa'ii waldaalee wajjiin walqabatanii dha. Isaanis, garagalcha ykn hiikkoo afaanii, qaboo yaa'ii walgahii dhaabbilee daldalaa, qaboo yaa'ii lammiilee biyya alaa dhaabbilee daldalaa keessa galuu isaanii ibsu, walitti makamuu dhaabbilee daldalaa[106], barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata walitti makamuu dhaabbilee daldalaa ibsan, jijjiiraa kaayyoo hundeeffama dhaabilee daldalaa, diigamuu dhaabbilee daldalaa, hundeeffama, diigumsa fi kiraa waldaalee hawaasummaa akka afooshaa fi iqqubii, fi kkf maqaa dhawuun ni danda'ama. Gama biraatiin sanadni mirkanaa'u kan biroon sanada dhaamoo wajjiin walqabatu yoo ta'u innis dhaamoo ifaan taasifamu (SHH kwt 881) fi dhaamoo kenname haquuf barreeffama dhiyaatu dha.

### 2.3. Seera Adeemsa Hojii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Bitu

Hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu keessatti seerotni raawwatiinsa qabaatan labsiilee hedduu dha. Bara 2008 keessa labsiin Bakka Bu'oota Uummataa Itoophiyaatiin bahe labsiin mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa federaalaa, lak 922/2008, hojii sanada mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa sadarkaa federaalaa fi naannolee keessatti gaggeeffamu akka bituuf tumamee hojiirra oolee jira. Labsichi kwt 3 irratti labsiin kun Ejensii mirkaneessaa fi

[106] Seera Daldalaa Itoophiyaa, kwt 549, Labsii Eegumsa Shammattootaa fi Dorgommii Daldalaa, Lab. lak 813/2006 kwt 9

galmeessa sanadootaa Federaalaa fi qaamolee biroo hojii kan akka hojjetaniif kwt 6 irratti aangeffaman irrattis raawwatiinsa akka qabu tumee jira. Itti dabaluunis, sadarkaa naannootti qaamolee hojii kana hojjetan irratti labsichi raawwatiinsa kan qabu akka ta'e haala ifa ta'een teechisee jira.

Bu'uruma kanaan, Labsiin kun, hojiin sanada mirkaneessuu haala kamiin raawwatamuu akka qabu, sanadoota mirkanaa'uu fi galmeeffamuu qaban kam akka ta'an, seera-qabeessummaa sanadoota mirkana'anii haala kamiin qulqullaa'uu akka qaban, dandeettii fi aangoo namoota sanada irratti mallatteessan akkamiin akka qulqulleeffaman, qabeenyaa fi abbootii qabeenyaa akkamitti qulqulleeffamuu akka qaban, akkamitti kakuu fi sagalee raga-baatotaa fudhuun akka danda'amu, akkamitti sanadootni akka galmeeffaman, bakka hojii idilee ala tajaajilli haala itti kennamu, haala dhorki qabeenya/qabiyyee irra jiru itti qulqullaa'u, fudhatamummaa sanadoota mirkana'anii galmeeffamanii, sanadoota dogoggoraan mirkana'an akkamitti daangessuun akka danda'amuu fi hojiiwwan kkf akkamitti akka hojjetaman ilaalchisee sadarkaa biyyaatti seera raawwatiinsa qabaatuu dha.

Dambii fi qajeelfamni bu'uura labsii kanaatiin gara fuul-duraatti Mana Maree Ministeerotaatiin bahu Oromiyaa keessattis raawwatiinsa kan qabaatu yoo ta'u, Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhimmoota labsiin, dambii ykn qajeelfamni kanneen hin aguugne irratti seera tumuu akka danda'u labsichi kwt 37 irratti aangessee jira. Sirna hojimaata mirkaneessaa fi galmeessa sanadoota ilaalchisee seera bifa labsiitiin bahee jiruu fi gara fuul-duraatti dambii fi qajeelfama mootummaa federaalaatiin bahuu hojmaata naannoo Oromiyaa aguuguu keessatti qaawwa kan qabaatu yoo ta'e Mootummaan Oromiyaa seera qaawwa sana duuchu baasuun seerota Mootummaa Federaalaatiin bahan cinatti seera naannootiin bahus fayyadamuun hojichi qulqullinaa fi saffinaan akka hojjetamu gochuu danda'a jechuu dha.

## 2.4. Kaayyoo fi Barbaachisummaa Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu

Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii waliigalteewwanii fi hariiroo biroo namootni walta'anii hundeessan seeraa fi duudhaa uummataa kan hin faallessine ta'uu, namootni hariiroo sana hundeessan dandeettii fi mirga seerri gaafatu kan qabanii ta'uu, dhimmi irratti walta'an dhorki/daangaa irraa bilisa kan ta'e ta'uu fi maalummaa waliigaltootaa mirkaneessuun sanada waliigaltee ykn hariiroon sun irratti barreeffame amantaan kan irratti gatamu gochuun biyya keessaa fi biyya alaatti fudhatama akka qabaatu taasisa.[107] Hojiin kun hojii hariiroo seera-qabeessa ta'e lammiilee gidduutti akka hundaa'u, qindoominni humna namaa fi maallaqaa akka jiraatuu, fi haqni akka mirkanaa'u kan taasisuu dha.

Qaamni sanada mirkaneessu, hojii mirkaneessuu fi galmeessuu cinaatti garagalcha sanada mirkanaa'ee tokko lakkoofsaa fi guyyaa irratti barreessuun bakka qulqullina qabuu fi salphaatti argamuu danda'u ol kaa'a. [108] Yoo seerri bifa ifa ta'een tumee jiraate, qaamni sanada mirkaneessuuf aangoo qabu sanada mirkaneesse qofa osoo hin taane sanada biroollee simatee ol-kaa'uu danda'a. [109] Waliigalteen namoota gidduutti hundaa'e barreeffamni ibsu harka namoota sanaatti kan hin argamne yoo ta'ellee qaama mirkaneesse bira deemanii garagalcha isaa fudhachuu danda'u; mootummaanis dhimma barbaachisaa ta'ee argame kamirratti fayyadamuu danda'a. Haaluma kanaan, hojiin sanada mirkaneessuu, gama

[107] Moojulii uwwisa seeraa fi dhufaatii seenaa raawwii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu, Ejensii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, Fulbaana 2010, (Finfinnee), Fuula 5.
[108] Fakkeenyaaf, Seera Hariiroo Hawaasaa kwt 903, 962 fi 964, Seera maatii Oromiyaa kwt 65(3), Labsii lak 922/2008 kwt 18
[109] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 18(2)

tokkoon, hojiin mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa hojii amanamummaa fi itti fufiinsa sochii daldalaa mirkaneessu waan ta'eef, invastimantii dagaagsuu keessatti shoora guddaa taphata; guddina misooma biyyaa deeggaruuf hojii hojjetamuu ta'a jechuu dha. Gama biraan, waliigaltee lammiileen taasisan bu'uura seeraa kan qabuu fi mirgaa fi dirqama isaanii kan kabachiisu ta'uu hojiin kun kan mirkaneessu waan ta'eef akkasumas waliigalteen seera duratti fudhatama qabu kun ammoo galmaa'ee kan olka'amu waan ta'eef wal-haaluu fi wal-shakkuu waliigaltootaa kan hir'isuu dha. Kan wal-haalan yoo ta'e ammoo haala salphaa ta'een qaama murtii kennuun murtii haqa qabeessaa fi saffisaa ta'e argachuu waan danda'uuf hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii haqa mirkaneessu kan deeggaruu dha.

### 2.5. Fudhatamummaa Sanadoota Mirkana'anii Galmaa'anii

Hojiin qabiyyee sanada tokkoo mirkaneessuu hojii seera-qabeessummaa fi duudha-qabeessummaa sanadichaa mirkaneessuu waan ta'eef hojii fudhatamummaa sanadichaa mirkaneessuu dha. Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko ragaa amanamummaa guutuun irratti gatamuu fi qaama kamiinuu murtiin irratti dhaabbatamee kennamuu danda'uu dha.[110] Amanamummaa sanada mirkanaa'ee galmaa'e irratti gaaffiin kan uumamu yoo ta'e gaaffii dhiyaatu simatee manni murtii amanamummaa fi fudhatamummaa sanadichaa irratti murtii kenna. Gaaffiin kun haala lamaan dhiyaachuu danda'a: sanadni mirkanaa'ee dhiyaate tokko seeraa ala mirkanaa'e jechuun akka haqamu gaafachuu, fi adeemsa falmii dhimma

[110] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 23; Haata'u malee, sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko seeraa ala mirkanaa'e jedhamee qaama sanadicha mirkaneesseen dorkamee jiru hanga dhorkichi hin kaanetti akka sanadichi hin mirkanoofnetti fudhtamuun fudhatamummaan sanadichaa amantaan guutuun kan irratti hin gatamne ta'a jechuu dha

murtii barbaaduuf dhiyaate tokko keessatti gaaffii amanamummaa sanada mirkanaa'ee akka ragaatti dhiyaate irratti ka'uu danda'uu dha.

Bu'uura yaada isa jalqabaatti, sanadni tokko ogeessota sanada akka hin mirkaneessine dhorkamaniin kan mirkanaa'e yoo ta'e, foormaalitii fi ijoowwan adeemsa mirkaneessa sanadaa keessatti hammatamuu qaban osoo hin hammachiisin kan mirkanaa'e yoo ta'e, fi ragaalee seeraan-ala ta'an dhiyeessuun sanadichi kan mirkanaa'e yoo ta'e namni qabiyyee sanada mirkanaa'ee ykn abbaan qabeenyaa sanadni sun ilaallatuu fi qaama sanada sana mirkaneessa himata mana murtiitti dhiyeessuun sanadni jedhame seera ala kan mirkanaa'e waan ta'eef akka haqamu gaafachuu kan danda'anii dha. [111] Manni murtii akka barbaachisummaa isaatti seeraa fi ragaa rogummaa qaban madaaluun sanada mirkanaa'e akka haqamu fi hin haqamne murtii kenna. Bu'uura yaada lammaffaatti, ijoo falmii biroo irratti falmiin osoo gaggeeffamaa jiruu qaamolee falmii gaggeessan keessaa tokko sanadni mirkanaa'ee akka ragaatti dhiyaachaa jiru fudhatamummaa hin qabu akka ragaatti dhiyaachuu hin danda'u kan jedhu yoo ta'ee dha. Sababa gaaffiin irratti dhiyaate qofaaf, manni murtii waa'ee amanamummaa sanadichaa ijoo falmii kan biraa hin taasisu; ragaan amanamummaa qabu kan dhiyaatu yoo manni murtii haala addaatiin amanamummaan ragaa dhiyaatee irratti falmiin akka gaggeeffamu gochuun akka barbaachisummaa isaatti seeraa fi ragaa irratti hundaa'e murtii dabarsuu danda'a.

### 2.6. Sanadoota Mirkanaa'anii Galmaa'an Dhorkanii Tursiisuu

Bu'uura labsii 922/2008 kwt 25'tti qaamni sanada tokko mirkaneesse yeroo murtaa'aaf hojiirra akka hin oolle daangessuu ni danda'a. Haal-dureewwan

[111] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, Lab. lak 922/2008, kwt 28.

lama guutamanii yoo argaman jechuunis, sanadni jedhamu seeraa ala mirkanaa'ee kan galmaa'e ta'uun ragaa gahaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'ee fi sanadichi atattamaan daangahuu yoo baate miidhaa salphaatti haqamuu hin danda'amne kan geessisu yoo ta'e namni dhimmichi na galcha jedhu yookaan qaamni mirkaneesse kaka'umsa mataa isaatiin sanadichi daanga'ee akka turu taasisuu ni danda'a. Sanadni tokko seeraa ala mirkanaa'ee galmaa'e kan jedhamu raawwattoota sanadicha mirkaneessuu hin qabneen kam mirkanaa'e yoo ta'e, ijoowwan fi foormiilee bu'uuraa qulqullaa'anii mirkanaa'uu qaban osoo hin qulqullaa'iin kan mirkaneeffaman yoo ta'ee fi sanadootni mirkanaa'uu hin qabne kan mirkanaa'an yoo ta'ee dha. Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko aangoo qabeenya tokko qaama biraatti dabarsuu fi gurguruu nama biraa kan gonfachiise yoo ta'e namni sun qabeenyicha qaama biraatti kan dabarse yoo ta'e miidhaan gama kanaan gahuu danda'u salphaatti kan haqamu miti. Hojiin qulqullessa sanada kanaa raawwattoota sadii gadii hin taaneen erga raawwatee booda hogganaa mana hojichaatiin mirkanaa'ee akka dhorkamu ta'a.

Haaluma kanaan, haal-dureewwan lamaan kanneen guutamanii kan argaman yoo ta'e qaamni sanadicha mirkaneesse iyyannoon nama dhimmi isaa ilaallatu yoo dhiyaatee fi kaka'umsa mataa isaatiin sanada mirkaneesse yeroo jiha tokko hin caalleef dhorkee tursiisuu ni danda'a.[112] Sanadni tokko yeroo daanga'ee jiru keessatti akka mirkanaa'ee hin galmeeffamnetti kan lakkaa'amu ta'a jechuu dha.[113] Daangaan yeroo baatii tokkoo akka xumurametti namni dhimmi nagalcha jedhu yookaan sanadichi kaka'umsa qaama mirkaneesseetiin kan daangeffame yoo ta'eef namni na galcha jedhu yoo dhibe mana murtii aangoo qabutti himata dhiyeessuun sanadni

[112] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 28.
[113] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 27.

mirkanaa'ee galmeeffame irratti murtii qaamni mirkaneesse kenne sirrii ta'uu yookaan sirrii ta'uu dhabuu irratti murtii akka kennuu taasifamuu qabu. Manni murtii ragaa dhiyaatuuf irratti hundaa'uun murtii qaama sanada mirkanaa'e daangesse madaaluun sanadicha akka haqamu yookaan murtii qaamni mirkaneesse kenne akka haqamu gochuun murtii kan dabarsu ta'a jechuu dha.

## 3. Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa: Xiinxala Dataa

### 3.1. Hojiiwwanii fi Adeemsa Raawwii Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu

Hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu irratti hubannoon jiru maal akka fakkaatu ilaalchisee gaaffii dhiyaate irratti deebii raawwatootni kennan gar-tokko akka ibsutti hojii sanada galmeessuu malee hojii sanada mirkaneessuu hojjechaa akka hin jirre ibsu. Labsiin lak 199/2008 keewwata garagaraa irratti qaamoleen hojicha hojjetan aangoo ragaalee galmeessuu akka qaban ibsa; aangoo sanadoota mirkaneessuu akka qaban hin ibsu.[114] Itti dabalees, qaamoleen hojii kana hojjetan baay'een *adeemsa/garee galmeessa ragaalee* jedhu qofa qabu. Maqeessa maqaa kana irraa ka'uun ogeessotni hojii kana hojjetan gaheen hojii isaanii hojii sanada galmeessuu qofa irratti kan daanga'e akka ta'etti kaasu. Gama biraatiin, ogeessotni gam-tokko ammo, keessumaa ogeessotni Biiroon Haqaa, hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjechaa akka jiran ibsu.[115]

---

[114] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 19 (7), 24 (17), 27(9), 28(5), fi 38(22)

[115] Obbo Abdukariim Abbaa Diggaa, Abbaa Alangaa BHO (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Adeemsa Galmeessaa Ragalee fi Kennaa Hayyamaa irratti hojetan (14-05-10); Fufaa Laggasaa, ittigaafatamaa kutaa tajaajila seeraa biiroo bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa oromiyaa, 16-7-2010

Adeemsa hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa keessatti hojiiwwan hojjetaman hedduu dha: hojii sanada mirkaneessuu, galmeessuu fi dokmanteshinii jedhamanii bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Hojiiwwan gurguddoo kanneen keessatti hojiiwwan xixiqqaa raawwataman garagaraas jiru. Hojiin sanada mirkaneessuu hojii sanada dhiyaate bu'uura seera rogummaa qabuutiin kan qophaa'e ta'uu, duudhaa uummataa kan hin fallessine ta'uu, dhimmi sanadichi irratti hundaa'u dhorkii/daangaa irraa bilisa ta'uu, eenyummaa, dandeettii fi aangoo seera/waliigaltee irraa madde qabaachuu mallatteessitootaa qulqulleessuun sanadicha mallattessuu hammata. Hojiin sanada galmeessuu ammo hojii tembeera sanadichatti dhoobuu, lakkoofsaa itti kennuu, guyyaa itti barreessuu, galmee haadhoo irratti galmeessuu, chaappaa giingoo, mata duree fi kan waajjirichaatiin chaappessuu ofkeessatti kan qabatuu dha. Hojiin dookmanteeshinii ammoo hojii maqaa wal-taatotaa, lakkoofsa sanadichaa fi guyyaa itti mirkanaa'e kompiteratti barreessuun daataa beeziitti galchuu, sanadicha (*hard copy* isaa) mana galmeetti bu'uura tartiiba/ akaakuu dhimmichaatiin tattiibessanii sheelfii irra kaa’uu qabata.

Adeemsa hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa keessatti, fiixan bahumsa hojichaa fi itti-quufinsa maammiltootaa dabalaa deemuuf, hojichi istandardii kaa’ame keessatti hojjetamaa jiraachuu hordofuuf guca qophaa’e irratti galmeessanii qabachuu, fi posti odiiti gochuu dha. Hojiiwwan olitti eeraman yeroo hangamii keessatti hojjetamanii akka xumuraman guca qophaa’e irratti Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Oromiyaa keessatti bal’inaan kan hojjetamu yoo ta’u waajjiraalee biroo keessatti garuu hojjetamaa hin jiru. Hojiin poosti odiiti gochuu hojii hogganaan waajjiraa ykn abbaan adeemsa hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu istandardii yeroo kaa’ame keessatti hojjetamee xuramuu, hojiin mirkaneessuu seeraa fi mirga maammiltootaa bifa kabajeen hojjetamuu, fi

hojiin galmeessuu lakkoofsa, guyyaa fi chaappaalee barbachisoo ta'an hunda hammatee raawwatamuu isaa qulqulleessuun guca dhimma kanaaf qophaa'e irratti guutee mallatteessee gara nama sanadicha tartiibessee ol-kaa'utti dabarsa. Haa ta'u malee hojiin kun bal'inaa fi qulqullinaan waajjiraalee Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) hunda keessatti hojjetamaa akka hin jirre dawwanna fi af-gaaffii taasifame irraa hubatameera. [116]

### 3.2. Uwwisa Seeraa Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu

Hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu kan gaggeessu seera adeemsa raawwii hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu bituu fi seera bu'uuraa qabiyyeen sanada tokkoo irratti hundaa'uu bituu dha. Seera deemsa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu gaggeessu, yeroo si'anaatti, labsii lak 922/2008 yoo ta'u labsiin kun Oromiyaa keessatti raawwatiinsa akka qabu olitti ilaalleerra. Labsiin kun Oromiyaa keessatti hojiirra akka hin oolle sababootni taasisan bakka gurguddaa lamatti qoodamu: hubannoo fi xiyyeeffannoo ogeeyyiin dhimmi ilaallatu seera hojii kana gaggeessu irratti qaban laafaa ta'uu fi labsii kana simatanii hojiirra oolchuu irratti rincicni kan jiru ta'uu isaati.

Sababa isa lammaffaa akka qabxii tokkootti asitti ilaaluuf (qabxiin jalqabaa mata-dureewwan adda addaa jalatti armaan gaditti ilaalameera), hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojiiwwan hariiroo hawaasummaa mootummaaleen naannoo ofiin seera irratti akka baasaniif Heera Mootummaan aangeffaman keessaa isa tokko. Haa ta'u malee, labsiin 922/2008 kallattii Manni Maree Federeeshinii kaa'een gama Mana Maree Bakka Bu'ootaa Uummataan baheera. Kanaafuu, dhimmi kun seera

[116] Rakkoo Hojmaata hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu, Biiroo Haqaa Oromiyaa, bara 2009, fuula 23

mootummaan Oromiyaa baasuun bitamuu osoo qabuu mootummaan Federaalaa seera irratti baasuun isaa sirrii miti yaadni jedhu akka uumamu godheera. Yaadni kun immoo seericha hojiirra oolchuu irratti rincicni akka jiraatu karaa baneera jechuun ni danda'ama.

Sababoota armaan olitti eeramaniif jecha adeemsi raawwii hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu Oromiyaa keessatti labsii, dambii ykn qajeelfama rogummaa qabuun gaggeeffamaa hin jiru [117] ; hojichi guutummaatti JBAH qaamoleen hojicha hojjetan baafatan irratti hundaa'ee gaggeeffama: JBAH gama Biiroo Haqaatiin (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa), seera bu'uuraa dhimma qabiyyeen sanada Abbaan Taayitaa Geejjibaa, Ejensiin Manajimantii fi Bulchiinsa Lafa Magaalaa fi Biiroon Bulchiinsaa Ittifayyadama Lafa baadiyyaa mirkaneessan irratti hundaa'an bu'uureffachuun hojjetama. JBAH qaamoleen kanneen baafatan dhimmoota muraasa qofa kan hammatan, fuula lama-sadii qofatti kan daanga'an yoo ta'u isaan keessaa JBAHn fooyya'iinsa qabu kan Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) ti.

### 3.3. Sanadoota Mirkanaa'anii Galmeeffamaa Jiran

Hojii qorannoo kanaaf akka tolutti sanadootni mirkanaa'uun galmaa'an sanadoota mirga itti-fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa dabarsuu, sanadoota mirga abbaa qabeenyummaa konkolaataa dabarsuu fi kireessuu, sanadoota mirga itti-fayyadama manaa kireessuu, sanadoota mirga abbaa qabeenyummaa manaa dabarsuu, fi sanadota akaakuu garagaraa Biiroon Haqaa mirkaneessuun galmeessu jedhamanii adda qoodamaniiru.

---

[117] Obbo Daani'eel Altaayyee, A/Ade/Gahumsa Konkolaataa Godina Sh/Lixaa fi Tamasgeen Diidhaa, raawwataa galmeessaa fi sakatta'iisa gahumsa konkolaataa godina Sh/Lixaa (04-05-10), Abdukariim Abbaa-diggaa fi Aad. Gannat Tayyee abbootti alangaa BHO (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) adeemsa galmeessa ragalee irra hojetan (14-05-2010).

### 3.3.1. Sanadoota Konkolaataa Ilaallatan Mirkaneessanii Galmeessuu

Konkolaataa ilaalchisee waliigalteen bittaa-gurgurtaa, kennaa, kiraa fi qabsiisanii liqeeffachuu irratti taasifamu Abbaa Taayitaa Geejjibaa Oromiyaatiin mirkanaa'ee galmaa'a.

**a. Kiraa konkolaataa**

Waliigaltee kiraa konkolaataa mirkaneessuu ilaalchisee hojmaatni Abbaa Taayitaatiin diriiree jira jechuun ni danda'ama: maanuwaalii, fi gucni waliigaltee kiraa yeroo gabaabaa irratti guutamu qophaa'eera, kan yeroo dheeraa jiraachuu baatus.[118] Waliigalteen kiraa konkolaata yeroo dheeraa guca waliigalteen yeroo gabaabaa irratti galmaa'u irratti galmaa'aa jira.[119] Haal-dureewwan kanneen yoo jiraatanillee hojiin waliigaltee kiraa konkolaataa galmeessuu bal'inaan hin gaggeeffamu.[120] Bakka muraasaan alatti waliigalteen kiraa konkolaataa yeroo gabaabaas ta'e yeroo dheeraa galma'aa hin jiru.[121] Keessattuu waliigalteen kiraa konkolaataa yeroo dheeraa bakka muraasa qofatti galmaa'aa jira. Itti dabalees, hojiin waliigalteewwan garagaraa konkolaataa irratti raawwatan waan hin galmoofneef, kiraan konkolaataas hojii kooti jedhamee abbaa taayitaatiin galmaa'aa hin jiru; namootni hayyama tokkollee osoo hin qabaatiin hojjechaa akka jiran abbaan taayitaa osoo beekuu hojii kana gara ofiisaatti

[118] Obbo Masfin G/Igzaabiher, Abbaa Taayitaa Geejjibaa Magaalaa Baatuu 26/5/2010.
[119] Waliigaltee Kiraa Konkolaataa Obbo Sayid Muhaammadii fi Waldaa Dhuunfaa I/G/M Booraan Fuudis, ji'oota 11f Abbaa Taayitaa Geeejijbaa Magaalaa Baatuu, gaafa 24/4/2010 waliigalaniiru
[120] Abusalaam Abdurahaman, Abbaa Adeemsa Hojii Gahumsa Konkolaataa, Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Harargee Lixaa, 1/5/2010; Obbo caalaa Garmaamee, Abbaa Adeemsa Hojii Gahumsa Konkolaataa, Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Shawaa Bahaa; Waganee Damisee, raawwataa galmeessa ragaalee abbaa taayitaa geejjibaa GAONF, 7/5/2010
[121] Fakkeenyaaf, sanada waliigaltee kiraa konkkolaataa yeroo gabaabaa abbaa taayitaa geejjibaa godina shawaa lixaa keessatti gaafa 28/7/2008 guyyoota shaniif kenname galmaa'eera.

fudhataa hin jiru. Gama kanaan mootummaan gahee hojii waan hin baaneef namootni dhuunfaa illee tajaajila kiraa konkolaataa argachuuf baay'ee rakkatu.[122]

### b. Bittaa-Gurgurtaa Konkolaataa

Adeemsa raawwii bittaa-gurgurtaa konkolaataa keessatti sanadoota barbaachisan dhiyeessisuun jiraachuu dhorkii qulqulleessuun kaffaltii barbaachisaa ta'e kaffalchiisuun bittaa gurgurtaa dhiyaate mirkaneessu. Gama kanaan hanqinni hojii keessatti mul'atu jiraachuu baatus hojii bittaa-gurgurtaa konkolaataa hojii of-danda'ee dhaabbatu godhanii fudhachuu dhabuun qaama maqaa abbaa libiree (abbaa qabeenyummaa) gara maqaa bitataatti jijjiiruu godhamee fudhatama.

Gumuruk daataa/ragaa konkolaattota biyya keessatti galanii galmeessee interneetii irratti gadi lakkisuun ofii bitaa-gurgurtaa konkolaataa yeroo raawwatu interneetii fayyadama; Abbaan Taayitaa Geejjibaa Oromiyaa sadarkaa aanaa fi godinaa irra jiran garuu ragaa interneetiitti fayyadamuuf carraa hin qaban.[123] Adeemsi kun ragaa sobaaf waajjirichi akka saaxilamuu fi raawwiin hojichaa akka harkifatu taasisa. Guci bittaa-gurgurtaa abbaan taayitaa gadi dabarsee fi JBAHn hojiirra jiru waliigaltee gurgurtaa konkolaataa irratti haatiwarraa/abbaawarraa dhiyaattee/dhiyaatee mallatteessuu akka qabdu/qabu hin ibsu; seerri garuu kana akka raawwatan ni dirqisiisa.[124]

---

[122] Obbo Caalaa Garmaamee, Abbaa Adeemsa Galmeessa Ragaalee Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Shawaa Bahaa (14/5/2010)

[123] Obbo Caalaa Garmaamee, abbaa adeemsa hojii gahumsa konkolaataa, Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Shawaa Bahaa 14/5/2010; Abusalaam Abdurahaman, abbaa adeemsa hojii gahumsa konkolaataa Abbaataayitaa Geejjibaa Godina Harargee Lixaa, 1/5/2010

[124] Obbo Dajanee Tamiruu, abbaa adeemsa waliigaltee dhimma konkolaataa waajjira Abbaa Taayitaa Geejjibaa Magaalaa Sabbataa, 8/5/2010

### c. Kennaa Konkolaataa

Kennaa konkolaataa ilaalchisee sanadootni akka mirkana'aniif dhiyaatan akka kennaatti mirkana'anii galma'aa hin jirani. Akka namootni af-gaaffii deebisan ibsanitti, hojmaatni kennaa konkolaataa ittiin mirkaneessanii galmeessan diriiree waan hin jirreef bu'uura hojmaata bittaa-gurgurtaa konkolaataatiin gaggeeffamaa jira. Kennaa fi gurgurtaa gidduu garagarummaan waan jiruuf haala tokkoon akka raawwataman taasisuu keessatti dhimmi akka rakkinaatti ilaalamu baay'ee dha. Seerri bittaa-gurgurtaa bituu fi seerri kennaa bitu gargar jiru; kennaan sochii dinagdee keessaa akka tokkootti kan lakkaa'amu miti waan ta'eef bu'uura SHH kwt 2427 fi 2443-2446 bituun gaggeeffama: waliigalteen gama kanaan taasifamu bu'uura seera dhaamoo ykn seera bittaa-gurgurtaa qabeenyichaa bituun raawwatamuu danda'a. Namni tokko konkolaataa nama biraatiif kennaan dabarsuu kan barbaadu yoo ta'e bu'uura bittaa-gurgurtaa ittiin raawwataniin idaa konkolaaticha irra jiru hunda kaffalee xumuruutu irraa eegama; idaa wajjiin nama biraatiif konkolaataa kennuun hin danda'amu. Adeemsi kun garuu nama kennaa raawwatu qofa osoo hin taane nama kennaan sun raawwatamuufis kan miidhuudha.[125]

### d. Konkolaataa Qabsiisanii Liqeeffachuu

Abbaan Taayitaa Geejjibaa Oromiyaa waliigaltee namootni konkolaataa qabsiisanii maallaqa liqeeffachuuf waliigalan galmeessuuf aangoo seeraan argateera; haa ta'u malee, qabatamatti hojii kana hojjechaa hin jiru. Namootni garuu tajaajila kana argachuuf yeroo baay'ee gara abbaa taayitaa

[125] Obbo Caalaa Garmaamee, Abbaa Adeemsa Hojii Gahumsa Konkolaataa Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Shawaa Bahaa 14/5/2010; Abusalaam Abdurahaman, Abbaa Adeemsa Hojii Gahumsa Konkolaataa Abbaataayitaa Geejjibaa Godina Harargee Lixaa, 2/5/2010

kanaa deemuun tajaajilicha kan gaafatan yoo ta'ellee waajjirichi keessummeessaa hin jiru.[126]

### 3.3.2. Sanadoota Mana Magaalaa Ilaallatan Mirkaneessanii Galmeessuu

Waliigaltewwan bittaa-gurgurtaa, kiraa, qabsiisanii liqeeffachuu fi kennaa mana magaalaa namoota dhuunfaa gidduutti gaggeeffaman bu'uura labsii liizii lak 721/2004, dambii bulchiinsa lafa magaalaa lak 182/2008 fi qajeelfamoota lafa magaalaa lak 5/2008 fi 6/2008 bu'uura godhachuun mirkanaa'a. Waliigalteewwan kanneenii fi hanqinaalee hojii keessatti mudatan gabaabinaan akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

**a. Bittaa-gurgurtaa manaa**

Ejensiin Misoomaa fi Manaajmantii Lafa Magaalaa Oromiyaa waliigaltee bittaa-gurgurtaa namootni taasisan bu'uura godhachuun tilmaama qabeenyichaa qaamaan erga ilaalee booda idaa fi dhorkiin mana sanarra kan hin jirre ta'uu qulqulleessee waliigalticha mirkaneessa. Tilmaama ogeessi kenne, istaandardii gatii mana magaalaa sanaa yookaan hanga gatii bitaa fi mirgi manicha walirraa bitan bu'uura godhachuun kaffaltii ashuuraa fi teembiraa raawwachiisa. Haa ta'u malee, hojiin waliigaltee bittaa-gurgurtaa manaa mirkaneessuu qofaatti of-danda'ee kan galmaa'u miti[127]; qaama maqaa abbaa qabeenyaa jijjiiruu fi kaartaa baasuu godhamee itti hojjetamaa jira. Waliigaltee bittaa-gurgurtaa mirkaneessuu keessatti gatii mana gurguramuu adda baasuuf bakka tokko tokkotti gatii waltaatotni dhiyeessan fi tilmaama ogeessi kennu, bakka biraatti ammoo gatii waltaatoni dhiyeessan, tilmaama ogeessi kennuu fi istaandardii gatii magaalaa irratti

[126] Abusalaam Abdurahaman, Abbaa Adeemsa Hojii Galmeesssa Konkolaataa Abbaa Taayitaa Geejjibaa Godina Harargee Lixaa, 1/5/2010

[127] Tashoomaa Dhugaasaa A/Ad/Bul/Qab/Lafaa Bulchiinsa Mag. Amboo fi Kiflee Dagafaa Abbaa Adeemsa Hojii Xiqqaa Galmeessaa Fi Mirkaneessaa Waliigaltee (04-05-10

hundaa'uun gatii manichaa adda baasu. Fakkeenyaaf, Ejensiin Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaa Adamaa, Ciroo, Hirnaa, fi kan biroo adeemsa isa jalqabaa kan fayyadaman yoo ta'u, Ejensiin Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaa Bishooftuu fi Jimmaa ammoo hojmaata isa lammaffaa hordofu.

**b. Kiraa Manaa**

Waliigaltee kiraa mana magaalaa mirkaneessuu kan man jireenyaa fi daldalaa Ejensii Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaatiin mirkanaa'ee galma'aa jira. [128] Ejensiin kun waliigaltee kiraa mana jireenyaa fi daldalaa akka galmeessuu danda'u irratti ogeessotni garagaraa hubannoo gahaa hin qaban jechuun ni danda'ama; ogeessotni Ejensichaa muraasnii fi ogeessotni Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii tokko tokko hojii kana kan hojjetu Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii akka ta'etti fudhatu. [129] Waliigaltee kiraa mirkaneessan lakkoofsaa fi guyyaa addatti itti kennanii galmeessuun hin jiru. Ejensiin misoomaa fi manajmantii lafa magaalaa waliigaltee mana magaalaa irratti taasifamu simatee galmeessu akka danda'u kan aangeffame yoo ta'ellee waliigaltee kennaa manaa fi dhaamoon mana dabarsuu simatanii galmeessaa hin jiran; bakka baay'eetti waliigaltee gama kanaan dhiyaatu ofirraa dhiibu, yookaan bu'uura waliigaltee bittaa-gurgurtaatiin simatanii galmeessu.

---

[128] Obbo Amaanu'eel Bulchaa B/B A/Adm/Hoj/Gal/Mir/Qab/Lafa Magaalaa Gimbii (09-05-10); Gammadaa Buzunee, Ittigaafatammaa Waajjirichaa fi Malkaamuu Waqgaarii A/Adm/Xiq/Gal/Mirk/Waliigaltee Waajjira Bul/Mag/Gimbii (09-05-10); waliigaltee kiraa mana daldalaa Girmaa Laggasaa fi Solomoon Sexxeny gidduutti gaafa 1/5/2010 Wajjira Misoomaa Fi Manajmantii Magaalaa Gimbiitti mirkanaa'e, fi waliigaltee kiraa mana daldalaa Misaa Marshaa fi Hiruut Xaankir gidduutti taasfame ejensii misoomaa fi manaajmantii lafa magaalaa Sabbataa gaafa 24/4/2010 galmaa'e

[129] Adde Geetinnat Fidaa fi Bizuwarqi Mitikkuu, ogeessota galmee fi mirkaneessa waliigaltee qabiyyee lafa magaalaa bishooftuu (22/5/2010), Obbo Lammeessaa Jambaree, abbaa adeemsa bulchiinsaa fi dabarsa manneenii, 21/5/2010

### 3.3.3. Sanadoota Mirga Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Ilaallatan Mirkaneessanii Galmeessuu

Labsiin bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa seera duratti fudhatama kan argatu yoo *Biiroo Qonnaa fi Misooma Baaddiyyaa Oromiyaa* [130] biratti galmaa'ee mirkanaa'e qofa akka ta'e ni tuma. Waliigaltee abbaan qabiyyee tokko abbaa qabeenyaa wajjin hundeessee qabiyyee isaa misoomsuun waliin fayyadamuu, fudhatama kan argatu yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e seerichi ni ibsa.[131] Waliigalteen kennaa ykn dhaamoo qabiyyee lafa baadiyyaa irratti taasifamanii fi waliigalteen qabiyyee walitti siqfachuu galmaa'uu akka qaban labsichi tumuu yoo baatellee, dambiin bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafa baadiyyaa kwt 3(12) ni akeeka.[132]

#### a. Kiraa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Lafti baadiyyaa qonnaan bulaaf kan kennamu inni maatii isaa wajjiin qotee akka itti fayyadamuuf jedhameeti; haa ta'u malee haala addaatiin, fakkeenyaaf, sababa dhukkubaa, umuriin jaajuu, hidhamuu fi kkf jecha lafa isaa kiraa kennee fayyadamuu danda'a. Waliigalteen kiraa akaakuu lama qaba: waliigaltee kiraa bifa aadaatiin gaggeeffamu (waggaa 1-3) fi waliigaltee kiraa bifa ammayyaatiin gaggeeffamu (wagaa 1-15) dha. Qonnaan bulaan tokko lafa roobaa qabu irraa ½$^{ffaa}$ isaa kireessuu kan danda'u yoo ta'u lafa jallisii qabu irraa ammoo ¼$^{ffaa}$ isaa qofa kireessuu

---

[130] Yeroo qorannoon kun gaggeeffamu caaseffamni waajjirichaa jijjiiramuun Biiroon Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa bakka gurguddaa lamatti addaan qoodameera: Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa, fi Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa jedhamaniiru. Mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa dabarsuu irratti kan hojjetu Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa waan ta'eef hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa kan raawwatu isa ta'eera jechuu dha.

[131] Labsii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, labsii lak 130/99, Kwt 10(8)

[132] Dambii Bulchiinsaa fi Itti-Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa, lak 151/2005, kwt 3(12)

danda'a. Lafti jallisii waggaatti si'a 2 ykn 3 qotamuu waan danda'uuf haalli kiraa lafa jallisii itti kennamu lafa roobaarraa adda ta'uu qaba ture, gucni bahee jiru dhimma kana hin aguugu waan ta'eef osoo sirratee mirga wal-taatotaa kabachiisuu cinatti lafa jallisii waliin gahuu irrattis gahee qaba.[133] Lafa qixxee waliin qotuu yookaan kiraa lafaa callaa midhaaniitiin kennamu ilaalchisee waliigalteen dhiyaatu akka hojjetamu Biiroon gucaa fi hojmaata dabarsee jira.[134] Waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa midhaan callaan kennamu garuu bakka muraasa qofatti beekamee mirkanaa'aa jira.

Lafa baadiyyaa kireessuuf qotee bulaan tokko baasii guddaa baasa; fakkeenyaaf, ragaalee, ofii isaa fi- niitii isaa kan dhiyeessu yoo ta'u baasii isaaniitiif gatii guddaa waan kaffalaniif rakkoo kana baqa waliigaltee kiraa osoo hin mirkaneessisin haalli dhiisan jira. Lafa baadiyyaa yeroo waggaa sadii hin caalle qofaaf kireeffachuun kan danda'amu ta'uun yoo ibsameyyuu namni tokko lafa isaa yeroo meeqa irra deddeebi'ee kireessuu akka danda'u seerri hin kaa'u. Qotee bultootni tokko tokko lafa isaanii osoo wal-irraa hin kutiin irra deddeebi'anii kireessu; daangaa dhabuun mirkaneessa waliigaltee akkasii namootni maallaqa muraasaan lafa qotee bulaa harkaa baasuuf mala ittiin carraaqan keessaa tokko ta'aa akka jiru ogeessotni ni ibsu. [135]

### b. Ooyiruu Waljijjiiruu

Ooyiruu walitti siqfachuun bu'aa baay'ee qabaachuu danda'a; kaayyoon isaa lafa qe'eerraa fagoo jiru lafa qe'ee ofiitti dhiyoo jiruun jijjiirachuu waan ta'eef, bu'aan waliigaltee kanaa yeroo qotee bulaan laficha itti hojjetu kan

---

[133] Obbo Hundumaa Kababuu, Ogeessa Safaraa Fi Qabeenya Lafa Baadiyyaa Waajjira Bulchiinsaa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Sabbataa Hawaas, 8/5/2010

[134] Obbo Fufaa Laggasaa, Itti-gaafatamaa Kutaa Tajaajila Seeraa Biiroo Bulchiinsaa Fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa 15/8/2010

[135] Obbo Tseggaayee Raggaasaa fi Girmaa G/Hiwot, raawwattoota dhimma lafa baadiyyaa aanaa Ada'aa 21/5/2010

qusatu dha; lafa kunuunsuu keessattis bu'aa qaba, oomishas ni dabala, wal-dhabdees ni hir'isa, oomisha waliigalaa fi qulqullina isaa guddisuu keessatti gumaacha guddaa qabaata. Garuu bakka baay'eetti hojmaatni kun kan hin beekamnee fi itti hojjetamaa hin jiru. Maanuwalii hojii keessattis hin hammatamne, guci kanaaf qophaa'es hin jiru.[136] Haata'u malee, waliigalteen ooyiruu wal-jijjiiruu Aanaa Ciroo fi Adaamii Tulluu keessatti hojjetamaa akka jiru namootni hojii mirkaneessa sanadaa waajjiraalee kanneen keessa hojjetan ni ibsu.[137]

### c. Mana Jireenyaa Baadiyyaa Wal-jijjiiruu

Qabiyyee lafaa irratti waliigalteen akka mirkanaa'uuf dhiyaatu tokko jijjiirraa mana jireenyaa baadiyyaa kan ilaallatu dha. Namootni mana jireenyaa ni jijjiiranna waliigaltee kana nuuf mirkaneessaa jedhanii gaafatu, qaamni mootummaa garuu hin mirkaneessani. Haata'u malee, haala addaatiin mirga daa'immanii fi dubartootaa kabachiisuuf jecha bulchiinsa gandaa waliin ta'uun waliigaltee dhimma kana irratti dhiyaatu carraan mirkaneeffamu ni jira[138]. Gaaffiin ijoo kanarratti dhiyaatu furmaata tokko akka argatutti qajeelfamni gara fuul-duraatti akka bahu seerri ni tuma, hanga seerri jedhame kun bahutti raawwiin isaa attamitti deemuu akka qabu kallattii kaa'anii itti deemuun barbaachisaa dha.

---

[136] Obbo Hundumaa Kababuu, Ogeessa Safaraa fi Qabeenya Lafa Baadiyyaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Sabbataa Hawaas, 8/5/2010

[137] Qonjit Solomon, Raawwattuu Dabarsa Mirga Itti Fayyadama Lafa Baaddiyyaa fi Firehiwot G/Silaasee, Raawwattuu Hojii Kadastiraalii, Waajjira Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Ciroo, 4/5/2010; Sooressaa Kiisuu, Ogeessa Galmeessaa fi Rikordii Qabiyee Waajjira Bulchinsaa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Adaamii Tulluu , 24/5/2010

[138] Obbo Aabbuu Shumiyyee, Qindeessaa Garee Kadastiraalaa fi Galmee Lafa Baadiyyaa Waajjira Bulchiinsa Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Aanaa Aqaaqii, 30/5/2010

### c. Kennaa fi Dhaamoo Lafaa

Labsiin 130/99 waliigalteen kennaa fi dhaamoo mirga qabiyyee qaama mootummaa biratti galmaa'uu akka qabu hin tumu; dambii 152/2005 kwt 3(12) irratti garuu waliigalteewwan kanneen galmaa'uu akka qaban tuma. Rakkoon gama kanaan jiru tokko dirqama labsiin hin keenye dambiin kaa'uunsaa nama dirqisiisuu kan danda'u ykn kan hin dandeenye ta'uu adda baasuu dhabuu dha. Gama kanaan, ogeessotni yaada lama qabu: waliigalteen kennaa galmaa'u qaba kan jedhu dambii malee labsii waan hin taaneef galmaa'uun dhabuun isaa fudhatamummaa waliigaltichaa irratti dhiibbaa hin fidhu kan jedhanii fi ulaagaalee labsiin teechise irratti hundaa'uun akka galmeeffamu dambiin kan dubbatu waan ta'eef bu'uura dambiitiin galmaa'uu qaba kan jedhan jiru.[139]

## 3.3.4. Sanadoota Adda Addaa Biiroon Haqaa Mirkaneessee Galmeessu

Biiroon Haqaa waliigalteewwan qaamni mootummaa biroo akka galmeessaniif hin aangeffamne hunda simatee mirkaneessuun galmeessuu akka danda'u, labsiin lak 199/2008 ni tuma. Hima biraatiin, Biiroon Haqaa (yeroo ammaa W/ri Abbaa Alangaa Waliigalaa) sanadoota dhimma lafaa, mana, konkolaataa fi hojjetaa-hojjechiisaa wajjiin wal-hin qabanne hunda mirkaneessee galmeessuuf aangoo qaba jechuu dha.

### a. Sanadoota Aangoo Bakka Bu'ummaa Ibsan

Sanadni aangoo bakka bu'ummaa qabeenya/qabiyyee kamirrattiyyuu kennamu hundi Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) tiin akka mirkanaa'u manuwaaliin galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa mana

[139] Obbo Lammaa Tuujii, Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa, 3/5/2010

hojichaa ni ibsa.[140] Haaluma kanaan, waliigalteen bakka bu'ummaa waliigalaa (SHH kwt 2199 fi 2203) fi addaa (SHH kwt 2199 fi 2005) qabeenya kamirrattiyyuu kennuu, waliigaltee bakka bu'ummaa abukaatoo fi abbaa dhimmaa gidduutti taasifamu (SDFHH 57), fi waliigaltee bakka bu'ummaa mana murtii waliif dhabbachuuf firoota gidduutti taasifamu (SDFHH kwt 58) akka kennu maanuwaalichi ni agarsiisa. Manuwaalin ibsuu yoo baatellee, bakka bu'ummaa bu'uura SDFHH kwt 66 namootni waliin bakka tokkotti falmii mana murtiitti dhiyeessan ykn bakka tokkootti waliin himataman nama isaan keessaa bakka isaan bu'u adeemsa itti bakka buufatan yoo ta'u bakka bu'ummaan akaakuu kanaas qabatamatti Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa)n mirkana'aa jira. Hojii mirkaneessaa waliigaltee bakka bu'ummaa fi hanqinaalee hojii keessatti gama kanaan quunnaman akka armaan gadiitti gabaabsinee ilaalla.

- **Sanada Aangoo Bakka Bu'ummaa Waliigalaa fi Addaa**

Sanada aangoo bakka bu'ummaa waajjirri haqaa mirkaneesu keessaa baay'inaan kan dhiyaatan waliigaltee bakka bu'ummaa waliigalaa fi addaa bu'uura SHH kwt 2103 fi 2205 kennamanii dha. Kenna tajaajila mirkaneessa aangoo bakka bu'ummaa kanneenii keessatti iftoomina dhabuu hojmaataa, hubannoo barbaachisu dhabuu raawwattootaa fi dhiyaachuun ragaa sobaa dhimmoota akka hanqinaatti ilaalamanii dha.

Dhimmoota xiyyeeffannaa barbaadan keessaa tokko sanada aangoo bakka bu'ummaa tokko irratti aangoo bakka bu'ummaa garagaraa kennuu irratti garagarummaan hubannoo fi hojmaataa jiraachuu isaati. Waajjirri haqaa duraan aangoo bakka bu'ummaa garagaraa sanada tokko irratti kennaa kan turan yoo ta'u yeroo dhiyoo asitti Biiroon Haqaa sanada tokko irratti aangoo

[140] Maanuwaalii JBAH Hojii Galmeessaa fi Mirkaneessa Ragaalee, Biiroo Haqaa Oromiyaa (2004), fuula 5.

bakka bu'ummaa tokko qofti kennamuu qaba jedhamee leenjii irratti yaadni kennameera jechuun ogeessotni waajjiraalee haqaa ni ibsu[141]. Haa ta'u malee, Ogeessotni sadarkaa Biiroo irra jiran garuu ajaja kana akka hin laatne ni dubbatu.[142] Qajeelfama kenname jedhan kana irratti hundaa'uun waajjiraaleen haqaa sanada aangoo bakka bu'ummaa lama ykn isaa ol qabu bakka baay'eetti simatanii hin mirkaneessan, abbootiin dhimmaa aangoowwan sana sanadoota garagaraa irratti adda baasanii akka dhiyeeffatan ajaju. Haala kanaan sirreessanii yoo dhiyeessan qofa mirkaneessu jechuu dha. Hojmaata kana keessatti qabxiileen xiyyeeffannoo barbaadan adda addaa jiru; isaanis, hojmaatni kun hundee seeraa qabaachuu, mirgaa fi dantaa tajaajilamtootaa kabachiisuu fi qabatamatti raawwiin isaa rakkisaa ta'uu isaati.[143]

Sochii dinagdee yeroo ammaa jiru keessatti aangoo bakka bu'ummaa addaa jedhamee kennamu keessatti aangoon qabeenya sana bulchuu akkasumas gibira mootummaa kaffaluu adda bahee dhimma ilaalamu dhimma bakka bu'ummaan waliigalaa qofatti irratti kennamu ta'aa hin jiru. Kanaafuu bakka buusaan bakka bu'ummaa waliigalaa fi addaa aangoo sanada tokko irratti bakka bu'aaf kan kenne yoo ta'e hojmaata seera faallessu, mirga waliigaltootaa fi qaama sadaffaas kan miidhu miti waan ta'eef fudhatamummaan yaada aangoon bakka bu'ummaa sanadoota garagaraa irratti bitittinaa'ee kennamuu qaba jedhu laafaadha.

---

[141] Adde Badiriyaa Usmaan, Hoggantuu Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Aqaaqii 22/5/2010

[142] Obbo Abdukariim Abbaa-diggaa fi Adde Gannet Tayyee, abbootti alangaa BHO (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Adeemsa Galmeessaa Ragalee irratti hojetan (14-9-10)

[143] Obbo Tafarii Tufaa, Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa Wajjirra Haqaa Magaalaa Baatuu 24/5/2010

Ijoo dubbii armaan olitti ilaallee wajjiin kan walfakkaatu tokko bakka buusaan qabeenya/qabiyyee bakka bu'ummaa irratti kennu hunda adda baasee osoo hin caqasiin dimshaashatti qabeenya/qabiyyee maqaa isaatiin jiran irratti aangoo bakka bu'ummaa garagaraa kennuun wal-qabatee dhimma caqasamuu dha. Oromiyaa keessatti aangoon bakka bu'ummaa haala kanaan kennamuu yoo baatellee bakka bu'iinsa federaalatti kennaman tokko tokko dhimma bakka bu'iinsi irratti kennamu adda osoo hin baasin (hin caqasiin) duuchaatti qabeenyaa fi qabiyyee maqaa bakka buusaatiin bakka kamittiyyuu galma'anii jirani fi fuul-duraatti horataman ilaalchisee bakka bu'ummaa waliigalaa fi addaa garagaraa osoo kennamanii mul'atu. Fakkeenyaaf, Durbee Saamiraawiit Efreem Ayyaanaa abbaa ishee Obbo Efreem Ayyanaa Nagaraa qabeenya socho'aa fi hin sochoone maqaa isheetiin galmaa'ee jiru hunda akka bulchu, akka gurguru, manaa fi qabiyyee akka bitu, cheekii irratti akka mallatteessu, qabeenya qabsiisee ykn osoo hin qabsiisin maallaqa akka liqeeffatuu, nama akka bakka buusu, akka kaasu fi kkf jechuun bakka bu'ummaa kennitee jirti.[144]

Bifa kanaan, bakka bu'ummaa Federaalatti kennamu irratti hundaa'uun bakka bu'ummaan Oromiyaatti haala kanaan akka kennamu kan gaafatamu yoo ta'u, sanadni mirkanaa'ee olii dhiyaatee fi hojmaatni Naannoo keenyaa waan wal hin simneef raawwiin isaa rakkisaa akka ta'etti ka'a. Sanada aangoo bakka bu'ummaa dhiyaate irratti qabeenyi bakka bu'ummaan irratti kennamu kan caqasame yoo ta'e namni bakka bu'ummaa kennu mirga abbaa qabeenyaa ta'uu isaa ibsu sanada rogummaa qabu akka dhiyeesu JBAHn ni

[144] Bakka bu'ummaa Adde Saamiraawiiti Efreem Obbo Efreem Ayyaanaatiif Ejensii mirkaneessaa fi galmeessa sanadoota federaalaatti, lak Q/3339/13/07 gaafa 04/7/07 mirkanaa'ee kenname

gaafata.[145] Qabeenyi bakka bu'ummaan irratti kennamu adda bahee akka kennamu gochuun aangoo kenname sirriitti hubachuu, mirga bakka buusaa fi qaama sadaffaa kabachiisuuf akkasumas aangoo bakka bu'ummaa kenname salphaatti hojiirra oolchuu keessatti gahee guddaa qaba[146]; ija kanaatiin yoo ilaalamu hojmaatni JBAHn diriirse ija gaariitiin kan ilaalamuu dha.

Mata-duree kana jalatti dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu tokko waajjirri haqaa waliigaltee aangoo bakka bu'ummaa kenname tokko yoo mirkaneessu, aangoo bakka buusaan kennu hojii bakka bu'aatiin hojjetamuu danda'u ta'uu erga mirkaneessee booda waliigaltee bakka bu'ummaa dhiyaate mirkaneessuu qaba. Fakkeen, namni tokko qabeenya ykn qabiyyee qabu namni biraa akka bulchuu fi qaama sadaffaatti akka dabarsu akkasumas falmiin qabeenya/qabiyyee sana irratti yoo ka'e isa bakka bu'ee mana murtii dhaabbatee akka falmu kan aangesse yoo ta'e qaamni mootummaa waliigaltee kana osoo hin mirkaneessin dura bakka buusaa fi bakka bu'aa gidduu firomni dhiigaa ykn gaa'ilaa SDFHH kwt 58 gaafatu jiraachuu mirkaneeffachuu qaba. Firooma SDFHH kwt 58 gaafatu osoo hin qabaatiin waliigalteen bakka bu'ummaa bu'uura SDFHH kwt 58 kennamuu qabu bu'uura SHH kwt 2204 fi 2205 tiin mirkana'an hedduu dha.

Seerri hariiroo hawaasaa kwt 2205(2) akka tumutti namni tokko dhimma isa ilaallatu irratti namni biraan mana murtii dhaabatee akka falmu akkasumas qaamolee aangoo abbaa seerummaa qaban biroo bira deemuun dhimma isaa akka raawwachiisu aangessuu akka danda'u ni ibsa. Tumaan seera kanaa

[145] Maanuwaalii JBAH Hojii Galmeessaa fi Mirkaneessa Ragaalee, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaa (2004), fuula 5.

[146] Obbo Baqqalaa Uumaa, B/B/A/A/Hoj/ gahuumsa konkolaataa Bu/Mag/ Amboo ( 03-05-10); Bashuraa Galmaa, a/a fi raawwataa hojii sanada Mirkaneessuu Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Bulchiinsa Magaalaa Dukam (6-6-2010); Kiflee Leellisaa, abbaa alangaa godinaa hojii mirkanneessaa sanadaa irraa yeroo dheeraf hojjeete fi hojjeechaa jiru (3/5/2010).

akka ibsutti aangoo nama tokko bakka bu'anii mana murtiitti ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabutti dhiyaachuun falmii gaaggeessuu fi hojiiwwan isaan hidhata qaban raawwachuuf aangoo bakka bu'ummaa addaa qabaachuun barbaachisaa ta'uu isaati. Hima biraatiin agarsiisuuf, namni tokko nama bakka isa bu'ee mana murtii ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabu dhaabatee isaaf akka falmutti hojii kana maqaa dhahee aangessuu kan danda'u ta'uu aangoo kan kennuuf yoo ta'u, namni inni bakka buusuu danda'us nama isaa wajjiin firooma SDFHH kwt 58 gaafatu qabu ykn bu'uura SDFHH kwt 57 fi 63tti abukaatoo seeraa ta'ee dha. Nama tokko bakka bu'anii mana murtiitti ykn qaama aangoo abbaa seerummaa qabutti falmii gaggeessuuf ulaagaalee SDFHH gaafatu guutuun barbaachisaa dha jechuu dha. Ijoo dubbii kana irratti Manni Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa murtii dirqisiisaa galmee lak 91493 irratti kennee jira.[147] Akka murtii kanaatti namni tokko bu'uura SHH kwt 2205(2) tiin nama firooma dhiigaa/gaa'ilaa SDFHH kwt 58 gaafatu hin guutne isa bakka bu'ee mana murtiitti dhiyaachuun falmii akka gaggeessuuf kan bakka buuse yoo ta'ellee, aangoon kenname mana murtii dhaabbatee falmii gaggeessu isa hin dandeessisu jechuun murtii kenneera. Murtii kana baay'ee bal'isanii hiikuutiin manni murtii nama firooma waliin hin qabne bu'uura SHH kwt 2204 fi/ykn 2205tiin bakka buusuun qabeenya isaa akka bulchu, qaama sadaffaatti akka dabarsu, falmiin irratti yoo ka'e abukaatoo bakka buusuun mirga isaa akka eegsisuuf yoo aangesse, namni bakka bu'e kun abukaatoo bakka buusee mirga abbaa qabeenyaa kabachiisuu hin danda'u jechuun haalli itti murteessan jira[148].

---

[147] Falmii Ayyalee Minamoo vs. Aseffaa Baayyuu, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Galmee Lak 91493, Jildii 6ffaa

[148] Obbo Yoonaas Taaddasaa vs. Baamilaak Alamaayyoo n-3, Mana Murtii Olaanaa Godina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, galmee lak 28998, gaafa 24/4/2010

- **Aangoo Bakka Bu'ummaa Bu'uura SDFHH Kwt 58tiin Kennamu**

Aangoo bakka bu'ummaa addaa keessaa tokko aagoo bakka bu'ummaa obboleessi, obboleettiin, ilmoon (mucaan), abbaan ykn akaakayyuun namaa tokko gatii osoo hin fudhatiin bakka nama sanaa bu'ee mana murtiitti falmii gaggeessuu, himannaa dhiyeessu ykn deebii kennuu dandeessisuu dha.[149] Biiroon Haqaa barreeffama bakka bu'ummaa akkaataa seeraatiin qophaa'e, ragaa bakka buusaa fi bakka bu'aan hariiroo firummaa olitti ibsame waliin qabaachuu isaanii ibsu fi waraqaa eenyummaa isaanii, fi ragaa bakka bu'ummaa irratti kan caqafame qabeenyi ykn mirgi addaa yoo jiraate ragaa abbaa qabeenyummaa/mirgaa / ta'uu mikaneessu kan abbootiin dhimmaa dhiyeessan irratti hundaa'ee bakka bu'ummaa akaakuu kanaa mirkaneessa.[150] Hojmaatni kenniinsa bakka bu'ummaa bu'uura SDFHH kwt 58 kennamu JBAH kanaan barreeffamaan kan diriire yoo ta'ellee raawwii keessatti hanqinaaleen garagaraa ni mul'atu.

Hanqinaaleen gama kanaan mul'atanis bakka bu'umaa akkaataa SDFHH kwt 58 fi SHH kwt 2205 waliin makuun laachuu dha. [151] Keewwatoonni kanneen ergaa fi kaayyoo garaagaraa kan qaban waan ta'eef bakka bu'ummaan kaayyoo keewwattoota kanneenii waliin makuun bakka bu'ummaa bu'uura SDFHH kwt 58 kenname fakkeessanii baasan fudhatama kan qabu miti. Ragaalee barbaachisaa fi ulaagaa barbaachiisaa guutamuu osoo hin qulqulleessiin barreeffama bakka bu'ummaa dhiyaate mirkaneessuun darbee darbee kan mul'atu yoo ta'u keessumaa ragaa sobaa bulchiinsa gandaa irraa

[149] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa, kwt 58(1)
[150] Maanuwaalii JBAH Hojii Galmeessaa Fi Mirkaneessa Ragaalee, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaa (2004), fuula 6
[151] Obbo Tafarii H/Maariyaam, Gaggeessaa Garee Siivilii Mana Murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa fi Faadil Abbaa Tamaam A/Seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa (23-05-10)

firummaa ibsutti bu'uureffamee bakka bu'ummaan kennamu carraa ragaa sobaa irratti hundaa'uu bal'aa kan qabu ta'uun qabatamaan mul'achaa jira.[152]

- **Aangoo Bakka Bu'ummaa SDFHH Kwt 66 Kennamu**

Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt 66 akka ibsutti namootni dhimma tokko irratti waliin himata dhiyeessan ykn dhimma tokko irratti himataman, nama isaan bakka bu'ee waa'ee isaaniitiif falmu bakka buusuu danda'u. JBAH Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) hojmaata bakka bu'ummaan akaakuu kanaa itti kennamu diriirsee kan hin jirre yoo ta'ellee qabatamaan simatee mirkaneessaa jira. [153] Fakkeenyaaf, sanada miseensotni afooshaa muluwangeelii Naannoo Akliloo namoota 18 ta'an falmii mana murtii Aanaa Aambootii qaban ilaalchisee of-keessaa namoota lama Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Ambootti gaafa 23-1-2010 lak WHAA/5107 irratti bakka buusaniiru; akkasumas Aadde Dirribee Fiqaaduu fi aadde Tsehaayi Magarsaa himanna dhimma beenyaa ilaalchisanii nama biroo himatanii turan irratti aadde Dirribeen bu'uura SDFHH kwt 38 fi 66tiin aadde Tsehaayin Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Wallaggaa Lixaatti bakka bu'ummaa lak 00247/3/13/2010 gaafa 20-4-2010 kennameen bakka buusteetti. Haa ta'u malee, ulaagaalee bakka bu'ummaan kun irratti hundaa'uun mirkanaa'uu qabu JBAHtiin hammatamuu dhabuun isaa iftoomina hojii gama sanaan jiru hanqina akka qabaatu gochuutti dabalee qajeelfamoota Biiroon barreeffamaa

[152] Bakka Bu'ummaa Aadde Daraartuu Bantii Obbo Mangistuu Dhiyaanaatiif l-Sh-582/2005 irratti gaafa 10-07-2005 kennamee fi Kifilee Leellisaa Bakka Bu'aa Abbaa Adeemsa Hojii Ragaalee Galmeessuu fi Hayyama Kennuu Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Shawaa Lixaa 3/5/2010 kenname akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

[153] Obbo Mulgeetaa Getaachoo, Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Gommaa (22-05-10), Masarat Guuttanee fi Adaneech Mangistuu, abbootii alangaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Amboo (03-05-10), Guutu Oljiraa, Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Go/W/Lixaa (08-05-10)

ala afaaniin dabarsu hanqina akka qabutti ogeessotni hojii kana hojjetan ni ibsu[154].

- **Aangoo Bakka Bu'ummaa Abukaatoo**

Bu'uura manuwaalii JBAHtiin waajjirri haqaa waliigaltee bakka bu'ummaa abbaan dhimmaa abukaattoof bu'uura SDFHH kwt 57 kennu mirkaneessuuf, barreeffama waliigaltee bakka bu'ummaa waliigaltootni dhiyeeffatan, waraqaa eenyummaa,(paaspoortii ykn hayyama konkolachisaa) bakka-buusaa, fi hayyama abukaatummaa abukaattoo haaromsame barbaachisaa yoo ta'u[155]; dabalataan bu'uura dambii abukaattoo fi barreessitoota dhimmaa lak 177/2006 kwt 29(5) tiin waliigalteen kaffaltii abukaattoo fi abbaa dhimmaa gidduutti raawwatus Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa)'tti dhiyaatee mirkanaa'uu qaba. [156] Haa ta'u malee, waajjirri haqaa hedduun isaanii akka seerri ajajutti kaffaltii tembeeraa kaffalchiisuun waliigalticha mirkaneessaa hin jiran.

Waliigaltee kaffaltii tajaajila abukaattoo ilaalchisee dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu kan biraan dambii kenniinisa hayyama abukaattummaa lak 177/2008 kwt 29(2) irratti falmii yakkaa irratti tajaajila abukaattummaa namni kennu qarshii 50,000.00 ol kaffalchiisuu akka hin qabne teechisee jira; namni qarshii caqasame kana fudhachuun tajaajila kennu mana murtii sadarkaa tokko qofa moo dhimmichi hanga murtii oliyyataa xumuraa argatutti mana murtii sadarkaa hundaa irratti tajaajila kennuu akka qabu adda baasee hin tumu. Biiroon Haqaa dhimmichatti hiikkoo kennuun akka hojjechaa jirutti garuu kaffaltiin tajaajilaa al tokko kaffalamnaan hanga

[154] Obbo Guutu Oljiraa, ittigaafatamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Wallagga Lixaa (08-05-10) fi Habtee Tafarraa A/Seeraa Godina Wallagga Lixaa (08-05-10)
[155] Maanuwaalii JBAH Hojii Galmeessaa fi Mirkaneessa Ragaalee, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaa (2004), fuula 6
[156] Maanuwaalii JBAH, Kanuma olii

dhimmichi murtii xumuraa argatutti mana murtii sadarkaa hundatti dhiyaachuun nama sana bakka bu'uun mirga isaa kabachiisuu akka qabutti itti adeemu; abukaattotni garuu hojmaatni kun mirga isaanii miidhaa kan jiru ta'uu ibsu. [157]

### a. Waliigaltee Aangoo Bakka Bu'ummaa Haquu

Seerri hariiroo hawaasaa kwt 2226 irratti bakka buusaan waliigaltee bakka bu'ummaa kenne yeroo barbaadetti daangaa tokko malee haquu akka danda'u ni tuma; bakka buusaa fi bakka bu'aan yeroo waliigaltee bakka bu'ummaa irratti waliigalan bakka buusaan waliigaltichi fedha isaatiin ykn hayyama bakka bu'aa duuba haquu akka hin dandeenye ilaalchisanii waliigaluu akka hin dandeenye yookaan waliigalteen haala kanaan taasifame seera duratti fudhatama akka hin qabne bifa ifa ta'een ni ibsa. Itti dabalees, garagalchoo tumaa kwt 2227 irra hubatamuu akka danda'utti, yeroon osoo hin ga'iin yookaan haala bakka bu'aa miidhuu danda'uun waliigalteen bakka bu'ummaa kan haqamu yoo ta'e bakka buusaan bakka bu'aaf beenyaa kaffaluu danda'a malee bakka bu'ummicha akka hin haqne kan isa taasisu akka hin jirre ni agarsiisa[158].

Namni bakka bu'ummaa kanaan dura kennee ture haquu barbaadu sanada bakka bu'ummicha ittiin kenne orijinaala isaa qabatee waajjiratti dhiyaachuu qaba. Bifuma wal-fakkaatuun, maanuwaaliin hojmaata kenna tajaajila mirkaneessaa fi galmeessa sanada Ejensii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa gaafa 1/6/2009 qophaa'ee hojiirra oole mata-duree xiqqaa 1.1.5 jalatti namni bakka bu'ummaa kenne haqsiisuu barbaadu sanada bakka bu'ummaa duraan mirkaneessuun galmeessise qabatee dhiyaachuu

---

[157] Obbo Bisiraat Tesfaay'ee, A/S, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, Naatolii Fayyisaa, abukaattoo dhuunfaa (8-6-2010)
[158] Seera hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, kwt 2183

akka qabu ni agarsiisa. Namni tokko sanada bakka bu'ummaa ittiin kenne kan hin dhiyeessine yoo ta'e bakka bu'ummaa kennee turee fi akka haqamu barbaadu akka haqamu gochuu hin danda'u jechuu dha. Hojmaatni kun waajjiraalee haqaa hundatti kan itti hojjetamuu fi hundee kan horate ta'uusa af-gaaffii ogeessotaa wajjiin taasifamee fi iyyatni abbootii dhimmaa ni agarsiisu.[159] Waajjirri haqaa orijinaalli waliigaltee bakka bu'ummaa akka haqamuuf iyyanni irratti dhiyaate qabatee kan argame yoo ta'e malee iyyannoo abbootii dhimmaa osoo hin keessummeessin deebisaa turameera.[160] Haa ta'u malee, Biiroon Haqaa ulaagaa JBAHn teechifamee fi haala baratame irraa adda bahuun komii Obbo Baqqalaa Furii dhiyeeffate irratti hundaa'uun gaaffii ragaa aangoo bakka bu'ummaa haquu abbootiin dhimmaa dhiyeeffatan akkamitti akka keessummeeffamu ilaalchisee kallattii kaa'ee jira.[161] Kallattiin kaaa'ame kun seeraa wajjiin kan deemuu fi itti hojjetamuu kan qabu akka ta'etti kan fudhatamuu dha.

Bakka bu'ummaa haquu ilaalchisee hojmaatni akka hanqinaatti ka'u kan biraan, bu'uura maanuwaalii JBAHn bakka bu'ummaan kan haqamu waajjira bakka bu'ummicha kenne qofa biratti ta'uu isaati. Haaluma kanaan qabatamni jiru akka agarsiisuttis bakka bu'ummaa wajjiirri haqaa tokko kenne Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) biroo biratti haqsiisuun hin

[159] Adde Yoodit Dabalee fi Obbo Siisay Tasfaayee, Abbaa Alangaa Godina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, 8-5-2010; Biiroon Haqaa Oromiyaa xalayaa lak X/A/A356/2010 gaafa 11/03/2010 barreessuun ragaa aangoo bakka bu'ummaa haqu irratti kallattii kaa'e; iyyata Obbo Baqqalaa Furii fi iyyata Obbo Bomsaa Malkaa faa n-2 irratti Wajjirri Haqaa Godina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Xalayaa Lak WHGAONF/09/2010 gaafa 13-3-2010 barra'ee fi xalayaa lak WHGAONF/13/2010 gaafa 20-0-2010 kenname akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama

[160] Obbo Fayyeeraa Dhufeeraa fi Iyyoob Dastaa, Abbootii Alangaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Ada'aa, 22/5/2010

[161] Biiroon Haqaa Oromiyaa xalayaa lak X/A/A/356/2010 gaafa 11/3/2010 Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinneetiif Barreesse

danda'amu[162]; hojmaatni kun garuu mirga abbootii dhimmaa kan miidhuu fi seera jiruu wajjinis kan waliin deemu hin fakkaatu. Seerichi akka tumutti namni bakka bu'ummaa kenne daangaa tokko malee yeroo kamittuu haquu kan danda'u akka ta'etti hangessee kan jiru waan ta'eef, bakka tajaajilichi itti kennamu daangessuun mirga tajaajilamaa kan daangessuu dha.

Abbootiin dhimmaa waajjirri haqaa sanada bakka bu'ummaa ittii kennanii fi bakka bu'ummaa haqaan waajjirri dirqisiisee akka deebisiisu gaafatu.[163] Bakka bu'aan sanada bakka bu'iinsi ittiin isaaf kenname deebisuu akka qabu seerri ni tuma, namni sun sanada isa harka jiru deebisuu yoo baate/ hayyamamaa kan hin taane yoo ta'e, bakka buusaan sanadicha deebisiisuuf mirgaa fi dirqama kan qabu ta'uu seerri hariiroo hawaasa kwt 2226 fi 2185 irratti akeekee jira.

### b. Barreeffama Hundeeffamaa fi Dambii Ittiin Bulmaataa Mirkaneessanii Galmeessuu

Barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata, fi qaboo yaa'ii waldaalee aksiyoonaa, waldaalee dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e, waldaalee shariikaa garagaraa fi waldaalee IMX Biiroon Haqaa mirkaneessuun galmeessuu akka danda'u JBAHn Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) ni ibsa. Barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa dhiyaatan Seera daldalaa Itoophiyaa bara 1952 bahe, labsii hayyamaa fi galmeessa daldalaa lak 980/2008, dambii hayyamaa fi galmeessa hojii daldalaa lak 392/2009 fi qajeelfamoota biroo bu'uura godhachuun kan galmeeffaman ta'a. Hima biraatiin kaa'uuf, barreeffama

[162] Aadde Yoodit Dabalee, Abaa Alangaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina/A/N/Finfinnee.
[163] Obbo Tufaa Abbabee, Hogganaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu, Adam Alii, Abbaa Alangaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Bulchiinsa Magaalaa Ada'aa, 22/5/2010

hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa mirkaneessanii galmeessuuf ogeessotni hojicha hojjetan, waldaaleen sanaaf maqaan daldalaa mogga'uu isaa kan agarsiisu xalayaa waajjira daldalaatii dhiyaate, hanga kaappitaala waldichaa, hanga buusii maallaqaan kaffalamee fi akaakuun dhiyaatee, eenyummaa, baay'inaa fi dandeettii miseensotaa mallatteessanii fi kkf qulqulleeffachuun mirkaneessuu qabu.[164]

JBAHn galmeessa barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa jechuurra mata-duree isaa *galmeessa waldaalee daldalaa* jedha. Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii waldaalee daldalaa galmeessuurraa adda; hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii seera duratti fudhatamummaa qabaachuu barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata waldaa gara fuul-duraatti galmeeffamuuf jedhu mirkaneessuu dha. Haala kanaan, barreeffamuun mata-durichaa adeemsa hundeeffama waldaa irratti hubannoo gahaa dhabuurraa kan madde ta'uutu tilmaamama.

Waldaa dhuunfaa ittigaafatamummaan isaa murtaa'e godinaatti ykn biirootti kan galmaa'u ta'uun isaa ifatti JBAH keessatti waan hin ibsamneef biiroon sadarkaa kanarra jiru ykn sadarkaa sanarra jiru galmeessuu hin qabu jechuun bakka itti walfalmanis jira.[165] Bakka tokko tokkotti godinni waldaalee daldalaa ni galmeesse, bakka biraatti ammoo hin galmeessu; aangoon barreeffama hundeeffamaa waldaa dhuunfaa I/G/M galmeessu godina qofa jedhamee itti fudhatamus jira. Haa ta'u malee, jechi waldaa jedhu (company) dhaabbilee daldalaa lama ofkeessatti hammata- waldaa aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaa ittigaafatamummaan isaa murtaa'e. Bu'uura

[164] Seera Daldalaa Itoophiyaa kwt 284, 298, 313 fi 517; JBAH Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) bara 2004 irra deebiin fooyya'e, fuula 7-8

[165] Obbo Girmaa Baqqalaa fi Amziyaa hajii, Abbootii Alangaa Godina Adda Magaalaa Adaama, fi Kamaal Bakar, Ittigaafatamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Addaa Magaalaa Adaamaa, 21/6/2010

kanaatiin, waldaa aksiyoonaa fi waldaa dhuunfaa I/G/M wajjiirri haqaa godinaa fi biiroo galmeessuuf aangoo ni qaba jechuu dha.

Mata-duree kana jalatti dhimmi akka rakkootti ka'u tokko barreeffama hundeeffama waldaalee IMX mirkaneessuun kan wal-qabatuudha. Akka seerri daldalaa ajajutti barreeffamni hundeeffamaa hanga kaappitaala waldichi ittiin hundeeffamu of-keessatti hammachuu qaba; adeemsa hundeeffama IMX keessatti garuu mootummaan hanga kaappitaala waldichi ittiin hundeeffamu kan hayyamu erga barreeffamni hundeeffamaa mirkanaa'ee waldichis waajjira IMXtti galmaa'ee booda. Biiroon Haqaa adeemsa haaraa fi seera daldalaa wajjiin hin deemne kana hordofee kan mirkaneessu yoota'u miseensota gidduutti waldhabdeen dhimma maallaqaa irratti yoo uumamu barreeffamni hundeeffama isaanii rakkoo kana hin furu; kun ammoo kaayyoo mirkaneessa barreeffamichaa ala ta'a jechuu dha. [166]

### c. Qaboo Yaa'ii Dhaabbilee Daldalaa Mirkaneessanii Galmeessuu

Qaboon yaa'ii murtii abbootii aksiyoonaa yoo ta'u akka dhimma isaatti murtii sasalphaa ykn murtii barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaataa fooyyessu ta'uu danda'a. Kanaafuu, murtiin kenname kun seera qabeessa ta'uusaa adda baasuuf haala yaa'iin itti waamame, bakka yaa'iin itti taa'ame, hanga miseensota dhiyaatanii, eenyummaa fi hanga kaappitaala miseensotni dhiyaatanii fi filatan qaban, sanada abbaa qabeenyummaa qabeenya akaakuun bu'e ibsu, dandeettii miseensotaa fi kkf sakatta'amee qulqullaa'uu qaba. Qaboo yaa'ii mirkaneessuuf, kanaaf, tumaaleen seera daldalaa rogummaa qaban, barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin

[166] Obbo Tafarii Tufaa, Abbaa Adeemsa Murtii Haqaa Kennisiisaa Wajjirra Haqaa Magaalaa Baatuu (26/5/2010), Masarat Guutanee, Itti-Gaafatamtuu Waajjiraa Haqaa Aanaa Amboo (03/05/10)

bulmaata dhaabbatichaa, qaboo yaa'ii waldichi duraan galmeessise wajjiin wal-bira qabuun qulqulleessuun barbaachisaa dha.[167]

JBAHn qaboon yaa'ii dhaabbata daldalaa tokko bakka barreeffamni hundeeffamaa fi dambiin ittiin bulmaata dhaabbatichaa duraan itti galmeeffametti dhiyaatee mirkanaa'uu qaba jedha; qaboon yaa'ii tokko waajjira duraan waldichi itti galmaa'ee jirutti kan dhiyaate miti yoo ta'e, waajjirichi faayilli waldichaa bakka biraatti galmaa'ee jiru gara isaatti achii as dabarsuun sanadoota duraa wajjiin wal-bira qabuun kan galmeessu ta'a; faayilli duraanii achii as dabarsuu kan hin danda'amne yoo ta'e garuu waajjirri qaboon yaa'ii dhiyaateef sun mirkaneessee galmeessuu hin danda'u jechuu dha. Namootni af-gaaffii deebisan hojmaatni Biiroon Haqaa diriirse kun hojii isaaniitti gufuu akka ta'e ibsuun hojmaatni kun seeraa wajjiin kan deemu ta'uusaa gaafatu.[168] Ijoo kanarratti muuxannoo federaala yoo ilaalle, qaboon yaa'ii qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabu kamiiyyuu biratti dhiyaatee mirkanaa'ee galmaa'uu danda'a. Qaamni mirkaneessu sun qaboo yaa'ii dhiyaateef barreeffama hundeeffamaa fi dambii ittiin bulmaata dhaabbatichaa duraan mirkanaa'ee jiru, hayyama daldalaa qaamni dhimmi ilaalu kenne, qaboo yaa'ii dhaabbatichaa duraan galmaa'ee jiru, fi seerota rogummaa qaban hunda wal-bira qabee ilaaluun qaboo yaa'ii sana mirkaneessuu ykn mirkaneessuu dhiisuu danda'a; sana booda akka barbaachisummaa isaatti qaboo yaa'ii mirkanaa'ee galmaa'e qaama dhaabicha hundeesse, qaama barreeffama hundeeffamaa isaanii

[167] JBAH Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) 2004, fuula 9, fi Maanuwaalii Sirna Hojmaata Galmeessaa Fi Mirkaneessa Sanadotaa Ejensii Mirkaneessaa Fi Galmeessa Sanadoota Fedeeraalaa, fuula 23

[168] Obbo Tafarii Tufaa, Itti Aanaa Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Magaalaa Baatuu, (26/5/2010); Girmaa Baqqalaa fi Amziyaa Hajii, Abbootii Alangaa Godina Adda Magaalaa Adaama 5/6/2010

mirkaneessee fi dhaabbaticha keessatti olkaa'uu ni danda'u; adeemsi kun adeemsa deeggarsa seeraa qabuu dha.

### d. Waliigaltee Hojjetaa-Hojjechiisaa Mirkaneessanii Galmeessuu

Waliigaltee qaxarrii hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti taasifamu mirkaneessee akka galmeessuuf aangoon Biiroon dhimmaa hojjetaa fi hawaasummaa Oromiyaatiif kennamee jira.[169] JBAHn Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) bara 2004 irra deebi'in fooyya'ee fi hojmaatni yeroo ammaa kana ittiin hojjetamaa jiru akka agarsiisutti hojiin kun mana hojii kanaan hojjetamaa jira.[170] Hojmaatni kun tumaa labsii 199/2008 kwt 24(17) fi kwt 33(17) cabsuu qofa osoo hin taane, waliigalteen qaxarrii hojjetaa fi hojjechiisaa waajjirri haqaa mirkaneesse, kanneen armaan olitti ibsamanii fi kan biroo, baay'een isaanii mirgaa fi dirqama hojjetaa fi hojjechiisaa diddiriirsanii kan ka'an miti[171]; duuchaatti bitaa fi mirgi waliigaluu isaanii qofa kan dubbatanii dha. Haala kanaan, mirkaneeffamuun waliigaltewwan kanneenii mirgi hojjetaa fi hojjechiisaa waliigaltootaa fi qaama sadaffaa biratti bifa ifa ta'een akka hin hubatamne taasisa; kaayyoon mirkaneessuu-waliigaltichi akka ragaatti akka qabatamu gochuu-haala barbaadameen galma akka hin geenye taasisa jechuu dha.

---

[169] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak 199/2008, kwt 33(17)

[170] Waliigaltee qaxarrii Biiroo Haqaatiin (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) galmaa'an baay'ee keessaa muraasa akka fakkeenyaatti kaasuuf, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) Oromiyaa (09/5/2010) waliigaltee qaxarrii Raaheel Waldee fi Tashomee Ababee gidduutti raawwate, Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Jimmaa (10/5/2010) waliigaltee qaxarrii Biyyaa Billoo fi Badiruu Musaa gidduutti raawwate akkasumas Waajjirri Haqaa Aanaa Gimbiitti gaafa (14/2/2010 Bultumaa Jaallataa fi Addee Abaaboo Baayyuu gidduutti raawwate simatanii mirkaneessuun galmeessaniiru.

[171] Fakkeenyaaf, waliigaltee qaxarrii Badiruu Musaa fi Biyyaa Biloo gidduutti raawwate, Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Jimmaa, lak 0012850 gaafa 10/5/2020 Waliigaltee qaxarrii Obbo Bultumaa Jaallataa fi Aadde Abaaboo Baayyuu, Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Gimbii, lak 03084/2010 (24/2/2010

### 3.4. Sanadoota Mirkanaa'anii Galma'an Dhorkanii Tursiisuu

Qaamni sanada tokko mirkaneesse, haal-dureewwan lama guutanii yoo argaman, yeroo murtaa'aaf sanadichi hojiirra akka hin oolle daangessuu ni danda'a. Isaanis, sanadni jedhamu seeraa ala mirkanaa'ee kan galmaa'e ta'uun ragaa gahaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'ee fi sanadichi atattamaan daangahuu yoo baate miidhaa salphaatti haqamuu hin danda'amne kan geessisu yoo ta'e namni dhimmichi na galcha jedhu yookaan qaamni mirkaneesse kaka'umsa mataa isaatiin sanadichi daanga'ee akka turu taasisuu ni danda'a.[172] Labsiin lak 922/2008 labsii 334/2008 akka bakka bu'u sababoota taasisan keessaa tokko qaamoleen sanada mirkaneessan dogoggoraan sanadni tokko mirkanaa'uu isaa dafanii hubatnaan yeroof sanadicha daangessanii akka tursiisan kan dandeessisu aangoo akka gonfatan taasisuu dha. Qaamoleen sanada mirkaneessan, sanadni isaanii mirkaneessan ragaa sobaa irratti hundaa'ee mirkanaa'uu isaa kallattii adda addaatiin hubachuu danda'u; hubataas jiru. Fakkeenyaaf, itti-gaafatamaan waajjira haqaa sanada mirkanaa'e ofii isaa deebi'ee posti odiitii waan godhuuf sanadni mirkanaa'uu hin qabne kan mirkanaa'e ta'uu hubachuu ni danda'a; raawwataanis sababoota garagaraatiin dogoggoraan sanada hin malle mirkaneessuu isaa booda hubachuu danda'a; namni sanadni mirkanaa'e mirga isaa miidhu kamiyyuu kallattii garagaraatiin sanadni mirkanaa'e ragaa sobaa irratti hundaa'ee kan kenname ta'uu gabaasuu danda'u. Seerotni bu'uuraa fi JBAH qaamoleen sanada naannoo Oromiyaatti mirkaneessan ittiin hojjetan waa'ee aangoo kanaa waan dubbatan waan hin qabneef, hubannoo fi raawwiin dhimma kana irratti jiru garagarummaa kan qabuu fi mirga uummataa kan hin kabachiifne dha.

---

[172] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 25

### 3.5. Sanadoota Seerri Mirkanaa'u Qabu Jedhuu Akka Ragaatti Simachuu

Sanadoota seerri mirkanaa'uu qabu jedhu akka seerri ajajutti mirkana'anii ykn osoo hin mirkanaa'iin akka ragaatti mana murtiitti dhiyaachuu danda'u; sanadoota akkasii keessaa tokko sanadoota mirga qabiyyee lafaa dabarsuu wajjiin walqabatanii dha. Waliigalteewwan mirga qabiyyee lafa baadiyyaa dabarsan- waliigalteewwan kiraa, kennaa, dhaamoo fi ooyiruu walitti siqsiisuu- Biiroo bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaatti dhiyaatanii mirkanaa'uun galmaa'uu akka qaban labsii fi dambiin lafa baadiyyaa ni tumu. Bu'aa galmaa'uu ykn galmaa'uu dhabuu waliigalteewwan kanaa irratti ejjennoo abbootiin seeraa qaban bakka gurguddaa lamatti qoodamuu kan danda'uu dha.

Ejjennoon tokkoffaan akka ibsutti waliigalteewwan mirga qabiyyee lafaa dabarsuu irratti raawwataman qaama aangoo qabu biratti kan hin galmoofne yoo ta'e fudhatama hin qabu kan jedhanii dha.[173] Fakeenyaaf, falmii Caalaa Baallii fi Xilahuun Manbaruu (n-2) irratti Mana Murtii Aanaa Ambotti kenname, fi falmii Isheetuu Bayyanaa fi Hundee Sobbooqaa irratti Mana Murtii Olaanaa Godina Kibba Lixa Shawaa irratti kennamanii fi armaan gaditti ibsaman akka agarsiisanitti waliigalteen kiraa qabiyyee lafa baadiyyaa qaama aangoo qabu biratti kan hin galmoofne taanaan fudhatama hin qabaatu jechuun murtiin kennameera. Ejennoon lammaffaa akka ibsutti ammoo waliigalteen qabiyyee lafa baadiyyaa irratti raawwatamu sababa waliigaltichi hin mirkanoofneef ykn hin galmoofnee qofaaf kufaa ta'uu hin qabu kan jedhuu dha. Akka yaada kanaatti waliigalteewwaan dhimma lafaa waliin wal-qabatee akkaataa aadaan taasifaman akka mirkanaa'aniif ykn

[173] Obbo Dirribaa Olii fi Lammaa Tuujii Abbootii Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa (3/5/2010)

galmaa'aniif seerri hin dirqisiisu; garuu waligaltee kiraa qonna hammayyaaf yoo ta'ee waliigaltichi qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'e kan hin galmoofne taanaan fudhatama hin qabu kan jedhuu dha.[174]

### 3.6. Bu'aa fi Miidhaa Qaamolee Garagaraatiin Sanada Mirkaneessanii Galmeessuu

Boqonnaa lammaffaa keessatti akka ilaalle, hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu bara 2000 keessa qaamolee garagaraatiin akka hojjetamu kallattiin kan kaa'ame yoo ta'u, qaamoleen dhimmi ilaalu hojicha ofitti fudhatanii akka hojjetanitti gahee hojii isaanii keessa akka tokkotti fudhatamuun Labsii lak. 170/2004tiin bu'uura seeraa argateera. Qaamoleen hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu akka hojjetaniif seeraan aangeffaman lakkoofsan jaha. Isaanis, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa), Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa, Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa, Waajjira Dabarsa Manneenii Bulchiinsa Magalotaa, Ejensii Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaa, fi Abbaa Taayitaa Gejjibaa dha. Qaamoleen sanada mirkaneessan kanneen, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) irraan kan hafe, waliigalteewwan gahee hojii isaanii idilee wajjiin wal-qabatan simatanii mirkaneessuun galmeessanii ol-kaa'u.[175]

Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu akka mootummaa federaalaatti Ejensii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadaa Federaalaa qofaatiin hojjetama;

---

[174] Fakkeenyaaf, Dirribaa Olii fi Lammaa Tuujii Abbootii seeraa Mana Murtoo Ol'aanaa Go/Sh/Lixaa (3/5/2010); Caalaa Baalii vs. Xilahuun Manbaruu fi Dhugaasaa Nagaa, Mana Murtii Aanaa Amboo, Galmee Lak 48096 (Gaafa 05/3/2010); fi Caalaa Baalii vs. Xilahuun Manbaruu fi Dhugaasaa Naga'aa, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa, Galmee Lak 16727 (gaafa 23/4/2010) ilaaluun ni danda'ama.

[175] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak 199/2008, kwt 24 (17), 27(9), 28(5), 33(17), fi 38(9 fi 14), Dambii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak 186 /2008, kwt 9(7)

waliigaltee kiraa, qabsiisanii liqeeffachuu, bakka bu'ummaa, bittaa-gurgurtaa fi waliin fayyadamuu manaa, qabiyyee lafa magaalaa fi baadiyaa, konkolaataa, mirga qabeenya kalaqa sammuu, qabeenya fuudhaa-heeruma dura qaban galmeessuu, qacarrii, waliin hojjechuu, qaboo yaa'ii fi kkf daangaa Itoophiyaa keessatti argaman hunda mirkaneessee galmeessa.[176] Labsiin kun Mootummaalee naannoo irrattis raawwatiinsa kan qabu ta'uu fi qaamni hojii kana hojjetu hundeeffamuu akka qabu kallattii kaa'ee jira. Labsicha kwt 4 jalatti sadarkaa mootummaa federaalaatti qaamni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu Bulchiinsota Magaalaa Finfinnee fi Dirre Dawaa keessatti hojjetu tokko akka hundeeffamu teechiseera; Dambiin lak 379/2008 tumaa labsii kanaa irratti hundaa'uun qaama tokko hundeesseera. Keewwata 4tti aanee keewwatni dhufu (kwt 5) *mootummaaleen naannoo qaamolee hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan hundeessu* kan jedhu yoo ta'ellee kallattii tumaalee olitti eeramaniin yoo dubbifame hiikkoo *tokkoo tokkoon mootummaalee naannoo qaama hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetu tokko tokko hundeeffatu jedhu* dabarsa. Itti dabaluunis, labsichi kwt 3 jalatti *mootummaalee naannoo keessatti* ***qaamni*** *hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu* ***hojjetu…***jechuun jecha baaqqee ta'een caqaseera. Kanaaf, bu'uura labsii kanaatti, akka naannoo Oromiyaatti, qaamni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetu qaama tokko qofa ta'uu akka qabu kallattii kaa'ee jira jechuun ni danda'ama.

Hojiin sanada mirkaneessuu qaamolee garagaraatiin Oromiyaa keessatti hojjetamuun miidhaa ykn bu'aa qabaachuu isaa ilaalchisee daataan walitti qabameera; daataan walitti qabame yaadota waliin faallaa ta'an lama agarsiiseera: Sadarkaa tokkoffaa irratti, qaamoleen Biiroo Haqaa (yeroo

[176] Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadoota lak 922/2008, kwt 4 fi Dambii Hundeeffama Ejensii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 379/2008 kwt 6,

ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa) ala jiran sanada gahee hojii isaanii idilee wajjiin walqabatan kan mirkaneessan yoo ta'u sanadni haadhoo, fi ogeessotni haalaa fi seerummaa dhimma waliigalteen irratti raawwatu qulqulleessan waajjira dhimmichi ilaallatu jiru; waliigalteen qabeenya irratti taasifamu qaama sanada dhimma waliigalteen irratti raawwatuu qabu biratti taasifamuun deddeebii abbaa dhimmaa hir'isuun saffina kenna tajaajilaa waan dabaluuf gama tokkoon itti quufinsa tajaajilamtootaa kan dabalu yoo ta'u gama biraatiin ammoo saffina sochii dinagdee mirkaneessuu keessatti gahee akka qabu agarsiisa.

Sadarkaa lammaffaa irratti, qaamolee garagaraatiin hojjetamuun hojii sanadaa hanqinaalee hedduu kan qabu ta'uu daataan walitti qabame ni ibsa. Ogeessotni hojii sanada mirkaneessuu hojjetan keessaa kanneen ogummaa seeraa qaban waajjiraalee muraasa keessatti argamu; waajjiraalee baay'ee keessatti namoota ogummaa seeraa fi ogummaa hojii sanada mirkaneessuu hin qabneen hojjetamaa jira. Qabatamattis ogummaa hojichi barbaadu dhabuun ogeessotaa ofitti amanamummaa guutuun hojicha akka hin hojjenne bakka itti taasisaa jiru qaba[177].

[177] Fakkeenyaaf, namootni hojicha hojjechaa jiran hojicha hojechuu isaaniitiin dura gara Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa)tti bilbilun akkamitti akka hojjetamu yeroo hunda bakki itti gaafatan ni jira (Johonii Mammmuyyee, Abbaa Alanagaa Fi Bakka Bu'aa Abbaa Adeemsa Hojii Ragaalee Galmeessuu fi Hayyama Kennuu Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Harargee Lixaa, (gaafa 1/5/2010 ); Obbo Muusaa Immayyuu, Bakka Bu'aa A/Adeemsa Hojii Galmeessa Ragaalee fi Kenna Hayyamaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Shawaa Bahaa (24-5-2010)

## 3.7. Caaseffama Waajjiraa Qaamolee Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Hojjetan

Ija hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuutiin caaseffama qaamolee hojii kana hojjetan yoo ilaalle, qaamoleen kanneen adeemsa ykn garee hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu jedhu maqaa guutuun adda baasanii caasessan hin jiran. Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa), Biiroo Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa, Abbaa Taayitaa Geejjibaa, fi Ejensii Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaa Oromiyaa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu kan hojjetan ta'ullee caaseffamni waajjira isaanii hojii kana guutummaatti raawwachuu isaanii kan ibsu miti. Hojii kana hojjechuu keessatti Biiroon Haqaa adda durummaan kan eeramuu fi adeemsa hojii kana hojjetu adda baasee kan hundeesse yoo ta'ellee gama kanaan hanqinaalee hedduu qaba: sadarkaa biiroo fi godinaatti caasaa hojii kana hojjetu *adeemsa hojii galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa* jedhamu caasessee jira. Adeemsi kun hojii gurguddaa lama hojjeta: galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa jechuu dha. Jechi galmeessa ragaalee jedhu guutummaa hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa kan hammatu osoo hin taane gar-tokkoo raawwii hojichaa qofa ibsa. Hojii mirkaneessa sanadaa kan hin hammanne waan ta'eef, hojii sanadaa keessatti hojii ijoo fi mootummaan irratti xiyyeeffatu kan ibse miti.

Caaseffamni adeemsi hojii galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa sadarkaa biiroo fi godinaa qofatti hojiirra oolee jira; aanaatti garuu adeemsi kun hundeffamee hin jiru. Sadarkaa godinaattis yoo ta'e akka adeemsa tokko tokkotti caaseffamee kan jiru yoo ta'ellee hanga yoonaatti abbaan adeemsa hojii irratti hin ramadamne. Sadarkaa biiroottis adeemsi hojii galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa hogganaa ittaanaa biirootiin kan gaggeeffamu yoo ta'ellee adeemsichi hogganaa addaa qofaa isatti kan barbaaduu dha;

haala kanaan caaseffamnii fi ramaddiin humna namaa osoo raawwatee guyyaa guyyaatti hordoffiin taasifamuun harcaatiin ni dhabamsiifama ture.[178]

Ejensiin misoomaa fi manajmantii lafa magaalaa bifa walfakkaatuun caasaa hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa hojjetu diriirsee hin jiru; bakka adda addaatti qaamni hojii kana hojjetu maqaa garagaraatiin waamama. Fakkeenyaaf, garee mirkaneessaa fi galmeessa waliigaltee, garee galmeessaa fi mirkaneessa ragaalee akkasumas adeemsa xiqqaa waliigaltee fi ragaa, galmeessa waliigaltee fi ragaa jedhamuun waajjira ejensii misoomaa fi manajmantii lafa magaalaa jedhuun moggaafamanii jiru. [179] Maqeessi adeemsaalee xiqqaa ykn gareewwan kanaa akka ibsutti hojiin mirkaneessaa fi galmeessa ragaalee sirriitti kan hubatame akkasumas caasaa hojii kana hojjetu gubbaa hanga gadiitti bifa hojmaataa fi kaayyoo hojichaa yaada keessa galcheen kan caaseffame miti.

Abbaa Taayitaa kana keessatti qaamni hojii kana hojjetu bakka garagaraatti maqaa garagaraatiin waamama; ijoo kana irratti, akka fakkeenyaatti, Waajjira Abbaa Taayitaa Geejjibaa Magaalaa Jimmaa, Sabbataa fi Godina Shawaa Bahaa yoo ilaalle hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu adeemsa hojii gahumsa konkolaataa, adeemsa hojii dhimma konkolaataa, adeemsa hojii gahumsa konkolaataaa, adeemsa tajaajilaa fi dhiyeessii konkolaataa fi mirkaneessa gahumsa konkolaataa jedhamanii moggaafamanii jiraniin hojjetama. Maqaan adeemsaalee hojii kanneen tokko ta'uu dhabuun isaanii akkuma jirutti ta'ee tokkoon isaanillee waa'ee mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa hin ibsan. Abbaan taayitaa kun waliigaltee bittaa-

[178]Obbo Abdukariim Abbaa-diggaa fi Adde Gannat Taayyee, abbootii alangaa naannoo fi raawwattoota hojii galmeessa ragaalee fi kenna hayyamaa, 14-05-10)

[179] Fakkeenyaaf Ejensii Misoomaa fi Manajmantii Lafa Magaalaa Sabbataa, Jimmaa, Adaamaa fi Dukam, keessatti qaama hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa hojjetu maqaa garagaraatiin waamu.

gurgurtaa konkolaataa akka qaama hojii maqaa abbaa qabeenya konkolaataa (libiree) jijjiiruu fudhata- hojii sanadaa kana akka hojii of-danda'e tokkootti fudhachuun lakkoofsaa addatti kennuun hin galmeessu. Biiroon Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baaddiyyaas akkuma waajjiraalee armaan olitti ibsamanii hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuutiif adeemsa ykn garee addatti bahee beekamu tokko hin qabu. Garee kadistiraalaa fi galmee lafa baadiyyaa, galmeessaa fi rikoordii kenna qabiyyee lafa baadiyyaa, dabarsa mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa, fi kan birootiin waamamu. Adeemsi ykn garee caqasaman kanneen hojii qabiyyee lafa baadiyyaa safaruu, ragaa abbaa qabiyyummaa kennuu fi ragaa mirga abbaa qabiyyummaa ibsu galmeessanii olkaa'uu irratti xiyyeeffatu; dabarsa mirga qabiyyee lafa baadiyyaa akka hojii ijootti fudhatanii kan hojjetan miti.

### 3.8. Humna Namaa Hojii Sanada Mirkaneessuu fi Galmeessuu Hojjetu

Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu abbootii alangaa fi hojjettoota deeggarsaatiin hojjetama. Sadarkaa Biirootti abbootii alangaa sadii fi hojjettoota deeggarsaan hojjetama. Hanqinni humna namaa sadarkaa waajjira kanaatti ammaaf akka hin jirre abbootiin alangaa hojicha hojjetan ni eeru. Sadarkaa godinaatti abbaan alangaa tokko dhaabbiin hojii baka buu'iinsa kennuu irratti ramadamuun hojjeta; abbaan alangaa tokko dabalataan ramadamee bakki itti hojjetu jira. Fakkeenyaaf, Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Harargee Lixaa fi Godina Addaa Naannawaa Finfinnee keessatti abbaa alangaa tokko adeemsicha irratti bakka bu'ummaan ramadamee qofaa isaa hojjeta; Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Shawaa Bahaa fi Magaalaa Adaamaatti ammoo abbaan alangaa tokko bakka bu'aa abbaa adeemsa hojiichaa ta'uun kan ramadame yoo ta'u abbaan alangaa tokko dabalataan hojicha akka hojjetuuf ramadamee jira. Sadarkaa aanaatti ogeessi hojii kanaatiif addatti ramadame hin jiru jechuun

ni danda'ama; waajjira baay'eetti abbaan alangaa tokko ja'a tokko, lama ykn sadiif hojii sanada galmeessuu fi kenna hayyamaa hojjeta; yeroo biraatti ammoo abbaa alangaa biraatu darbee hojicha itti fufa. Waajjiraalee haqaa fageenya irra jiran keessatti abbaan alangaa addatti, yeroo muraasaaf yoo ta'ellee, hojii kanaaf hin ramadamu; abbaa alangaa hojii qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu irratti hojjetaa jirutu hojicha hojjeta; abbaan alangaa hin jiru yota'e ykn hojiitti qabamee jira taanaan hoogganaatu hojicha hojjeta[180].

Hojii sanadaa hojjechuun seerota hariiroo hawaasa garagaraa sirriitti beekuu nama gaafata: seerota daldalaa, seera hojjechiisaa-hojjetaa, seera bulchiinsa lafa baadiyyaa fi magaalaa, seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa fi kkf irratti hubannoo guutuu qabaachuun barbaachisaa dha. Itti dabalees, sochii dinagdee waliigalaa fi tooftaa dogoggorsiisoo namootni dhuunfaa fayyadamuun sanada hin malle mirkaneeffachuuf taasisan irratti hubannoo waliigalaa qabaachuun hojicha gahumsaan raawwachuu keessatti gahee guddaa qaba. Haa ta'u malee, Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) keessatti abbootiin alangaa dhaabbiin, yeroof ykn akkuma argametti hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan leenjii yookiin barumsa hojii kana gahumsaan akka hojjetan isaan dandeessisu kan argatan miti. Keessumattuu, abbootiin alangaa sadarkaa aanaa fi, haa xiqqaatu malee godinaatti hojjetan hojii kana dhaabbiin kan hojjetan osoo hin taane yeroo gara yerootti kan jijjiiraman waan ta'eef gama tokkoon hojicha irratti

[180] Obbo Iyyoob Dastaa, Hogganaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Aanaa Ada'aa, 22/5/2010.

muuxannoo harachaa akka deeman isaan hin taasisu; gama biraan, hojichas of-kennanii akka hojjetan isaan hin godhu.[181]

Hojiin kun hojii ittigaafatamummaa badii naamusaa fi maallaqaa hordofsiisu danda'uu fi hordofsiisaa jiru yoo ta'u, aguuggiin seeraa hojjetoota itti gaafatamummaa kana jalaa hanga ta'e tokko golguu danda'u hin jiru. Abbootiin alangaa hojii kana hojjechuutiinis beekamtii ykn galii argatan waan hin qabneef, hojii kana hojjechuuf kaka'umsa hin qabaatan. Hojii kana hojjechuu diduutiin ykn ramaddii hojii kana irratti kenname baqachuun abbootiin alangaa badii naamusaatiin himatamanillee jiru. Fakkeenyaaf, abbaan alangaa waajjira haqaa godina magalaa adaamaa hojii sanadaa akka hojjetuuf ramadame tokko hojicha hin hojjedhu waan jedheef naamusaan himatamee jira; dhimmi isaa hanga gaafa daataan kun walitti qabameetti murtii xumuraa hin arganne. Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojii beekumsa, muuxannoo, fi ittigaafatamummaa guddaa barbaadu ta'ee osoo jiru abbootiin alangaa hojii kana hojjetan gahumsaan hojicha akka hojjetanitti leenjii, muuxannoo fi barnoota barbaachisu akka hortan hin taasifamne. Ijoo kana irratti hogganaan waajjira haqaa tokko yaada isaanii akkasitti ibsu,

Baay'inni hojii baay'ina abbootii alangaa fi hojjettoota deeggarsaa hojicha hojjechaa jiraniin wal hin simu jechuun ni danda'ama. Hojiin sanadaa baay'inaanis ta'e walxaxummaa dhimma qabatee dhiyaatuun yoo ilaalamu yeroo gara yerootti dabalaa dhimma jiruu dha; sanadoota Waajjira Haqaa Godina Magaalaa Adaamaatti dhiyaatanii mirkanaa'uun galma'an, kan guyyoota afurii akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, gaafa 25/4/2010 sanadoota 38, gaafa 26/4/2010 sanadoota 41, gaafa 2/5/2010 sanadoota 37 fi gaafa

[181] Obbo Kamaal Bakar, Hogganaa Waajjira Haqaa (Waajjira Abbaa Alangaa) Godina Adda Adaamaa, 21/5/2010

23/5/2010 sanadoot nii 50 hojjetamaniiru. Abbootiin alangaa hojii kana irratti ramadamanii hojjetan lama qofa yoo ta'an namni lakkoofsaa fi guyyaa itti kennuun galmeessee chaaphessuun baahii godhu nama tokko akkasumas hoogganaan hojii hoggansaa irratti sanadoota hojjetaman kanneen posti odiitii godhu nama tokko.

Waajjira haqaa keessatti ogeessotni deeggarsaa hojii sanada galmeessuu fi dokmanteeshinii keessatti hirmaatan akaakuu hojii hojjetan, baay'inaa qabaniin akkasumas ogummaa isaan qabatanii hojii irratti ramadaman hojjetan garagarummaa guddaa qaba. Ogeessotni deeggarsa kanneen, fakkeenyaaf Waajjira Haqaa Godina Magaalaa Adamaatti, ogeessa tembeera gurguru, ogeessa hojii sanada galmeessuu hojjetu, ogeessa hojii daataa beezii fi dokmanteshinii walitti hojjetu jedhamuun bakka afuritti ramadamanii jiru. Waajjiraalee haqaa muraasa keessatti ammoo ogeessa deeggarsaa jedhamuun ogeessi tokko kan ramadamu yoo ta'u namni kun hojii sanada galmeessuu, hojii tembera gurguruu/maxxansuu, hojii daataa beezii/sanada tartiibessanii ol'kaa'uu hojjeta. Waajjira haqaa baay'ee keessatti ammoo hojiin kun ogeessota lamaan hojjetama. Ogeessotni kanneen barumsa hojii dokmanteshinii ykn daataa beezii wajjiin walqabatu kan baratan osoo hin ta'iin baay'een isaanii muuxannoon kan hojjetan yoo ta'an baayinni isaanii barumsa akkaawuntii fi manajmantii kan baratanii dha; darbee darbee ammoo ogeessotni quunnamtii odeeffannoo kan baratanis jiru.

Ogeessotni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu waajjira bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa, ejensii misoomaa fi manajmantii lafa magaalaa, abbaa taayitaa geejjibaa fi mana qopheessaa baay'een isaanii ogummaa seerummaa waliigaltee dhiyaatee mirkaneessuu irratti hin qabani jechuun ni danda'am. Baay'een isaanii barumsa qonnaa, manajmantii, mandisummaa, akkaawuntingii fi awutomotivii fi kkf kan baratanii dha. Darbee darbee ejensii misoomaa fi manajmantii lafa magaalaa keessatti

ogeessi seera barate hojii kana hojjeta; fakkeenyaaf, bulchiinsa magaalaa Ciroo, Bishooftuu, fi Dukam akka fakkeenya gaariitti eeramuu danda'u. Waajjiraaleen kanneen keessatti ogeessi seera barate tokko yoo ta'u ogeessotni barnoota biroo baratan ammoo sadii ykn afur ta'u waan ta'eef hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu ogeessota rogummaa qabaniin hojjetamaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

### 3.9. Mijaa'ina Naannoo Hojii

Mijaa'inni naannoo hojii haalota hojii hojjechuuf gargaaran kan akka kutaa qulqullinaa fi bal'ina qabuu keessatti hojjechuu, fi meeshaalee hojicha hojjechuu keessatti gumaacha qabanii fi hammayyaa'oo ta'an qabaachuu barbaachisa. Waajjiraaleen sanada mirkaneessanii galmeessan tokko tokko kutaa hojiin kun itti hojjetamu kan of-danda'e hin qaban; kutaaduma hojiiwwan biroo keessatti hojjetaman keessatti hojjetamu. Itti dabalees, hojiiwwan gurguddoo hojii sanadaa jechuunis hojiin sanada mirkaneessu, galmeessu akkasumas kuusu/dokmantii godhuu kutaa tokko keessatti hojjjetamu; sanadnis achumatti kuufama. Waajjiraaleen bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa gama kanaan rakkoo hamaa keessa jiru; fakkeenyaaf, waajjirri bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa Aanaa Xuulloo, Aanaa Aqaaqii, Gimbii fi Ciroo kutaalee dhiphoo keessatti hojii kana hojjetu; kompiitara odeeffannoo sanada galmeessan itti kuufatanis hin qaban. Haalli qabiinsa sanadoota galma'aniis baay'ee gadi bu'aa dha. Waajjiraaleen bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa fi abbaa taayitaa geejjibaa tokko tokko ammoo hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojiiwwan ijoo biroo kutaa itti hojjetaman keessatti kan raawwataman ta'ee sanadootni galma'an kutaa biraa keessa kaa'amu; garuu kutaan dokmanteshinii baay'ee dhiphaa, sanadootnis tartiibaan kan hin teenyee fi barbaadanii arguun rakkisaa dha. Fakkeenyaaf, waajjira bulchiinsa lafaa aanaa Ada'aa fi

Sabbataa Hawaas fi kan biroo yoo ilaalle rakkoon kun dhimma xiyyeeffannoo barbaaduu dha.

Waajjiraaleen haqaa gama mijaa'ina naannoo hojii kabachiisuutiin waajjiraalee hojii kana hojjetan biroo caalaa sadarkaa fooyya'aa irratti argamu; waajjiraaleen baay'ee kutaa of-danda'e keessatti hojii mirkaneessuu fi galmeessuu hojjechuun hojii dokmantii gochuu ammoo kutaa biroo of-danda'e keessatti raawwatu. Gama kanaan Waajjira Haqaa Aanaa Bulchiinsa Magaalaa Dukam, Bishooftuu, Gimbii, Najjoo, Godina Addaa Magaalaa Adaamaa fi Godina Jimmaa akka fakkeenya gaariitti kaasuun ni danda'ama. Waajjiraalee kanneen hojii sanada mirkaneessuu, galmeessuu fi dokmantii itti gaggeeffamu kutaa qulqullinaa fi bal'ina qabu keessatti hojjetaa jiru.

Gama biraatiin waajjiraaleen haqaa Godina Harargee Lixaa, Godina Addaa Naanowaa Finfinnee, Godina Shawaa Bahaa hojii sanada mirkaneessuu, galmeessuu fi dokmantashinii sadan isaanii walfaana kutaa/bakka 3x3m hin caalle keessatti hojjetu; kutaa kana keessa abbaa alangaa sanada mirkaneessuu, ogeessa tembera gurguruu fi ogeessa sanada mirkaneessutu ta'a; Godinni Harargee Lixaa fi Shawaa Bahaa kompitara daataa beezii itti galmeeffatan hin qaban, daataa sooftikoppiin ol ka'ana hin jiran. Mijaa'inni naannoo hojii waajjirri haqaa aanaa Gommaas hanqinaalee ibsaman kanneen qaba. Sanadootni galma'es kutadhuma mirkaneessii fi galmeessi sanadaa itti gaggeeffamu keessatti ol-ka'amu. Waajjira Haqaa Godina Wallagga Lixaatti kutaan sanada keessa kaa'an dhiphaa waan ta'eef sanadoota umriin isaanii waggaa 2 oli ta'e bifa salphaan argachuun rakkisaa dha. Sanadoonni waggaa lamaa as jiranis soft-kopiin kan hin teenyee fi hammattuu tokko keessaa sanadaa 35-40 kan ta'uu dha. Fakkeenyaaf, lakkoofsi sanadaa (239-281)

hammattuu tokko keessaatti kan argaman ta'uu ilaallamee jira [182] Walumaagala, mijaa'inni naannoo hojii mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa gama qulqullinaa fi bal'ina kutaa keessatti sanada mirkaneessanii fi galmeessaniin akkasumas kutaa keessatti sanadoota kurfeessanii ol'ka'aniin yoo madaalaman qulqullina, bal'inaa fi gahumsa barbaachisu baay'inni isaanii hin qaban. Logistikii kan akka kompitera daataa ittiin qabatan, sheelfii sanadoota galma'an tartiibessanii irra naqanii fi teessoo maammiltootni irra ta'anii dabaree eeggatan ga'aa ta'e hin jiru. Hanqinni mijaa'ina naannoo hojii gama kanaan jiru dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuu dha.

## 4. Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa

### 4.1. Yaadota Gudunfaa

Sanada jechuun odeeffannoo barreeffamaa kan mirgi yookaan/fi dirqamni keessatti hundeeffame, ittiin galmaa'e, ittiin darbe, ittiin dhabamsiifame, hangi isaa ittiin murtaa'e, ittiin tamsa'e ykn raawwiin jedhame ittiin raawwatame kamiinuu hammachuu danda'uu dha. Hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu, hojii seera-qabeessummaa, duudhaa uummataa wajjiin wal-simuu danda'uu fi dhorkii irraa bilisa ta'uu sanadaa qulqulleesseessuun ragaa amantaan guutuu irratti gatamu taasisuu dha. Gaggeessa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu Oromiyaa keessatti adeemsifamuun walqabatee qorannichi qabxilee itti aanuun dhiyaatan adda baaseera.

- Labsiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, Lak 922/2008, adeemsa hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu akka

[182]Obbo Dassaaleny Boggaalee, abbaa alangaa W/Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Go/W/Lixaa adeemsaa hojii galmeessaa ragaalee kennaa hayyamaa irratti B/B ramadamee hojjetu ( 08-05-10)

bituuf tumameera. Labsiin kun sababoota gurguddaa sadiif Oromiyaa keessatti hojiirra oolaa hin jiru: ogeessotni labsicha irratti hubannoo dhabuu, caaseffamni waajjiraalee hojii kana hojjetanii caaseffama labsichi gaafatuu wajjiin wal-simuu dhabuu, fi labsicha simachuu irratti rincicni jiru bal'aa dha.

- JBAH qaamoleen hojicha hojjetan mata-mataatti baafatanii jiran adeemsa hojii sanada mirkaneessuu gaggeessuuf gahumsa kan hin qabne ta'uu
- Raawwii hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu keessatti fudhatamummaa qabiyyee sanada mirkanaa'uuf dhiyaatee, eenyummaa fi aangoo mallatteessitoota qulqulleeffachuu dhabuu, fi fudhatamummaa sanadoota mirkana'anii maal ta'uu akka qabu irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu
- Waliigalteen bittaa-gurgurtaa mana magaalaa fi konkolaataa akka hojii sanadaa ofdanda'e tokkotti fudhatamanii guyyaa fi lakoofsa itt kennuun kessumeessuu caalaa akka qaama sanada maqaa abbaa qabeenyaa jijjiirutti hojjetamaa jiraachuu
- Fudhatamummaa sanadoota mirkana'anii galmaa'an irratti hanqinni hubannoo yaad-rimee hojii sanada mirkaneessuu fi sanadoota mirkanaa'an hojiirra oolchuurratti bal'inaan kan calaqqisu ta'uu
- Abbaan Taayitaa Geejjibaa Oromiyaa bal'inaan sanadaoota bittaa-gurgurtaa ilaallatan kan hojjetu yoo ta'u waaliigalteewwan akka kiraa, qabsiisanii liqeeffachuu, kennaa fi dhaamoo konkolaataa garuu simatee hojjechuu irratti hanqinni bal'aan jiraachuu
- Biiroon Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa waliigaltee kiraa bal'inaan mirkaneessaa kan jiru yoo ta'u waliigaltee ooyiruu walitti siqfachuu, mana waljijjiiruu fi kennaa bakka muraasa qofatti

hojjechaa jiraachuu; dhaamoo ammoo guutummaatti kan hin hojjenne ta'uu

- Ejensiin Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu seeraan ifatti kan hin aangeffamne; bittaa-gurgurtaa mana magaalaa, kiraa fi qabsiisanii liqeeffachuu hojjetaa kan jiru yoo ta'u kennaa fi dhaamoo mana magaalaa irratti taasifamu ammoo ofirraa dhiibaa jiraachuu
- Biiroon Haqaa sanadoota qaamoleen biroo mirkaneessuuf aangoo hin qabne hunda simatee akka mirkaneessuuf seeraan aangeffamee kan jiru yoo ta'u hanqina hubannoo fi diriiruu dhabuu hojmaataaf jecha sanadoota akka mirkaneessuuf aangoo irratti qabu baay'ee mirkaneessaa hin jiru; sanadoota aangoo irratti hin qabne ammoo bakki itti hojjetu kan jiru ta'uu
- Qaamolee garagaraatiin hojjetamuu hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu qeeqaa fi deeggarsa kan qabu ta'uu, fi qaamolee garagaraatiin hojjetamuun hojii kanaa qulqullinaa fi saffina hojichaa irratti dhiibbaa geessisaa kan jiru ta'uu
- Ogeessotni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan, ogeessota Biiroo Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) irraan kan hafe, namoota ogummaa seeraa fi muuxannoo hojii sanadaa hin qabneen hojjetamaa kan jiru ta'uu
- Qaamoleen hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan hundi hanqina caaseffama waajjiraa fi mijaa'ina naannoo hojii kan qaban ta'uu, fi hanqinni mijaa'ina naannoo hojii mirkaneessa, galmeessaa fi dokmanteshinii hojii sanadaa irratti dhiibbaa uumaa kan jiru ta'uun adda baheera.

### 4.2. Yaadota Furmaataa

Haaluma kanaan, tajaajila hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu haala saffina, qulqullinaa fi itti dhiyeenya qabuun akka kennamutti, qorannoon kun yaadota furmaataa armaan gadii akeekee jira. Yaadotni furmaataa kunniin akka armaan gadiitti dhiyaatniiru:

***B. Yaadota furmaataa yeroo gabaabaa keessatti hojiitti hiikamuu qaban***

- ✓ JBAHn W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa sanadoota waajjirri kun hojjechuuf aangoo irratti hin qabne qabatee kan jiruu fi aangoo irratti qabu baay'ee ammoo hammatee kan hin jirre akkasumas aangoo sanada mirkaneessuu waajjira Abbaa Alangaa sadarkaan jiraniif kenname dantaa tajaajilamtootaa fi kaayyoo seeraa galmaan kan gahu waan hin taaneef, haala gahumsaa fi iftoomna qabuun fooyya'ee hojiirra oolu gochuu
- ✓ Waajjira Abbaa Alangaa sadarkaa naannoo, godinaa fi aanolee bulchiinsa magaalaa ta'an keessatti adeemsa hojii sanada mirkaneessuu irratti abbummaa nama hojicha hoogganu muuduu, fi ogeessota ogummaa fi dandeetti hojichaa qaban irratti ramaduu
- ✓ Biiroon Bulchiinsaa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa sababa hanqina maanuwaalii hojii, ogeessotaa hojjetanii fi mijaa'ina naannoo hojiitiin sanadoota mirkaneessuu qabu baay'ee simatee mirkaneessaa waan hin jirreef akkasumas sanadootni mirkanaa'anis hanqina waan qabaniif, maanuwaalii hojii gahumsa qabu qopheessuu, ogeessota gahoomsuu fi mijaa'ina naannoo hojii sirreessuu qaba
- ✓ Abbaan Taayitaa Geejjibaa sababa hanqina maanuwaalii hojii, dandeettii ogeessota hojjetanii fi mijaa'ina naannoo hojiitiin sanadoota mirkaneessuu qabu baay'ee simatee mirkaneessaa waan jirreef, maanuwaalii hojii gahumsa qabu qopheessuu, ogeessota

gahoomsuu fi mijaa'ina naannoo hojii sirreessuu irratti hojjechuu qaba

- ✓ Ejensiin Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Oromiyaa aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu ifatti seeraan osoo hin aangeffamiin hojjechaa kan jiru yoo ta'u hanga dhimmichi furmaata argatutti waliigalteewwan mana magaalaa ilaallatan hunda simatee mirkaneessuu fi galmeessuun deddeebbii abbootii dhimmaa amma jiru furuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.
- ✓ Hanqina hubannoo mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa akkasumas fudhatamummaa fi hojiirra oolmaa sanadoota mirkana'an irratti mul'achaa jiru furuuf, qaamoleen hojicha hojjetan, manni murtii fi ILOQHQSOn walta'uun leenjii ogummaa cimsu walitti fufiinsaan ogeessota hojicha hojjetanii fi abbootii seeraaf akka kennamu gochuun barbaachisaa dha.

***C. Yaadota furmaataa yeroo dheeraa keessatti hojiitti hiikamuu qaban***

- ✓ Hojii sanada mirkaneessuu bifa bittinnaa'aa ta'een qaamolee garagaraa biratti gaggeeffamaa jiru hambisuuf qaama giddu-galeessummaa fi gahumsaan hojii kana hojjetu tokkoon akka gaggeeffamu gochuu
- ✓ Adeemsi hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu labsii dhimma kana bituuf bahee jiruun akka gaggeeffamu gochuutti dabalee maanuwaalii hojii gahumsa qabu akka naannootti baasanii diriirsuu
- ✓ Dhuunfaan ogeessotni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu akka hojjetanitti sirna hayyama hojii daldalaa, to'annoo fi hordoffii barbaachisu diriirsuun hojiin sanada mirkaneessuu fi galmeessuu haala saffina qabuun akka hojjetamu taasisuun barbaachisaa dha.

## *SAKATTA'A BU'AA QORANNOO INISTIITYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA*[♣]

### 1. Seensa Waliigalaa

Instiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hanga bara 2010'tti mata dureewwan 50 ol irratti qorannoo gaggeesseera. Qorannoowwan kanneen keessaa immoo bara 2005 hanga bara 2009'tti kan gaggeeffaman 20 ta'u. Barreeffamni kun argannoon qorannoowwan bara 2005 hanga bara 2009'tti gaggeeffaman keessaa isaan kum hangam hojiitti hiikamuudhaan bu'aa qabatamaa akka argamsiisan kan sakatta'e dha.

Sakatta'a bu'aa qorannoowwanii kana gaggeessuuf daataan mala gara garaatiin walitti qabameera. Adda duraan hooggantoota manneen hojii mootummaa dhimmoota qorannoon irratti gaggeeffame waliin hariiroo qaban waliin afgaaffiin gaggeeffamera. Dabalataanis ragaaleen barreeffamaa kanneen akka gabaasa raawwii hojii, ragaa inispeekshnii fi gumii naamusaa, qajeelfamoota, imaammata, maanuwaaliiwwan hojii, sanadootni riifoormii fi kkf ilaallamaniiru.

Waliigalatti afgaaffiin 115 bu'aa qorannoo sakatta'uudhaaf qaamolee sadarkaa aanaa, godinaa[1] fi naannoo [2] jiran irraa walitti qabameera.

---

[♣]Sakatta'iinsi kun bara 2010 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessotni irratti hirmaatanis: Shaambal Hordofaa, Milkii Makuriyaa, Getaachoo Fayyisaa, Dhaabaa Dirribaa, Baacaa Taayyee, Angessaa Itichaa, fi Mitikkuu Tarfaati.

[1] Godinaalee Harargee Bahaa (Haramayaa, Qarsaa), Arsii Lixaa (Asaasaa, Shaashamannee), Baale (Sinaanaa, Gobbaa), G/A/Adaamaa (Magaalaa Adaamaa, Aanaa Adaamaa), Shawaa Kaabaa (Kuyyuu, Waacaalee), Jimmaa (Qarsaa, Maannaa), Horroo Guduruu Wallaggaa (Horroo, Jimmaa-Gannat), Wallagga Bahaa (Diggaa, Guutoo Giddaa)

## 2. Sakatta'a Bu'aa Qorannoowwan Inistiitiyuutii: Xiinxala Daataa

Kutaan kun daataa afgaaffii fi sanadaalee walitti qabaman bu'uureffachuun qorannoowwaan Inistitiiyuutichaan bara 2005-2009'tti gaggeeffamaniin yaadotni furmaataa kennaman hangam sirna haqaa keenya keessatti jijjiirama akka fidanii fi qaamolee dhimmi ilaaluun hagam hojiirra akka oolan xiinxaluuf yaala.

### *2.1. Madaallii Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa*[3]

Qoranichi rakkoowaan madaallii murtii manneen murtii Oromiyaa keessatti mul'atan xinxaaluun yaadota furmaataa gara garaa teechiseera. Yaadni furmaataa qorannoo kanaan akeekame inni guddaan sirni odiiti galmee (expose odit) jiraachuu fi gareen hojii qulqullina murtii sakatta'u (quality working group) jiraachuu akka qabu kan teechisu dha. Qabatamaan yaadni kun hangam akka hojiirra oole hubachuuf afgaaffiin taasifame akka agarsiisutti odiitiin galmee manneen murtii tokko tokko keessa hojimaata ta'ee jiraachuu isaati.[4] Manni Murtii Waliigala Oromiyaa guca qopheesse irratti hundaa'uun galmee yakkaa fi hariiroo hawaasaa irraa iddattoo fudhatanii oditii gochuun ciminaa fi laafina jiru ni gabaasu.[5] Gama biraatiin, Manneen Murtii Olaanaa sirna odiiti hin gaggeessinee fi caaseffama

---

[2] Sadarkaa naannootti MMWO, BHO (yeroo ammaa AAWO), Komishinii Poolisii Oromiyaa, Ko/Ma/Si/Oromiyaa, Komishinii Investimentii, B/Dh/H/Hawaasummaa, Wa/Caffee, Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa, A/T/Galiiwwanii, Biiroo Pab/Sar fi Mis.Qa/Namaa kkf irraa daataan funaanameera.

[3] Qorannoon kun Inistiitiyuutichaan bara 2005 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessotni qorannicha gaggeessanis Tafarii Baqqalaa fi Alamaayyoo Waaggaarii ti.

[4] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame. Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame; Abdurroo Aloo, Pirezdaantii MMA Sinaanaa waliin afgaaffii gaafa 04/07/2010 gaggeefame.

[5] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame.

barbaachisaa hin gurmessines ni jiru.[6] Manneen murtii garee qulqullina murtii dabaluuf oolu hin hundeessines ni jiru.[7] Sadarkaa manneen murtii ol'aanaa irratti hojiin kun Garee Inispekshinii fi gaggeessitoota gareelee KTAS waliin kan raawwatamu ta'uu[8] fi manneen murtii aanaalee biratti hojiin kun kan raawwatamu koree odiiti miseensa abbootii seeraa lamaa fi isaa ol haammatuun kan raawwatamu dha.[9]

Yaadni furmaataa qorannoo kanaan taa'e inni biraa yaada seera baastuu waliin adeemuuf manneen murtii gaaffii diiggaa gaa'ilaa, qooddii qabeenyaa fi raawwii; galmee tokko keessatti osoo keessummeessanii kan jedhu dha. Qabatamni jiru garuu dhimmootni diiggaa gaa'ilaa, qooddii qabeenyaa fi raawwiin isaa irra jireessaan galmee lama irratti keessummaa'aa kan jiran ta'uu agarsiisa. Galmeeleen kunis galmee haadhoo fi galmee raawwii jedhamanii kophaa kophaatti of danda'ani kaffaltiin abbaa seerummaa itti

[6] Obbo Taammiraat Katamaa, B/B pirezadaantii M/M/A/Wuucaalee af-gaaffii gaafa 19/07/2010, Obbo Asfaawu Mitikkuu Pirezadaantii M/M/A/Jimmaa Gannatti af-gaaffii gaafa 03/08/2010, obbo Dachaasaa Moollee Pirezadaantii M/M/A/Horroo gaaffii gaafa 03/08/2010, ObboTolamaariyam Dhibbisaa Pirezadaantii M/M/A/Gommaa af-gaaffii gaafa 09/08/2010 gaggeeffame.

[7] Huseen Jirruu, A/seeraa MMO Go/Arsii Lixaa fi A/A KTAS Yakkaa waliin gaafa 20/07/2010 taasifame.

[8] Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010, Obbo Abrahaam Abbabaa Pirezadaantii M/M/O/God/Shawaa Kaabaa af-gaaffii gaafa 20/07/2010, Obbo Gazaalii Abbaa-simaal Pirezadaantii M/M/O/God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010, Obbo Dimbaruu Geeraa Itti/Ga/garee Inspeek/M/M/O/God/Jimmaa 08/08/2010

[9] Obbo Geetiyyee Tasammaa Pirezadaantii M/M/A/Kuyyuu af-gaaffii gaafa 21/07/2010, Obbo Asfaawu Mitikkuu Pirezadaantii M/M/A/Jimmaa Gannatti af-gaaffii gaafa 03/08/2010, obbo Dachaasaa Moollee Pirezadaantii M/M/A/Horroo, afgaaffii gaafa 03/08/2010, ObboTolamaariyam Dhibbisaa Pirezadaantii M/M/A/Gommaa af-gaaffii gaafa 09/08/2010 gaggeeffame.

kaffalame banamaa jiru.[10] Haata'u malee, darbee darbee Manneen Murtii dhimmoota kanneen galmee tokko keessatti keessummeessan ni jiru.[11]

Qorannoon kun dabalees, dhiheessaa fi itti fayyadama meeshaalee teknoloojii hammayyaa dabaluuf hooggantootni manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran ciminaan irratti hojjachuu qabu kan jedhu teechiseera. Afgaaffiin gaggeeffame akka agarsiisutti, dhiyeessii fi itti fayyadamni meeshaalee teknoloojii xiyyeeffannoo argatee meeshaaleen teeknoloojii kan akka maashina sagalee waraabaa, kompiyuutara, iskaanara, viidiyoi konfaransii, tajaajila intarneetii, daataa beezii, kaameraa CCTV, fi kkf fayyadamuun eegalameera.[12] Hanqina hubannoo itti fayyadama meeshaalee teknoloojii maqsuufis garee TQO waliin ta'uun ogeessota manneen murtii aanaalee fi godinaaleetiif leenjiin hubannoo cimsu ni kennama.[13] Manneen murtii qaamolee biroo waliin ta'uun ogeessota isaaniitiif itti fayyadama meeshaalee teknoloojii irratti leenjii haalli itti kennan ni jira.[14]

---

[10] Obbo Asfaawu Mitikkuu Pirezadaantii M/M/A/Jimmaa Gannatti af-gaaffii gaafa 03/0782010; Obbo Taajuddin Abdurahamaan, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Harargee Bahaa, Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame,

[11] Huseen Jirruu, A/seeraa MMO Go/Arsii Lixaa fi A/A KTAS Yakkaa waliin gaafa 20/07/2010 taasifame. Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame; Obbo Mokonnin Raggaasaa, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Baalee, af-gaaffii gaafa 4/8/2010 taasifame, Obbo Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame

[12] Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010; ObboTolamaariyam Dhibbisaa Pirezadaantii M/M/A/Gommaa af-gaaffii gaafa 09/08/2010, Obbo Geetiyyee; Tasammaa Pirezadaantii M/M/A/Kuyyuu af-gaaffii gaafa 21/07/2010, Obbo Gazaalii Abbaa Simaal Pirezadaantii M/M/O/God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010 gaggeeffame

[13] Obbo Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame; Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010; Obbo Abrahaam Abbabaa Pirezadaantii M/M/O/God/Shawaa Kaabaa af-gaaffii gaafa 20/07/2010, Obbo Gazaalii Abbaa simaal Pirezadaantii M/M/O/God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010, Obbo Dimbaruu Geeraa Itti/Ga/garee Inspeek/M/M/O/God/Jimmaa 08/08/2010.

[14]ObboTolamaariyam Dhibbisaa Pirezadaantii M/M/A/Gommaa af-gaaffii gaafa 09/08/2010 gaggeefame.

Qabiinsi Abbaa dhimmaa manneen murtii biratti xiyyeefannoo argachuu akka qabus qorannichi akeekeera. Gama kanaanis, fooyya'iinsi akka jiru hirmaattotni baay'een ni amanu.[15] Abbootiin dhimmaa akkaataa dhufaatii fi haala isaaniitti akka keessummeeffaman gochuuf yaalamaa jira.[16] Haa ta'u malee, qabiinsa abbaa dhimmaatiin walqabatee ammaallee ogeessota manneen murtii (keessattuu manneen murtii aanaa[17] fi ofiiseroota seeraa[18]) biratti hanqinni naamusaa jiru ammas akka hin furamne kanneen ibsanis jiru.[19]

Qorannoon kun gama biraatiin abbootiin seeraa qaamolee alaa irraa bilisa ta'uun sodaa malee dhimmoota keessummeessuu akka danda'an hojjetamuu akka qabu teechiseera. Afgaaffiin hoggantoota waliin taasifame akka agarsiisutti bilisuummaa mana murtii fi Abbaa seeraa irratti dhiibbaan alaa akka hin jirre hoggantootni manneen murtii hedduun ibsaniiru.[20] Haa ta'u

[15] Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame. Obbo Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame, Obbo Taajuddin Abdurahamaan, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Harargee Bahaa, Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame.

[16] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame.

[17] Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame.

[18] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame

[19] Obbo Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame, Obbo Taajuddin Abdurahamaan, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Harargee Bahaa, Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame.

[20] Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame,Obbo Mokonnin Raggaasaa, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Baalee, af-gaaffii gaafa 4/8/2010 taasifame, Obbo Obbo Taajuddin Abdurahamaan, Pirezidaantii M/M/Ol/Godina Harargee Bahaa, Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame.

malee, hojimaatni Koree Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa[21] fi akkataan manneen murtii tokko tokko haala kenninsa tajaajilaa mijeessuuf jecha deeggarsa qaamolee adda addaa irraa itti fudhatan yaaddoo bilisummaa qaama abbaa seerummaa akka ta'e kanneen kaasanis jiru.[22]

Akkasumas daangaa yeroo JBAH keessatti taa'e bu'uureffachuun murtiin kennamuu akka qabu qorannichaan kan akeekame yoo ta'u, dhimmootni baay'een daangaa yeroo JBHA'n kaa'ame keessatti akkasumas daangaa yeroo kaa'ameen gaditti murtaa'aan ni jiru.[23] Ammas harcaatiin kan jiru, dhimma falmii dhirsaa fi niitii[24] fi dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen ajajni isaanii hanga gandaatti gadi bu'u irratti[25] akka ta'e hirmaattotni sakatta'a kanaa ni ibsu.

### *2.2. Gahumsa Hojii Haaromsa Sirreeffamoota Manneen Sirreessaa Oromiyaa[26]*

Yaadota furmaataa qorannichi teechise keessaa tokko sirreeffamtootni seeraa bakka jireenyaa fi ciisichaa mijataa, nyaataa fi bishaan gahaa, yuuniformii (huccuu) fi kkf fooyya'aa akka qabaatan hojjetamuu qaba kan jedhu dha.

[21] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame.
[22] Yooseef Abarraa, Pirezdaantii MMA Adaamaa waliin afgaaffii gaafa 25/07/2010 taasifame.
[23] Obbo Abrahaam Abbabaa Pirezadaantii M/M/O/God/Shawaa Kaabaa af-gaaffii gaafa 20/07/2010; Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010; Obbo Asfaawu Mitikkuu Pirezadaantii M/M/A/Jimmaa Gannatti af-gaaffii gaafa 03/08/2010 gaggeefame.
[24] Muniiraa Abdurqaadir, Pirezdaantii Mana murtii Aanaa Kofalee waliin afagaaffii gaafa 19/07/2010 taasifame.
[25] Abdurroo Aloo, Pirezdaantii MMA Sinaanaa waliin afgaaffii gaafa 04/07/2010 gaggeefame.
[26] Qorannoon kun bara 2006 kan gaggeeffame yoo ta'u, qorataan qorannicha gaggeesses Habtaamuu Bultiiti.

Afgaaffii gaggeeffame irraa akka hubatametti qabatamni dhimmoota kanneen ilaalchisee jiru mana sirreessaa tokko irraa kan birootti garaagarummaa bal'aa kan qabu dha. Bakka ciisichaan walqabate ammallee manneen sirreessaa hedduu keessatti hanqinni kutaalee fi siree cimaan kan jiru dha.[27] Kana irraa kan ka'e sirreeffamtootni kophaatti bahanii qabamuu qaban kanneen akka dargaggootaa fi namoota dhukkuba daddarboo qaban manneen sirreessaa tokko tokko keessatti addatti haalli itti qabaman kan jiru yoo ta'u,[28] manneen sirreessaa hedduun garuu sababa hanqina kutaatiin dargaggootaa fi beektota bakka tokkotti tursiisaa kan jirani dha.[29] Manneen sirreessaa tokko tokko keessatti immoo sirreefamtootni akkaataa umurii isaanitiin iddoon bultii isaanii adda bahee kan jiru yoo ta'ellee, iddoon oolmaa isaanii adda hin baane.[30]

Huccuun yuuniformii sirreeffamaaf kennamu manneen sirreessaa hunda keessa hin jiru. Kunis akka hirmaattotni kaasanitti hanqina baajataatiin kan walqabatu dha.[31] Nyaata sirreeffamtootaa ilaalchiisee bara baajata 2010 irraa eegalee mootummaan oolmaa guyyaatti sirreeffamaa tokkoof qarshii 11.18 ture gara qarshii 20.26'tti waan ol guddiseef fooyya'iinsa guddaatu jira.[32]

---

[27] Itti/A/Kom/Adam Ahimad A/Ade/Bu/Hu/Na/M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010 gaggeefame.

[28] Itti/A/Komaandar Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010; Insp/Ol/Tashoomaa Taaddasaa A/Ade/Bu/Faayi/M/A/Sirreessaa God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010 gaggeefame.

[29] Itti/A/Kom/Adam Ahimad A/Ade/Bu/Hu/Na/M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010 gaggeefame.

[30] Insp. Mushuxee A/Qaadir A/A/Ho/I haaromsa sirreefamtoota amana sirreessaa Godina Baalee waliin afgaaffii gaafa 04/08/2010 taasifame

[31] Kom. Fallaqaa Geetahuun, A/A/Ho/I Haaromsa sirreefamtootaa Godina Addaa Adaamaa waliin afgaaffii gaafa 26/07/2010 gaggeefame

[32] Insp/Abbabaa Mannashaa, Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Shawaa Kaabaa af-gaaffii gaafa 20/07/2010; Itti/A/Kom/ Adam Ahimad A/Ade/ Bu/Hu/Namaa M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010; Itti/A/Kom/Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010, Insp/Ol/Tashoomaa Taaddasaa, M/A/Sirreessaa God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010 gaggeefame.

Sirreeffamtootni seeraa baruumsa idilee isaanii akka hordofuu danda'an mana sirreessaa hunda keessatti baruumsi bu'uuraa fi hanga kutaa 8ffaa jalqabameera. Barumsi kutaa 9-12 manneen sirreessaa lama keessatti (Manneen Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa fi Wallagga Bahaatti) kan eegalame yoo ta'u sirreeffamtootni sadarkaa kana irra gahan gara manneen sirreessaa kanneeniitti jijjiirramanii akka baratan ta'aa jira. Kanneen Yuunivarsiitiif darbanis baruumsa fagootiin akka baratan yookin yeroof galmaa'anii ('withdraw' guutanii) akka bahanii fi yeroo adabbii isaanii xumuranitti akka itti fufan haalli ni mijeeffamaaf.[33] Leenjii ogummaa fi teeknikaatiin walqabatee akka armaan duraa leenjisuu qofa osoo hin taane BLTO waliin ta'uun leenjii kennuun sirreeffamtootni gahuumsi isaanii akka mirkanaa'uu fi sartifikeeta akka argachuu danda'an gochuun eegalameera.[34] Ta'us, rakkoon meeshaa gahaa leenjii deeggaran dhabuu ammas ni jira.[35] Manneen sirreessaa tokko tokko (fakkeenyaaf godinaalee Horroo Guduruu Wallaggaa fi Jimmaatti) sababa hanqina baajataa, dhiyeessii meeshaalee fi barsiisotaatiin leenjiin teeknikaa fi ogummaa kennamaa hin jiru.[36]

Kana malees, qorannichi rikoordii yakkaa qaamolee haqaa biroo bira jiru fuudhanii itti fayyadamuu irratti xiyyeeffannoon hojjetamuu akka qabu teechiseera. Haa ta'u malee, qaamolee haqaa keenya biratti qabatamaan aadaan rikoordii yakkaa fi odeeffannoo qabachuu fi waliif kennuu laafaa

[33] I/A/Komishinaraa Addunyaa Namarraa, Ko.Ma.Sirreessaa Oromiyaa, afgaaffii gaafa 26/7/2010 gaggeeffame.
[34] I/A/Komishinaraa Addunyaa Namarraa, Ko.Ma.Sirreessaa Oromiyaa, afgaaffii gaafa 26/7/2010 gaggeeffame.
[35] I/A/Komishinaraa Addunyaa Namarraa, Ko.Ma.Sirreessaa Oromiyaa, afgaaffii gaafa 26/7/2010 gaggeeffame.
[36] Itti/A/Kom/ Adam Ahimad A/Ade/ Bu/Hu/Namaa M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010,Itti/A/Kom/Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010, Insp/Ol/Tashoomaa Taaddasaa A/Ade/Bu/Faayi/M/A/Sirreessaa God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010 gaggeefame.

ta'uu hirmaattotni afgaaffii deebisan ibsanii jiru.[37] Manneen sirreessaa tokko tokko keessatti garuu sirreeffamaan akkuma simatameen odeeffannoon isaa daataa beezii keessa akka galu haalli itti taasifamuu eegale ni jira. Kunis fooyya'iinsa gaarii dha.[38]

Gama biraatiin, ogeessotni xiinsammuu, gorsaa seeraa fi hawaasummaa manneen sirreessaa hunda keessatti akka ramadaman qorannichi kan akeeke yoo ta'u, manneen sirreessaa tokko tokko ogeessota barbaachisan, kan akka ogeessa xinsammuu, seeraa fi hawwasumma ni qabu.[39] Ta'us, mindaan ogeessota kanaa baay'ee xiqqaa ta'uu isaatiin hojiirraa gadi-dhiisuun ni heddummata.[40] Kana malees, tattaaffii sirreeffamtoota haaromsuuf taasifamu keessatti qindoominaan qaamolee haqaa waliin hojjetamuu akka qabu qorannichi teechisus hojii sirreeffamtoota seeraa haaromsuu keessatti qindoominni qaamoolee haqaa waliin jiru laafaa dha.[41] Darbee darbee garuu

[37] Itti/A/Kom/ Adam Ahimad A/Ade/ Bu/Hu/Namaa M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010,Itti/A/Kom/Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010, Insp/Ol/Tashoomaa Taaddasaa A/Ade/Bu/Faayi/M/A/Sirreessaa God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010

[38] Insp. Qaasim Sulxaan ogeessa murtii raawwachiisaa Mana sirreessaa Go/ Arsii lixaa waliin gaafa 20/07/2010 afgaaffii gaggeefame. Kom. Fallaqaa Geetahuun, A/A/Ho/I Haaromsa sirreefamtootaa waliin afgaaffii gaafa 26/07/2010 gaggeefame Insp. Mushuxee A/Qaadir A/A/Ho/I haaromsa sirreefamtoota amana sirreessaa Godina Baalee waliin afgaaffii Gaafa 04/08/2010 taasifame

[39] Insp. Mushuxee A/Qaadir A/A/Ho/I haaromsa sirreefamtoota amana sirreessaa Godina Baalee waliin afgaaffii Gaafa 04/08/2010 taasifame.

[40] Insp/Abbabaa Mannashaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Shawaa Kaabaa af-gaaffii gaafa 20/07/2010, Itti/A/Kom/Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010, Insp/Ol/Tashoomaa Taaddasaa A/Ade/Bu/Faayi/M/A/Sirreessaa God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010 gaggeefame.

[41] Itti/A/Kom/ Adam Ahimad A/Ade/ Bu/Hu/Namaa M/A/Sirreessaa God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010,Itti/A/Kom/Waggaarii Caallaa Itti/Gaf/M/A/Sirreessaa God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 04/08/2010.

abbootiin alangaa gara mana sirreessaa deemuun hubannoo uumuun haalli itti deeggaran ni jira.[42]

### *2.3. Daldala Seeraan Alaa To'achuu: Rakkoowwan Seeraa Fi Hoj-Maata Qaamolee Haqaa Keessatti Mul'atan*[43]

Yaada furmaataa qorannichi akeeke keessaa tokko yakkoota daldala seeraan alaa ilaalchisee xiyyeeffannoon ragaa sobaa maqsuuf kennamu fooyya'uu qaba kan jedhu dha. Hirmaattotni afgaaffii deebisan hedduun xiyyeeffannoon ragaa sobaa adda baasuuf kenname fooyya'eera jedhaniiru.[44] Hirmaattotni fooyya'iinsi jira jedhan kunneen namoota ragaa waraqaa darbiinsaa sobaan qopheeffatanii dhiyeessan irra gahamee haalli itti adabaman jiraachuu kaasu.[45] Kana malees, meeshaaleen daldala seeraan alaatiin walqabatee to'annoo jala oolanis waraqaa darbiinsaa waan qabaniif qofa osoo hin taane qaama waraqaa kana kennu irraa erga qulqulla'ee booda akka gadi lakkifaman godhamaa jiraachuu akka fakkeenyaatti caqasaniiru.[46] Namootni hayyama daldalaa nama biraa irratti suura maxxansuun ragaa sobaa dhiheessan, xalayaa deeggarsaa sobaa barreessisan, ragaa qaamni mootummaa (kan akka Abbaa Taayitaa Oomisha Gabaa Itoophiyaa) kenne fakkeessanii ragaa sobaa dhiheeffatan haalli irra gahamaa ture jira.[47] Rakkoo kana hir'isuufis waajjiraalee ragaa gara mana murtiitti ergan kan akka

[42] Kom. Fallaqaa Geetahuun, A/A/Ho/I Haaromsa sirreefamtootaa waliin afgaaffii gaafa 26/07/2010 gaggeefame

[43] Mata duree kana irratti Inistiitiyuutichaan qorannoon kan gaggeeffame bara 2008 dha. Ogeessotni qoratanis Habtaamuu Bultii fi Abdusalama Abbeeti.

[44] Itti aanaa Saajiin Taaddasaa Baqqalaa, Qorataa Yakkaa W/Poolisii Aanaa Kuyyuu, 20/07/2010.

[45] Koomandar Margaa Garbii, Abbaa Adeemsa hojii Qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu qajeelcha poolisii godina wallaggaa bahaa, 04/08/2010; I/A/Inspeektara Dabalaa Araarsoo qorataa yakkaa Waajjira Poolisii Aanaa Diggaa, 5/8/2010.

[46] Maarqoos Waaqgarii Tuuchoo, I/A/Inspeektaraa,Abbaa Adeemsa Hojii qorannaa yakkaa Wajjira Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee,5/8/2010.

[47] Koomandar Waaqgaarii Hayilee, Abbaa Adeemsa nageenyaa naannoo mirkaneessuu Go/Horroo Guduruu, Inspektara amantee Kabbadaa, Divizninii Taaktikaa Qajjelcha poolisii Go/ Horroo Guduruu,03/08/2010.

waajjira bosonaa, waajjira lafaa fi waajjira daldalaa waliin karaa waltajjii ummataa adda addaa fi koree fooyya'iinsa sirna haqaatiin mariin taasifamaa jiraachuus dabalataan kaasaniiru.[48] Haata'u malee, ammas gama kanaan rakkoo bal'aatu jira kanneen jedhanis ni jiru.[49] Hirmaattotni yaada kana kaasan fakkeenyaaf, himatamaan ragaa ittisaa sobaa fakkeessee dhiheeffatee bilisa erga bahe booda ragaan dhiyeeffatee ture soba ta'uu beekamee yakkaan akka adabamu ta'e jiraachuu caqasu.[50] Yaadotni hirmaattota afgaaffii irraa argaman kunneen yeroo ilaalaman yakkoota daldala seeraan alaatiin walqabatee rakkoo ragaa sobaa uumamaa jiru furuuf xiyyeeffannoon kennamu fooyya'uu fi hojiiwwan qabatamaan gama kanaan hojjetamanis jiraachuu hubachuun ni danda'ama.

Yaadota furmaataa qorannichi akeeke keessaa inni biraa rakkoo naamusa ogeessotaa irratti to'annaan cimaan akka gaggeeffamu kan jedhu dha. Afgaaffiin taasifame akka agarsiisutti yakkoota daldala seeraan alaatiin walqabatee naamusa qorattoota poolisii irratti hordoffiin taasifamaa jiru fooyya'uu isaati.[51] Miseensota poolisii meeshaalee bu'aa daldala seeraan alaa ta'an fayidaa dhuunfaatiif oolfachuu yaalan irratti tarkaanfiin seeraa fi

[48] Obbo Gazaalii Abbaa Simaal Pirezadaantii M/M/O/God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010, Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010 gaggeefame.

[49] Obbo Shimallis Gammachuu, A/A/H/Q/Y/ fi Murtii Haqaa Kennisiisuu W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) A/Gadaab Asaasaa af-gaaffii gaafa 19/7/2010 taasifame, Obbo Muhaammad Boggaalaa, Itti Gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa Kofalee, af-gaaffii gaafa 19/7/2010 taasifame, Obbo Buusaa Dhaabaa Itti gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa Adaamaa, af-gaaffii gaafa 24/7/2010 taasifame.

[50] Saajiin Ol-aanaa Anteenaa Wasanee Itti gaafatama Diviizyinii Qorannaa Taaktiikii Qajeelcha Poolisii Godina Jimmaa, 08/08/2010.

[51] G/Saajiin Taaddasaa Baqqalaa, Qoratаа Yakkaa W/Poolisii Aanaa Kuyyuu, 20/07/2010; Maarqoos Waaqgarii Tuuchoo, I/A/Inspeektaraa,Abbaa Adeemsa Hojii qorannaa yakkaa Wajjira Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee,5/8/2010.

bulchiinsaa fudhatamaa jira.[52] Poolisootni daldala seeraan alaa erga qaban booda himatamaa waliin waliigalanii dhimmicha gara seeraatti osoo hin dhiyeessiin hafan irrattis tarkaanfiiwwan naamusaa fudhatamaii yakkaanis akka itti-gaafataman taasifame ni jiru.[53] Naamusa qorattootaa irrattis to'annaa fi hordoffiin gama abbaa adeemsaa fi marii tokko shaneetiin ni taasifama.[54]

Akka hirmaattotni afgaaffii deebisan jedhanitti manneen murtiis dhimma yakka daldala seeraan alaa abbootii seeraa naamusa gaarii qabaniif of eeggannoon hojjachuu danda'aniif kennamee akka ilaalamu taasisuuf ni yaalama.[55] Gama biraatiin, manneen murtii namoota yakka daldala seeraan alaatiin shakkamanii himataman wabii gahaa waamsisuu irratti fooyya'iinsi ni jira. Hanga wabii maallaqaa fooyyessuu fi dabalataanis wabii namaa akka dhiyeessan ni godhama.[56] Naamusa ogeessotaa to'achuu irratti hawaasa waliin marii akka taasisanii fi dhimmoota daldala seeraan alaa irratti gara Mana murtii dhufaniif murtii ariifataa fi loogii hin qabne kennuuf yaaliin taasifamu jiraachuus ni caqasu.[57]

---

[52] Koomandar Margaa Garbii, Abbaa Adeemsa hojii Qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu qajeelcha poolisii godina wallaggaa bahaa, 04/08/2010.

[53] Saajiin Ol-aanaa Anteenaa Wasanee Itti gaafatama Diviizin qorannaa Taaktiikii Qajeelcha poolisii Godina Jimmaa, 08/08/2010.

[54] I/A/ Inspeektara Tafarraa Qanaa'aa A/Adeemsa Hojii Qorannaa Yakka aanaa Jimmaa Gantii, 3/08/2010.

[55] Obbo Gazaalii Abbaa Simaal Pirezadaantii M/M/O/God/Jimmaa af-gaaffii gaafa 08/08/2010, Obbo Fiqiruu Ayyaanaa B/B pirezadaantii MMO/God/Horroo Guduruu af-gaaffii gaafa 03/08/2010.

[56] Obbo Abbarraa Shifaraaw B/B pirezadaantii M/M/O/God/Wallaga Bahaa af-gaaffii gaafa 05/08/2010, Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame; Obbo Tsaggaayee Dassaaleny, pirezidaantii M/M/A/Gobbaa, af-gaaffii gaafa 5/8/2010 taasifame, Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame,

[57] Abdurroo Aloo, Pirezdaantii MMA Sinaanaa waliin afgaaffii gaafa 04/07/2010 gaggeefame.

### *2.4. Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu: Seeraa fi Hojimaata[58]*

Yaadota furmaataa qorannoo kanaan akeekaman keessaa tokko yeroo sakatta'insi dhiibbaa naannoo gaggeeffamu uummatni mariisifamuu qaba kan jedhu dha. Hirmaattotni Waajjiraalee Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa irraa afgaaffii deebisan akka jedhanitti sakatta'insi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamu uummata mariisisuuun yeroo dhihoo as eegalamee jira.[59] Gama biraatiin, godinootaa fi aanolee tokko tokko keessatti yeroo hojiin kun gaggeeffamu uummata mariisisuun hin eegalamne.[60] Godinoota tokko tokko keessatti immoo (fakkeenyaaf Godina Wallaga Bahaatti) darbee darbee projektiiwwan muraasa irratti uummatni akka mariisifamu ta'a.[61]

Yaadni furmaataa qorannichaan teechifame inni biraa sakatta'insi dhiibbaa naannoo yeroo gaggeeffamus ta'e yeroo xiinxalamu (madaalamu) qaamaan iddoo piroojektichi itti hojjetamuuf karoorfame deemuun odeeffannoon (ragaa) funaanuun eegalamuu qaba kan jedhu dha. Daataan afgaaffii hirmaattota tokko tokko irraa argame akka agarsiisutti ragaan sakatta'insa dhiibbaa naannoo gaggeessuufis ta'e xiinxaluuf gargaaru kan funaanamu

---

[58] Qorannoon kun bara 2008 gaggeeffame. Ogeessotni qoratanis Azzanee Indaalammaa fi Waaqgaarii Dullumeeti.

[59] Obboo Amaan Araarsoo I/G A/T/E/N/fi Jijjirama Qilleensaa G/A/Lixaa waliin afgaafii gaafa 19/07/2010 taasifame; Obboo Muhaamad Xayyib Taajuu R/Sakatta'insa Dhibbaa Naannoo Magaalaa Adaamaa Waliin Afgaafii Gaafa25/07/2010 taasifame; Addee Qidist Laaqawuu I/GaafatamtuA/T/E/N/ fI IJijjirama Qilleensaa A/Haramaayaa Waliin Afgaafii gaafa 09/08/2010 taasifame.

[60] Obboo Xilaahuun Tsagawuu I/A/A/T/E/N/fIjijjirama Qilleensaa G/H/Bahaa waliin Afgaafii Gaafa 09/08/2010 taasifame, Addee Abbayinaash Tafarraa Oggeessa Jijjirama Qilleensaa G/Baalee Waliin Afgaafii Gaafa 03/08/2010 Taasifame; Obbo Addunyaa Taaddasaa Itti/Gaf/Waj/ Waj/ Eeg.Na. fi Jij.Qill/A/Horroo af gaaffii –gaafa 03/08/2010 gaggeefame.

[61] Obbo Adaamuu Caannyaalawu A/Ad/Hoj/Sak/Dhi/Nan/ God/Wallaga Bahaa af- gaaffii gaafa 04/08/2010 gaggeefame.

qaamaan bakka sanatti argamuuni dha.[62] Godinaalee tokko tokko keessatti immoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoo gaggeessuuf qaamaan iddoo pirojektichi itti hojjetamu deemuun odeeffannoo sasaabuun hin jiru.[63]

Hojii eegumsa naannoo milkeessuuf sekteroota ilaallatu waliin qindoominaan hojjechuun akka barbaachisus qorannichi kan akeeke yoo ta'u, hirmaattotni afgaaffii deebisan yaada bifa lama qabu kennaniiru. Gariin isaanii seektarootni ilaallatu marii fi karoora waliinii qabaachuun qindoomina gaarii akka uumanii jiran teechisaniiru. [64] Qindoominaan hojjechuu kana milkeessuuf, nama dhimma sakatta'insa dhibbaa naannoo qindeessu ('focal person') waajjira Abba Taayitaa Eegumsaa Naannoo Bosonaa fi Jijjirama Qilleenssaa keessatti ramadanii hojjechiisuun danda'ameera. [65] Bu'uuruma kanaan bakkeewwan tokko tokkotti seektaroonni hojichi ilaallatu kunneen karoora waliinii haalli itti baafatanii socho'an uumameera.[66]

---

[62] Obboo Geetahuun Bazaabiny Dursa Garee Hord/Degge/fi Xiqqeessaa Jijjirama QilleensaA/Adaamaa waliin Afgaafii Gaafa 25/07/2010 Taasifame, Obbo Seeyifu Tulluu dursaa garee Heddumina Lubbu-qabeeyii G/Shawaa Bahaa waliin afgaafii guyyaa 25/07/2010 taasifame.

[63] Obboo Abdii Mohammad I/A/A/T/E/N/fiJijjirama Qillensa A/Qarsaa waliin Afgaafii gaafa 09/08/2010 taasifame, Obboo Gannaa Abdaa I/G/A/T/E/N/fi Jijjirama Qilleensa A/Sinaanaa waliin Afgaafii Gaafa 03/08/2010 taasifame, Obboo Amaan Araarsoo I/G A/T/E/N/fi Jijjirama Qilleensaa G/A/Lixaa waliin afgaafii gaafa 19/07/2010 taasifame.

[64] Obbo Alamuu Raggaasaa I/I/G waajiira Godinaa Shawaa Kaabaa gaafa 18/07/2010; Obbo Nugusee Bayyanaa I/G waajjira aanaa Kuyyuu, shawaa kaabaa gaafa 20/07/2010; Obbo Shawaafarraaw Hayiluu I/G waajjiraa aanaa Magalaa Jimmaa, 08/08/2010.

[65] Obboo Musxafaa Kadiir I/G A/T/E/N/fIjijjirama Qilleensaa A/Goobbaa Waliin Afgaafii Gaafa 04/08/2010 taasifame, Obboo Xilaahuun Tsagawuu I/A/A/T/E/N/fIjijjirama Qilleensaa G/H/Bahaa waliin Afgaafii Gaafa 09/08/2010 taasifame, Obboo Abdii Mohammad I/A/A/T/E/N fi Jijjirama Qillensa A/Qarsaa waliin Afgaafii gaafa 09/08/2010 taasifame.

[66] Obboo Musxafaa Kadiir I/G A/T/E/N/fIjijjirama Qilleensaa A/Goobbaa Waliin Afgaafii Gaafa 04/08/2010 taasifame, Obboo Eda'oo Araarsoo I/G/A/T/E/N/fi jijjirama qilleensaa A/Kofalee waliin af gaafii gaafa 19/07/2010 Taasifame, Obboo kadiir Hasaan A/A /Hojiiheddumina lubbu qabeeyii A/G/Hasaasa waliin afgaafii gaafa 19/07/2010 taasifame.

Gama biraatiin, qaamoleen faalama geessisan akka itti gaafataman taasisuuf ciminaan hojjetamuu akka qabu qorannichi akeekeera. Hirmaattotni Waajjiraalee Eegumsa Naannoo irraa afgaaffii deebisan gama kanaan hojiin hedduun hojjetamuu ibsu.[67] Fakkeenyaaf, sababa kanaan dhaabbileen tokko tokko akka cufamanii fi kaan immoo tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatan taasifameera. Kana bira darbee garuu faalamaa fi miidhaa geessisaniif akka itti gaafataman gochuuf hojiin hojjatame hin jiru.[68] Dabalataanis, daataan hirmaattota qorannichaa irraa argame odiitiin naannoo gaggeeffamaa akka hin jirre agarsiisa.[69]

Akkasumas sakatta'insi dhiibbaa naannoo gaggeeffamee jiru yeroo xiinxalamu (madaalamu) ogeessota ogummaa adda addaa qaban hirmaachisuu akka qabu qorannichi yoo kaa'ellee, qabatama yeroo ammaa jiruun sakatta'iinsi yeroo gaggeeffamu ogeessota barbaachisoo kanneen hunda hirmaachisaa hin jiru.[70]

### *2.5. Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu: Rakkoowwan Qorannoo Irraa Hanga Murtii Kennisiisuutti Mula'atan[71]*

Yaadni furmaataa qorannichaan akeekame inni tokko bu'a-qabeessummaa qorannoo yakkoota kanaa mirkaneessuuf bajatni, loojistikiin gahaan

---

[67] Obbo Nugusee Bayyanaa I/G waajjira aanaa Kuyyuu, shawaa kaabaa gaafa 20/07/2010; Obbo kaaliid A/Maccaa I/G waajjira Godinaa, Godina Jimmaa gaafa 08/08/2010;Obbo. Shawaafarraaw Hayiluu I/G waajjiraa aanaa Magalaa Jimmaa gaafa 08/08/2010; Obbo Mahaammad Siiraji, A/A Eegumsa naannoo, Aanaa Gommaa, Godin Jimmaa, 09/08/2010.
[68] Obbo Indaashaaw Girma, A/A Eegumsa naannoo, Aanaa Waacaalee, 19/07/2010
[69] Obbo Alamuu Raggaasaa I/I/G waajiira Godinaa Shawaa Kaabaa gaafa 18/07/2010; Obbo. Nugusee Bayyanaa I/G waajjira aanaa Kuyyuu, shawaa kaabaa gaafa 20/07/2010; Obbo Mahaammad Siiraji, A/A Eegumsa naannoo, Aanaa Gommaa, Godina Jimmaa, 09/08/2010.
[70] Obbo Indaashaaw Girma, A/A Eegumsa naannoo, Aanaa Wacaalee, 19/07/2010; Obbo Alamuu Raggaasaa I/I/G waajiira Godinaa Shawaa Kaabaa gaafa 18/07/2010; Obbo Kaaliid A/Maccaa I/G waajjira Godinaa, Godina Jimmaa, 08/08/2010
[71] Qorannoon kun bara 2007 gaggeeffame. Ogeessi qorannicha gaggeesse Faasil Saamu'eeli.

ramadamee hojiirra ooluu qaba kan jedhu dha. Daataan dhimma kana ilaalchisee afgaaffiin argame akka mul'isutti baajatnii fi loojstikiin kophaatti dhimma kanaaf ramadame hin jiru.[72] Kana irraa kan ka'e, qorannoo gaggeessuu fi bakka yakki itti raawwatame dhaqanii ragaa funaanuuf dhaabbilee miti mootummaa fi Waajjira dhimma daa'immanii fi dubartootaa yeroon deeggarsi gaafatamu ni jira. Bakka hedduutti kutaan addatti yakki dirqisiisanii gudeeduu itti qoratamu hin jiru. Kanaaf kutaa qorannaa yakkaa idileetti,[73] yookin hoogganaan kutaa gadhiiseefi[74] qorannaan ni gaggeeggafama. Aanota tokko tokkotti immoo kutaan kophaatti dhimma kanaaf qopha'e yoo jiraatellee meeshaalee hojii waan hin qabneef itti hojjetamaa hin jiru.[75] Haa ta'u malee, daa'imman miidhaan gara gara irra gahe iddoon turan, deeggarsa dhaabbilee akka "UNICEF" irraa argameen ijaaramee tajaajila kennaa jira. Wajjiraalee poolisii aanaa tokko tokko keessattis kutaan fayidaa kanaaf oolu ijaarameera.[76]

---

[72] Adam Mohammad, Hoogganaa WHA Gobbaa waliin afgaaffii gaafa 05/08/2010 taasifame. Obbo Shimallis Gammachuu, A/A/H/Q/Y/ fi Murtii Haqaa Kennisiisuu W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) A/Gadaab Sajiin Mulgeetaa Yaadasaa qorataa Yakka Balaa Konkoolata waajjira poolsii A /Kofalee waliin afgaafii gaafa 19/07/2010 taasifame.

[73] Koomandar Margaa Garbii, Abbaa Adeemsa hojii Qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu qajeelcha poolisii godina wallaggaa bahaa, 04/08/2010; Maarqoos Waaqgarii Tuuchoo, I/A/Inspeektaraa,Abbaa Adeemsa Hojii qorannaa yakkaa Wajjira Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee,5/8/2010; I/A/Inspeektara Dabalaa Araarsoo qorataa yakkaa Waajjira Poolisii Aanaa Diggaa 5/8/2010.

[74] I/A/Komaandaraa Tsagayyee Damisee, Hogganaa W/ra Poolisii Aanaa Waacaalee, 19/7/2010.

[75] Saajiin Ol-aanaa Tafarraa Jootee, Abbaa Adeemsa Hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa W/P/ Bulchiinsa Magaalaa Fichee,20/07/2010 ;

[76] Koomandar Waaqgaarii Hayilee, Abbaa Adeemsa nageenyaa naannoo mirkaneessuu Go/Horroo Guduruu, Inspektara Amantee Kabbadaa, Divizninii Taaktikaa Qajjelcha poolisii Go/ Horroo Guduruu, Saajiin Maaza Geetachoo, Abbaa Adeemsa dhimma da'imman,dargaggootaa fi dubartoota qajeelcha poolsii Go/Horroo Guduruu, 03/08/2010; I/A/ Inspeektara Tafarraa Qanaa'aa A/Adeemsa Hojii Qorannaa Yakka Aanaa Jimmaa Gannatii,3/08/2010.

Yaadota furmaataa qorannoon kun akeekee ture keessaa tokko lakkoofsi qorattoota poolisii dubartoota ta'an akka dabalu kan jedhu dha. Lakkoofsi qorattoota dubartootaa qorannoo yakka daa'immanii fi dubartootaa irratti hirmaatanii xiyyeeffannoo argatee dabalee jira.[77] Haa ta'u malee qorattootni dubartootaa ramadaman kunneen leenjiin gahaan kennameefii waan jirreef rakkoo gahuumsaa bal'aa qabu.[78]

Yaadni furmaataa qorannoo kanaan teechifame inni biroo yakkoota dirqisiisanii gudeeduutiin walqabatee jiddu-lixummaa jaarsolee araaraa hambisuuf hojjetamuu akka qabu kan agarsiise ture. Akka hirmaattotni afgaaffii tokko tokko jedhanitti yakki daa'immanii fi dubartoota irratti raawwatamu seeraaf akka hin dhiyaatne yookin murtiin akka itti hin kennamne giddu lixummaan jaarsoliin araaraa taasisan hir'atee jira.[79] Giddu lixummaan kun akka hir'atu, wajjirri poolisii, abbootiin alangaa fi waajjirri dhimmi dubartii fi daa'immanii leenjii hubannoo cimsu kennaniiru. Aanolee tokko tokko keessatti, manni marii manguddootaa hunda'ee jira. Manguddoon yakkoota daa'immanii fi dubartoota irratti raawwataman

---

[77] Adam Mohammad, Hoogganaa WHA Gobbaa waliin afgaaffii gaafa 05/08/2010 taasifame; Obbo Shimallis Gammachuu, A/A/H/Q/Y/ fi Murtii Haqaa Kennisiisuu W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) A/Gadaab Asaasaa af-gaaffii gaafa 19/7/2010 taasifame, Obbo Buusaa Dhaabaa Itti gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa Adaamaa, af-gaaffii gaafa 24/7/2010 taasifame, Obbo Kamaal Bakar, Hogganaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Adda Adaamaa, af-gaaffii gaafa 26/7/2010 taasifame.

[78] Ins Olaanaa Kaasany Damissee I/G Div qorannaa Taaktiikii Qaj Poolsii G/Sh/Bahaa waliin Afgaafii gaafa 25/07/2010 Taasifame, Haqaa Mirkanneessa G/Adda Adaamaa WaliinAfgaafii Gaafa 25/07/2010 taasifame, I/A Kom Birhaanuu Maammoo A/A/HoJ/Qor/Yak/fi/Murtee/Haqaa/kenisiisaa Magaalaa Adaamaa waliin Afigaafi Gaafa 25/07/2010 taasifame; Koomandar Margaa Garbii, Abbaa Adeemsa hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Qajeelcha Poolisii Godina Wallaggaa Bahaa, 04/08/2010.

[79]Fo'aad Shariif, BB Hoogganaa WH Go/Har/Bahaa waliin afgaaffii gaafa 09/08/2010 gaggeefame; Ins Olaanaa Kaasany Damissee I/G Divvizyinii Qorannaa Taaktiikii Qaj Poolsii G/Sh/Bahaa waliin Afgaafii gaafa 25/07/2010 Taasifame, Kom Birhaanuu Lachiisaa A/A/Ho/Qor/Yak/fi/Murtee Haqaa Mirkanneessa G/Adda Adaamaa WaliinAfgaafii Gaafa 25/07/2010 taasifame,

ilaalchisee gahee taphachuu qaban irratti hubannoon kennameefii jira. Haa ta'u malee, rakkoo kana hambisuuf ammas hojii bal'aa barbaada.[80] Manni maree kun hojii hojjetanis akka gabaasan ni taasifama.[81] Jaarsooliin gochaa kana raawwachuun seeraan gaafatamanis ni jiru.[82] Gama poolisii hawaasaatiinis dhimma kana ilaalchisee marii hawaasaa irratti baruumsi haalli itti kennamaa ture ni jira.[83]

Yaadni furmaataa qorannoo kanaan akeekamee ture inni biraa qindoomina qaamoolee haqaa fi dhaabbile fayyaa cimsuuf hojjetamuu qaba kan jedhu dha. Godinoota tokko tokko keessatti waajjiira fayyaa, abbaa alangaa fi qajeelcha poolisii godinaa keessatti '*fookal parsanii*' dhimma daa'imannii fi dubartootaa ramaduun walitti dhufanii sirna marii akka gaggeessan ni taasifama.[84] Kana malees, godinoota tokko tokko keessatti ragaa sobaa fi ragaa iftoomina hin qabne dhaabbilee fayyaa irraa dhiyaataa turan hambisuuf hoggantootaa fi ogeessota hospitaalaatiif leenjii hubannoo uumu kennuun fooyya'iinsi argameera.[85] Miidhamtootni yakkoota kanaas tajaajila yaalaa bilisaa dhaabbilee kana keessatti akka argatan bakki itti taasifamu ni jira.[86]

---

[80] I/A/Komaandaraa Tsagayyee Damisee, Hogganaa poolisii Aanaa Waacaalee, 19/7/2010.

[81] Itti aanaa Saajiin Taaddasaa Baqqalaa Baayyiss, qorataa yakkaa w/poolisii aanaa Kuyyuu, 20/07/2010.

[82] Saajiin Ol-aanaa Tafarraa Jootee , Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa W/P/ Bulchiinsa Magaalaa Fichee,20/07/2010.

[83] Koomandar Waaqgaarii Hayilee, Abbaa Adeemsa nageenyaa naannoo mirkaneessuu Go/Horroo Guduruu, Inspektara amantee Kabbadaa, Divizninii Taaktikaa Qajjelcha poolisii Go/ Horroo Guduruu, Saajiin Maaza Geetachoo, Abbaa Adeemsa dhimma da'imman,dargaggootaa fi dubartoota qajeelcha poolsii Go/Horroo Guduruu, 03/08/2010; I/A/koomandaraa Fiqaaduu Tafarraa,Ajajaa Waajjira poolisii Aanaa Horroo,3/8/2010 .

[84] Koomandar Margaa Garbii, Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Qajeelcha Poolisii Godina Wallaggaa Bahaa, 04/08/2010; Maarqoos Waaqgarii Tuuchoo, I/A/Inspeektaraa, Abbaa Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa Wajjira Poolisii Bulchiinsa Magaalaa Naqamtee, 5/8/2010.

[85] I/A Kom Mangistuu Ijaaraa A/A Qoranna Yakkaa Qajeelcha poolsii G/A/Lixaa waliin af gaafii gaafa 20/07/2010 taasifame; Insp Abarraa Kabbadaa Qorataa Yakkaa fi Balaa Konkoolata Aanaa Adaamaa Waliin Afgaafii Gaafa 25/07/2010 taasifame, Insp Shawaangizaaw Haayilee I/G waajjira poolsii A/Goobbaa waliin Afgaafii gaafa

Giddu-galli tajaajila qindaa'aa wal'aansa yaalaa fi tajaajila seeraa (medico-legal service) bakka tokkotti kennu hospitaalota tokko tokko, fakkeenyaaf Hospitala Fiichee fi Hospitaala Jimmaa keessatti dhaabbatee jira. Giddu-galoota kanneen keessatti kutaan dubartootnii fi daa'imman itti yaalaman, kutaan yakki itti qoratamu, abbaan alangaa fi qorattootni poolisii dubartii ta'anii fi hojjetaan hawaasummaa dhimma kana irratti hojjetan ni jiru.[87] Bakka tokko tokkotti immoo ogeessi xiinsammuus haalli itti ramadamu ni jira.[88] Haa ta'u malee, bakka giddu-galootni kunneen hin jirre hedduutti ogeessotni xiinsammuus ta'e hawwaasummaa ramadamanii akka hin jirre hirmaattotni qorannichaa ibsaniiru.[89] Qorannoo yakkoota dirqisiisanii gudeeduutiin walqabatee ogeessotni hawaasummaa fi xiinsammuu deeggarsa kan taasisan bakka giddu-galli tajaajila yaalaa fi seeraa hospitaalota keessatti bakka tokkotti gurmaa'e qofaatti dha.[90]

---

04/08/2010taasifame, I/A/Kom Dabbabaa W/Gabri'eel Qorataa yakka Qajeelcha Poolsii G/Baalee Waliin Afgaafii Gaafa 04/08/2010 Taasifame

[86]Obbo Abbaayineh Biraanee, Itti Gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa Magaalaa Adaamaa af-gaaffii gaafa 25/25/7/2010 taasifame, Obbo Kamaal Bakar, Hogganaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Adda Adaamaa, af-gaaffii gaafa 26/Y/2010 taasifame.

[87] Obboo Nimoonaa Dirribsaa Moosiisaa, Itti gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Go/Shawaa Kaabaa, 19/7/2010.

[88] Obboo Muktaar Sharafaddiin, Abbaa Alangaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Jimmaa fi bakka bu'aa itti gaafatamaa waajjirricha, 08/08/2010; Obboo Zalaalam Kanniisaa, I/G/ W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa, 8/8/2010.

[89]Saajin Abduraman Hajii Raawwata Qorataa Yakkaa waajjira poolsii A/Gadaab Hasaasaa waliin Afgaafii Gaafa19/07/2010 taasifame, Sajiin Mulgeetaa Yaadasaa Qorataa Yakka Balaa Konkoolata Waajjira Poolsii A /Kofalee waliin afgaafii gaafa 19/07/2010 taasifame, I/A Kom Mangistuu Ijaaraa A/A qoranna yakkaa Qajeelcha poolsii G/A/Lixaa waliin af gaafii gaafa 20/07/2010 taasifame; I/A/Sajiin Balaay Ergaasii B/Bu'aa Qorataa Yakkaa Magaalaa Roobee waliin Afgaafii gaafa 03/08/2010 taasifame; Sajiin Sisaay Taddasaa A/A/Ho/Qor/Yak/fi/Murtee Haqaa kennisiisa A/Haramaayaa waliin Afgaafii Gaafa 09/08/2010 taasifame.

[90] Obboo Nimoonaa Dirribsaa Moosiisaa, Itti gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Shawaa Kaabaa 19/7/2010; Obboo Muktaar Sharafaddiin, Abbaa Alangaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Jimmaa fi Bakka Bu'aa Itti Gaafatamaa Waajjirricha, 08/08/2010; Obboo Zalaalam Kanniisaa, I/G/ W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa, 8/8/2010.

## *2.6. Hariiroo Hojii fi Sirna Hiikkaa Waldhabbii Falmii Hojii Keessatti Rakkoolee Mul'atan*[91]

Yaadota furmaataa qorannoo kanaan akeekaman keessaa tokko qaamoleen falmii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ilaalan dhaqqabamaa ta'uu qabu kan jedhu dha. Bu'uuruma kanaan boordiin dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa dabalataa 2 magaalota Jimmaa fi Finfinneetti hundaa'uun dhaqqabummaa tajaajila boordii fooyyessuun danda'ameera. [92] Xiyyeffannoon mootummaadhaan dhimma hojjetaa fi hojjechiisaatiif kenname akka fooyya'uu qabus qorannichi akeekee ture. Kallattii kanaanis fooyya'iinsi mul'ate jiraachuu sakatta'iinsi kun ni agarsiisa. Fakkeenyaaf, fooramiin garsadee bakka bu'oota hojjechiisaa, hojjetaa fi mootummaa ofkeessatti qabatu sadarkaa naannootti Pirezdaantii mootummaa naannootiin walitti qabamu hundaa'eera. Foramiin kun sadarkaa godinaa fi magaalotaattis bakka tokko tokkotti hundaa'eera.[93] Gama biraatiin, ejensiiwwan hojjetaa fi hojii walquunnamsiisanii fi akkaataa seeraan hin hojjenne irratti tarkaanfiiwwan gara garaa (cufuu dabalatee) fudhatamaniiru.[94]

Kana malees, qorannichi hojii-gadilakkisuu gama to'attoota haala hojiitiin jiru hir'isuuf hojjetamuu akka qabu kan akeeke yoo ta'ellee, haala mijataa uumuudhaaf hojiin hojjetame hin jiru. Kanaaf, hojii gadi lakkisu ogeessota kanneen bira jiru hir'isuun hin danda'amne. [95] Dhaabbileen hojjechiisaa balaan hojii yeroo dhaqqabu akka gabaasan to'annoo fi deeggarsa taasisuun

---

[91] Qorannoon kun bara 2007 kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannicha kan gaggeessanis: Milkii Makuriyaa, Ayyaanaa Tollinaa fi Getaachoo Fayisaa ti.

[92] Ayyalaa Maqaasaa, Biiroo DhHHO, Darikt. Dariktoreetii Quunnamtii Industrii, waliin afgaaffii gaafa 17/8/2010 gaggeeffame.

[93] Ayyalaa Maqaasaa, Biiroo DhHHO, Darikt. Dariktoreetii Quunnamtii Industrii, waliin afgaaffii gaafa 17/8/2010 gaggeeffame.

[94] Dariktera Dariktoreetii Ejensiiwwan Hojjetaa fi Hojjechiisaa Walquunnamsiisan, Biiroo DhHHO, afgaaffii gaafa 17/8/2010 gaggeeffame.

[95] Ayyalaa Maqaasaa, Biiroo DhHHO, Darikt. Dariktoreetii Quunnamtii Industrii, 17/8/2010

barbaachisaa ta'uu qorannichi yoo agarsiises, qabatamaan garuu fooyya'iinsi kan hin jirree fi dhaabbileen hojjechiisaa balaan hojii yeroo dhaqqabu gabaasan hedduu hin jirani.[96] Waldaalee hojjetaa dhaabbilee mara keessatti akka gurmaa'an deeggaruu fi kanneen jiranis cimsuuf hojiileen hojjetamaa turan yoo jiraatanis, bifa tarsiimowaa ta'een kan itti hin deemamnee fi ammas hanqinni hedduun gama kanaan kan mul'atu dha.[97]

### *2.7. Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa: Sakatta'a Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa[98]*

Akka Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti himannaa naamusaa dhiyaatu irratti dafanii murtii kennuuf hojjetamuu akka qabu qorannichi agarsiisee ture. Si'oominni dhimmoota naamusaatiif furmaatni ittiin kennamu kunis hanga barbaadamu ta'uu baatus fooyya'iinsa agarsiisera.[99] Kana malees, bu'uuruma qorannichaan akeekameen koodii fi danbii naamusa abbaa seerummaa fooyyeessuuf itti adeemamaa jira.[100] Hanqinaaleen naamusaa akka hin uumamne ittisuu irratti xiyyeeffannoon hojjetamuu akka qabu qorannichaan kan teechifame yoo ta'ellee, hojiin qabatamaan ergasii gama kanaan hojjetame hin jiru.[101]

Akka W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa (yeroo qorannichi hojjetamu Biiroo Haqaa Oromiyaa)'tti himannaa naamusaa dhiyaatu irratti yeroo gabaabaa keessatti murtii kennuun walqabatee yaadni furmaataa kun yeroo

---

[96] Ayyalaa Maqaasaa, Biiroo DhHHO, Darikt. Dariktoreetii Quunnamtii Industrii, waliin afgaaffii gaafa 17/8/2010 gaggeeffame.
[97] Ayyalaa Maqaasaa, Biiroo DhHHO, Darikt. Dariktoreetii Quunnamtii Industrii, waliin afgaaffii gaafa 17/8/2010 gaggeeffame.
[98] Qorannoon kun kan gaggeeffame bara 2008 yoo ta'u ogeessotni qoratanis: Milkii Makuriyaa, Sulxaan Abdoo, Fayyeeraa Hayiluu fi Zarihun Ayyaanaati.
[99] Amsaaluu Olaanii, Gaggeessaa KTAS,MMWO,11/08/2010
[100] Amsaaluu Olaanii, Gaggeessaa KTAS,MMWO,11/08/2010
[101] Amsaaluu Olaanii, Gaggeessaa KTAS,MMWO,11/08/2010

teechifamee as fooyya'iinsi mul'ateera. Mirgi abbaan alangaa himatame dhagahamuuf yookin falmachuuf qabu garuu hin fooyyofne. Murtii gumiin abbootii alangaa naannoo kennu bu'uura Danbii Ittiin Bulmaataa Abbootii Alangaa irra jiruun qaamni komii dhagahu Koreen tokko hundaa'ee jira. Qaamni kun akka hundaa'u qorannichaan akeekamee kan ture yoo ta'u, tarkaanfiin kun fudhatamuun sirrii dha. Haata'u malee, gareen inispeekshinii sadarkaa godinaatti akka hundaa'u yaadni teechifamee ture itti hin adeemamne.[102]

Naamusa miseensota poolisii komishinii mana sirreessaa fooyyessuuf danbiin ittiin bulmaata miseensotaa dhaqqabamaa taasisuuf akka hojjetamu bu'uura qorannoon kun agarsiiseen, danbichi maxxanfamee tokkoon tokkoo poolisii akka argatu taasifameera. Miseensota rakkoo naamusaa qaban irrattis tarkanfiin madaalawaa fi barsiisaa ta'e fudhatamuu eegalee jira.[103]

### *2.8. Kenninsaa fi Barreessa Murtii Manneen Murtii Oromiyaa: Xiinxala rakkoolee seeraa fi hojimaataa[104]*

Yaadota akka furmaataatti qorannoo kanaan akeeekaman keessaa tokko galmeen erga hojjetame booda qulqullina isaa mirkaneessuuf odiitii ta'uu akka qabu ('post-audit') kan jedhu dha. Qabatama yeroo ammaa jiruun odiitiin galmee kun manneen murtii sadarkaa mara jiran keessatti kan mul'atu yoo ta'ellee, sirni mataa isaa diriireef hojimaata dirqisiisaa ta'ee

[102] Caaltuu Hasan, Qindeessituu Garee Inispeekshinii BHO (yeroo ammaa AAWO), 11/08/2010

[103] I/A/Komishinaraa Addunyaa Namarraa, Ko.Ma.Sirreessaa Oromiyaa, afgaaffii gaafa 26/7/2010 gaggeeffame.

[104] Qorannoon kun bara 2009 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessotni qoratanis Tafarii Baqqalaa fi Angeessaa Itichaati.

hojiirra oolee hin jiru. Sirna kana diriirsuuf Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa itti adeemaa jira. [105]

Yaadni inni biraa qorannoon kun teechise rakkoo naamusa abukaatoo bira jiru furuuf hojjetamuu akka qabu kan jedhu dha. Bu'uuruma kanaanis, sadarkaa W/ra Abbaa Alangaa Waliigalaa (Yeroo Qorannoon Kun Gaggeeffamu Biiroo Haqaa Oromiyaa)'tti Gumiin Naamusa Abukaatoo hordofu hundaa'ee hojii eegalee jira.[106]

Kallattiin qorannichaan teechifamee ture inni biraa baay'ina fuula himannaa, deebii fi oliyyannoo ilaalchisee sirni ifa ta'e jiraachuu akka qabu kan akeeku dha. Haa ta'u malee, rakkoo kana furuuf sochiin taasifame hin jiru.[107]

### *2.9. Rakkoowwan Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Faayidaa Uummataatiif Gad-Lakkisiisuun Wal-Qabatanii Jiran: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa[108]*

Yaadota akka furmaataatti qorannoo kanaan akeeekaman keessaa tokko kanfaltiin beenyaa namoota dantaa uummataatiif lafa isaanii gadi dhiisaniif kanfalamu gahaa ta'uu dhabuun kan walqabatu dha. Akka mootummaa naannootti rakkoon kun jiraachuu itti amanamee koreen tokko hundaa'ee sadarkaa naannootti irratti hojjetaa jira. Seerri gama kanaan jirus fooyya'uuf adeemsa irratti argama.[109]

---

[105] Amsaaluu Olaanii, Gaggeessaa KTAS,MMWO,11/08/2010
[106] Malkaamuu nagarii, A/Ad/Humna Namaa BHO (yeroo ammaa AAWO), 11/08/2010
[107] Amsaaluu Olaanii, Gaggeessaa KTAS,MMWO,11/08/2010
[108] Qorannoon kun bara 2006 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessi qorannicha gaggeesse Alamaayyoo Waaggaariti.
[109]Tufaa Olaanaa, Ogeessa Seeraa, Kom. Investimentii Oromiyaa, 11/08/2010

Ejensiin namoota lafa isaaniirraa buqqa'an deebisee dhaabus akka naannoo keenyaatti hundaa'eera.[110] Lafa invetimentiin fudhatame fayidaa uummataa olaanaaf oolchuurratti abbootii qabeenyaa rakkoo qaban adda baasuun tarkaanfiin irratti fudhatamaa turuu fi fuldurattis tarkaanfii walfakkaataa qorannoo bu'uureffate fudhachuuf Komishiniin Investimentii hojjechaa jira.[111]

### *2.10. Rakkoolee Bu'aa Qabeesummaa Manneen Murtii Bulchiinsa Fi Aangoo Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee:-Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa[112]*

Yaadota furmaataa qorannoo kanaan akeeekaman keessaa inni tokko Labsiin Hojjettoota Mootummaa, Labsiin Lakk. 61/94 keessattuu aangoo Manneen Murtii Bulchiinsaan wal-qabatee fooyya'uu akka qabu kan teechisu dha. Qorannichi aangoon mana murtii hojjattoota mootummaa naannoo Oromiyaa akka aangoo mana murtii hojjattoota mootummaa feedaraalaa fi naannoolee biroo dhimmoota hojjattoota mootummaa hunda haala haammachuu danda'uun akka fooyya'u akeekee ture. Labsiin kunis haala kanaan Labsii hojjettoota mootummaa Labsii lakk. 215/2011'n fooyya'ee jira.[113] Gama biraatiin murtiin Boordii Investimentiitiin kennamu murtii dhumaati jechuun seerri teechisu akka fooyya'u qorannichi agarsiiseera. Ta'us hanga ammaatti seerichi fooyya'ee hin jiru.[114]

---

[110] Tufaa Olaanaa, Ogeessa Seeraa, Kom. Investimentii Oromiyaa, 11/08/2010
[111] Tufaa Olaanaa, Ogeessa Seeraa, Kom. Investimentii Oromiyaa, 11/08/2010
[112] Qorannoon kun bara 2009 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessotni qorannicha gaggeessan Alamaayyoo Waggaarii fi Abdusalaam Aabbeeti.
[113] Misgaanaa, Abbaa seeraa MM Bulchiinsaa Hojjettoota mootummaa, afgaaffii gaafa 11/8/2010 gaggeeffame
[114] Tufaa Olaanaa, Ogeessa Seeraa, Kom. Investimentii Oromiyaa, 11/08/2010

Kana malees, qorannichi Dhaqqabummaa Manneen Murtii Bulchiinsaa Hojjettoota mootummaa fooyyessuuf Manneen Murtii Bulchiinsaa kana sadarkaa godinaaleetti yookin dhaddachaalee dhaabbii dabalataa hundeessuuf hojjetamuu akka qabu kaa'eera. Haata'u malee, qabatamaan gama kanaan waanti hojjetame hin jiru. Labsiin hojjettoota mootummaa haaraan labsii 61/94 fooyyessuun bahe (Labsii lakk. 215/2011 keewwata 79(5) jalatti) Manni Murtii Bulchiinsaa barbaachiisaa ta'ee yemmuu argamuu dhaddachoota dhaabbii yookiin naannawaa qabaachuu ni danda'a bifa jedhuun teechisera.[115]

### *2.11. Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Keessatti Mirgaa fi Dantaa Ummataa, Mootummaa fi Namoota Dhuunfaa Kabachiisuu Aangoo Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Raawwii[116]*

Yaadni akka furmaataatti qorannoo kanaan akeeekame inni ijoon dhimmoota hariiroo hawaasaa keessatti mirgaa fi dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuu keessatti Biiroon Haqaa Oromiyaa (yeroo ammaa W/ri Abbaa Alangaa Waliigalaa) aangoo isaa kenname sirnaan bahachuuf sirna ifa ta'ee fi gurmaa'insa barbaahisaa qabaachuuf cimee hojjechuu akka qabu kan agarsiisu dha. Bu'uuruma kanaan yeroo sakatta'iinsi bu'aa qorannoo kun gaggeeffamutti *"Maanuwaaliin Hojii" Gahee Abbaan Alangaa Dhimma Hariiroo Hawaasaa* keessatti qabu agarsiisu qophaa'aa jira. Kana malees, Dhimmootni siivilii sadarkaa naannootti akka adeemsa tokkootti gurmaa'ee

[115] Misgaanaa, Abbaa seeraa MM Bulchiinsaa Hojjettoota Mootummaa, afgaaffii gaafa 11/8/2010 gaggeeffame

[116] Qorannoon kun bara 2007 kan gaggeeffame yoo ta'u, ogeessotni qoratanis Habtaamuu Bultii fi Waaqgaarii Dullumeeti.

sadarkaa yaaliirra jira. Gurmaa'insa kana sadarkaa godinaa fi aanaatti gadi buusuufis karoorfamee hojjetamaa jira.[117]

### 3. Yaada Guduunfaa fi Hojiiwwan Fulduraaf Xiyyeeffannoon Hojjetamuu Qaban

Akka waliigalaatti yaadotni furmaataa qorannoowwan Inistiitiyuutiin gaggeessuun akeekaman hedduun isaanii kan hojiitti hiikamanii fi adeemsa hojiitti hiikinsa isaanii kan eegale akka ta'e sakatta'iinsa kana irraa ni hubatama. Bu'uuruma kanaan qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman sirna haqaa keenya keessatti hojimaataa fi kenniinsa tajaajilaa fooyyessuu keessatti bu'aan buusan bal'aan jiraachuu sakatta'iinsi armaan olitti dhiyaate ni agarsiisa. Haa ta'u malee, yaadotni furmaataa hedduun ammas hojiitti hiikamanii kan hin jirree fi sababa kanaan rakkooleen qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman kunneen osoo hin furamiin kan jiran ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Qorannoowwan bara 2005-2009'tti gaggeeffaman 20 ta'an keessaa yaadotni furmaataa qorannoowwan armaan olitti ilaalaman 11 guutummaanis ta'uu baatu hojiitti hiikamuun sirna haqaa keenya keessatti sirna (seera) bahu keessatti galtee ta'uun yookin gurmaa'insa uumamuu fi hojimaata diriiru keessatti kallatti agarsiisuun akkasumas hojii kenniinsa tajaajilaa fooyyessuuf hojjetamu keessatti dandeettii murtii kennuu gaggeessitootaa cimsuun bu'aa qabatamaa buusaniiru.

Qorannoowwan 20 yeroo olitti caqafame keessatti gaggeeffaman keessaa yaadotni furmaataa akeekaman hojiitti hiikamuun bu'aa qabatamaa

[117] Malkaamuu Nagarii, A/Ad/Humna Namaa BHO (yeroo ammaa AAWO), 11/08/2010

argamsiisan jechuuf nama rakkisu 9 yoo ta’an, isaanis: (1) Walitti Dhufeenya Dhaabbilee Sab-Qunnamtii fi Manneen Murtii; (2) Gahee Mana Murti fi Maanguddoon Araaraa Rakkoo Baay'achuu Diiggaa Gaa'ilaa Hir'isuu Keessatti Qaban; (3) Tajaajila Poolisii Hawaasaa: Maalummaa, Faayidaa fi Hojiirra Olmaa Keessatti Rakkoowwan Mul'atan; (4) Adabbii Dhimmoota Yakkaa: Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul’atan; (5) Kenninsaa fi Barreessa Murtii Manneen Murtii Oromiyaa: Xiinxala Rakkoolee Seeraa fi Hojimaataa; (6) Faayidaa Dhimma Yakkaa Mala Aadaan Xumuruu fi Daangaa Raawwii Isaa Akka Naannoo Oromiyaatti; (7) Sadarkaa Eegumsi Mirga Shamattootaa Irra Jiru: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa; (8) Balaa Tiraafika Hir'isuun Walqabatee Rakkoolee Qaamolee Haqaa Biratti Mul'atan; (9) Bu'a-qabeessummaa Sirna Qorannoo Yakkaa Abbaan Alangaa fi Poolisiin Waliin Gaggeessan mata dureewwan jedhuun kanneen gaggeeffamani dha. Yaadotni furmaataa qorannoowwan kanneen keessatti teechifaman guutumaan guutuutti hojiirra hin oolle jechuu osoo hin taane, bu’aan argame hanga barbaadamu gadi (insgnificant) kan ta’ee fi hojiirra oolmaa isaaniitiif tumsa olaanaa kan barbaadan ta’uu hubachuun gaarii dha.

Sababoota qorannoowwan Inistiitiyuutichaa jijjiirama barbaadamu akka hin fidne taasisanis hirmaattotni afgaffii deebisan akka armaan gadiitti ibsaniiru. Rakkooleen hirmaattotni adda duraan kaasanis: hooggansi qaamolee qorannoowwan kun ilaallatan gaggeessu tarkaanfiiwwan fudhatamanii fi fooyya’iinsawwan taasisan keessatti bu’aawwan qorannoo akka galteetti fayyadamuuf fedhii fi kaka’uumsa hanga barbaadamu dhabuu, qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman qaamolee ilaallatuuf

dhaqqabuu dhabuu,[118] yaadni furmaataa qorannoowwaniin akeekamu akka hojiirra oolu duuka bu'uun hordofuu dhabuu,[119] fi kkf ni caqasamu.

Qorannoowwan yaadni furmaataa isaan akeekan hojiirra hin oolle yookin hojiirra oolmaan isaanii eegalamee akka hin xumuramne armaan olitti agarsiifaman akka hojiitti hiikaman qaamoleen gahee qaban marti xiyyeeffannoo fi qindoominaan hojjechuun barbaachisaa dha.

Kana keessatti Inistiitiyuutiin yaadotni furmaataa qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffamaniin akeekaman bilchina kan qaban, muuxannoo qabatamaadhaan bu'a-qabeessummaan isaanii kan agarsiifamee fi hojiitti hiikamuu kan danda'an akka ta'u cimee hojjechuu qaba. Ibsa biraatiin, qulqullinni qorannoowwanii sadarkaa barbaadamu irraan gahuuf tarkaanfiin barbaachisaan marti fudhatamuu dha. Kana malees, Inisitityuutiin qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin marii taasisuun, faayidaa hojiirra oolmaan qorannoo argamsiisu ibsuufiin qorannoowwan hojiirra oolchuuf dhama'uu qaba. Kanaafis waltajjiiwwan marii dhimmi kana ilaallatan qopheessuuf itti adeemamuu qaba. Dabalataanis hojiin maxxansa argannoowwan qorannoo eegalame cimee itti fufuu qaba. Maxxansi argannoowwan qorannoo kun qaama isa ilaallatu mara bira akka gahu hojjetamuu qaba.

[118] Biqilaa Abarraa, Pirezdaantti MMO Go /A/Adaamaa waliin afgaffii gaafa 25/07/2010 gaggeefame; Obbo Asaffaa Baqqalaa, Pirezidaantii M/M/A/Qarsaa, af-gaaffii gaafa 10/8/2010 taasifame; Obbo Buusaa Dhaabaa Itti gaafatamaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Aanaa Adaamaa, af-gaaffii gaafa 24/7/2010 taasifame, Obbo Kamaal Bakar, Hogganaa W/ra Haqaa (yeroo ammaa W/ra Abbaa Alangaa) Godina Adda Adaamaa, af-gaaffii gaafa 26/7/2010 taasifame,

[119] Yooseef Abarraa, Pirezdaantii MMA Adaamaa waliin afgaaffii gaafa 25/07/2010 taasifame.

Qaamoleen haqaa, qaamni seera baastuu fi qaamoleen biroo hojiirra oolmaan qorannoo ilaallatus, bu'aa qorannoo gaggeeffamuu bifa itti-gaafatamummaa qabuun fudhatanii hojiitti hiikuuf tattaaffii barbaachisaa taasisuuf dirqama qabaachuu qabu.

**Qorannoowwan ILQSO'dhaan bara 2001-2010 Gaggeeffaman**

| Lakk. | Mata-Duree Qorannoo | Bara hojjetame |
|---|---|---|
| 1 | The Impacts of False Testimony on Rendering Justice In Oromia | 2001 |
| 2 | Falmii Lafa Baadiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan: Seeraa Fi Baratama | 2001 |
| 3 | Walitti Dhufeenyaa Qaamolee Haqaa Oromiyaa Rakkoo | 2001 |
| 4 | Qajeeltoowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin qajeelfaman | 2001 |
| 5 | Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma | 2001 |
| 6 | Deemsa Falmii Yakkaa:Sirna Walitti Fufiinsa Dhagaya Dhimma Yakkaa | 2001 |
| 7 | Ittigafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa | 2002 |
| 8 | Rakkoo Raawwanaa Toofitaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakkaa(RTD) | 2002 |
| 9 | Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa: Barbaa-chisummaa Fi Sirna Raawwii Isaa | 2002 |
| 10 | Qo'annoo Madaallii Bu'aa Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa: Oromiyaa Marsaa Duraa | 2002 |
| 11 | Imaammata Qo'annoo Fi Qorannoo Institiyuuti Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa: Barbaachisummaa Fi Wixinee Isaa | 2003 |
| 12 | Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa | 2003 |
| 13 | Amantaa Uummatni Sirna Haqa Yakkaa Naannoo Oromiyaa Irratti Qabu | 2003 |
| 14 | Aangoo Fi Gahee Hojii Ofisaroota Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa | 2004 |
| 15 | Qorannoo Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota | 2004 |

| | | |
|---|---|---|
| | Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa:Barbaachisummaa Fi Haala Raawwii Isaa | |
| 16 | Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa: Barbaachisummaa Fi Sirna Raawwii Isaa | 2004 |
| 17 | Bu'aawwan Sagantaalee Fooyyaa'insaa Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Si'oomina, Dhaqqabamummaa, Fi Bilisummaa Fi Itti Gaafatamummaan Yoo Madaalamu | 2004 |
| 18 | Kunuunsa Sirni Haqa Yakkaa Miidhamtoota Yakkaaf Godhuu Fi Rakkoowwan Wal-Qabatanii Mul'atan | 2005 |
| 19 | Murtii Dhimma Maatii Keessatti Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Taasifamuu Qabu:Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa | 2005 |
| 20 | Bu'aa Fi Midhaa "Seeraa" Raabaa-Gadaa: Kaallattii Seerotaa Fi Heera Mootummaa RDFitiin | 2005 |
| 21 | Juvenile Justice System In Oromia Region | 2005 |
| 22 | Qorannoo Sakatta'a Bu'aa Leenjii Hojiin Duraa Fi Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa ILOQHQSO(1999-2003) | 2005 |
| 23 | Madaallii Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa | 2005 |
| 24 | Waltti Dhufeenya Dhaabbilee Sab-Qunnamtii Fi Manneen Murtii Federaalaa Fi Oromiyaa | 2005 |
| 25 | Bu'aa Qabeessummaa Sirna Qorannoo Yakkaa Abbaan Alangaa Fi Poolisiin Waliin Gaggeessan | 2005 |
| 26 | Gahee Mana Murti Fi Maanguddoon Araaraa Rakkoo Baay'achuu Diiggaa Gaa'ilaa Hir'isuu Keessatti Qaban | 2005 |
| 27 | Sakaatta'a Garagahiinsa Maamiltootni Tajaajila Leenjii Fi Qorannoo Iniistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Kennamu Irratti Qaban | 2006 |
| 28 | Gahumsa Hojii Haaromsa Sirreeffamoota Manneen Amala | 2006 |

| | | |
|---|---|---|
| | Sirreessaa Oromiyaa | |
| 29 | Faayidaa Dhimma Yakkaa Mala Aadaan Xumuruu Fi Daangaa Raawwii Isaa | 2006 |
| 30 | Rakkoolee Hojiirraa Oolmaa Fi Sadarkaa Bu'aawwan Qorannoo ILOQHQSOn Gaaggeeffaman | 2006 |
| 31 | Balaa Tiraafika Hir'isuun Walqabatee Rakkoolee Qaamolee Haqaa Biratti Mul'atan | 2006 |
| 32 | Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu: Rakkoowwan Qorannoo Irraa Hanga Murtii Kennisiisutti Mula'atan | 2006 |
| 33 | Rakkoowwan Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Faayidaa Uummataatiif Gad-Lakkisiisuun wal-qabataniijiran | 2007 |
| 34 | Hariiroo Hojii Fi Sirna Hiikkaa Waldhabbii Falmii Hojii Keessatti Rakkoolee Mul'atan | 2007 |
| 35 | Rakkoowwan Adeemsa Seera Wixineessuu Keessatti Mul'atan | 2007 |
| 36 | Tajaajila Poolisii Hawaasaa: Maalummaa, Faayidaa Fi Hojiirra Olmaa Keessatti Rakkoowwan Mul'atan | 2007 |
| 37 | Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Keessatti Mirgaa Fi Dantaa Ummataa, Mootummaa Fi Namoota Dhuunfaa Kabachiisuu Aangoo Biiroo Haqaa Oromiyaa Fi Raawwii | 2007 |
| 38 | Sadarkaa Eegumsi Mirga Shamattootaa Irra Jiru | 2008 |
| 39 | Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu: Seeraa Fi Hoj-Maata | 2008 |
| 40 | Qorannoo Sakatta'a Bu'aa Leenjii Fi Qorannoo ILOQHQSO | 2008 |
| 41 | Daldala Seeraan Alaa To'achuu: Rakkowwan Seeraa Fi Hoj-Maata Qaamolee Haqaa Keessatti Mul'atan | 2008 |
| 42 | Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa: Sakatta'a Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa | 2008 |
| 43 | Kenninsaa Fi Barreessa Murtii Manneen Murtii Oromiyaa: | 2009 |

| | | |
|---|---|---|
| | Xiinxala Rakkoolee Seeraa Fi Hojimaataa | |
| 44 | Koree Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Oromiyaa: Seeraa fi Hoj-Maata | 2009 |
| 45 | Sakatta'a Bu'a qabeessummaa Hojiiwwan Komishinii Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa Oromiyaa | 2009 |
| 46 | Rakkoolee Bu'aa Qabeesummaa Mannen Murtii Bulchiinsa Fi Aangoo Keessa Deebii Manneen Murtii Idilee:-Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa | 2009 |
| 47 | Adabbii Dhimmoota Yakkaa: Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa | 2009 |
| 48 | Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukaatoo Ittisaa | 2010 |
| 49 | Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Kabajachiisuu Keessatti Qabu: Seeraa fi Raawwii | 2010 |
| 50 | Sanadoota Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rokkoowwan Seeraa fi Hojmaataa Naannoo Oromiyaatti Mul'atan | 2010 |
| 51 | Kenniinsa Korooraa fi Dhiifamaa Sirreefamtoota seeraa Naannoo Oromiyaa: Seeraa Fi Hojmaata | 2010 |
| 52 | Rakkoolee To'annoo Dambiilee fi Qajeelfamoota Aangoo Bakka Bu'insaan Bahanii: Haala Qabatamaa Oromiyaa | 2010 |
| 53 | Sakatta'a Bu'aa Sagantaalee Leenjii Fi Qorannoo ILOQHQSO (2005-2009) | 2010 |